# XIINXALA UNKAAFI ERGAA WALALOO SIRBA FUUDHAAFI HEERUMA KAADHIMATANII FUUDHUU AKKA GODINA JIMMAATTI

MAHAMMADKABIIR SHEALIYYIITIIN

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAANIITII DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF KAN DHIYAATE

HAGAYYA, 2014/2022
JIMMAA, OROMIYAA

# XIINXALA UNKAAFI ERGAA WALALOO SIRBA FUUDHAAFI HEERUMA KAADHIMATANII FUUDHUU AKKA GODINA JIMMAATTI

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'E, YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAANIITII DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF KAN DHIYAATE

QORATAA: MAHAMMADKABIIR SHEALIYYII

GORSITUU: ALAMITUU OLII (PH.D)

G/ GORSAA: ALAMAAYYOO FAQQADAA (PH.D)

HAGAYYA, 2014/2022

JIMMAA, OROMIYAA

# Mirkaneessaa

Waraqaan qorannoo mata-dureen isaa “xiinxala unkaafi ergaa walaloo sirba fuudhaafi heeuma kaadhimatanii fuudhuu akka Godina Jimmaatti” jedhu kun hojii koo kan ta’ee fi hojii nama biroo akka hin taane nan mirkaneessa.

<u>Qoratamaan:</u>

Maqaa: Mahammadkabiir Shealiyyii Mallattoo ____________ Guyyaa ___________

Waraqaan qorannoo Kun gorsa ani kenneen ulaagaa guutuuf akka dhiyaatu nan mirkaneessa.

Gorsituun: Dr. Alamituu Olii, Mallattoo ____________ Guyyaa ____________

G/G/saa: Dr.Alamaayyoo Faqqadaa, Mallattoo___________ Guyyaa_____________

Qoraa Keessoo: Dr.Taayyee Guddataa: Mallatoo:____________ Guyyaa: _____________

Qoraa Alaa: Maqaa___________________ mallattoo_____________ Guyyaa____________

**Axareeraa**

*Qorannoon kun mata duree“Xiinxala unkaafi ergaa walaloo sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu” yeroo ta’u, bakki inni irratti adeemsifame ammoo godina Jimmaa aanaa Qarsaati. Qorannoo kana adeemsisuuf wantoonni qorataa kakaase sirbi fuudhaafi heerumaa yeroo ammaa sababa adda addaa irraa kan ka’e badaa kan jiru ta’uufi qorannoon gahaan mata duree kana irratti kan hin adeemsifamne ta’uu isaati.Kaayyoon qorannoo kanaas, unkaafi sirba fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuuchuu xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan ga’uuf qorataan gosa qorannoo ibsaa kan fayyadame yeroo ta’u, meeshaalee funaansa ragaa daawwannaafi afgaaffii fayyadamuun, tooftaa iddatteessuu akkayyootiin namoota waahee sirba kanaa beekan dargaggoota, jaarsoliifi dubartoota irraa odeeffannoo walitti qabee jira.Odeeffannoo walitti qabaman ammoo yaaxxina unkaafi yaaxxina caasaatti gargaaramuun unkaafi ergaa sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu kana xiinxalee jira.Bu’aa xiinxala kanaatiin argannoowwan argaman:qabiyyeewwan akka qabiyyee gorsuu,qehee ho’isuu, qeequu,jaalala ibsuu, jajuu, arrabsuu,bareedina agarsiisuu, nagaa dhaammachuu kan of keessaa qabu ta’uu bira gaheera.Gosoonni sirba fuudhaafi heerumaa akkaataa sochii qaamaafi yeedaloo irratti hundaa’uun oltumee, gattumeefi goonnaa yookiin gurmuu irratti kan taphatamuu ta’uun isaafi caasaaleen afwalaloo tokkoof miidhagina dabalan kan akka qindoomina sagalee,birsagaa,irra deddeebiin sagaleefi jechootaa, gaalee,bo’oo walaloo,buufataafi yeedalaoo akkamii akka ofkeessaa qabuufi akkaataan qindeeffama isaanii xiinxalamee bira gahameera.Kana males,unkaan afwalaloon kun ittiin mana rukutu bifa abab,aa,aabb,aaaa,aaaabb,aabbcc,aaabbb,aab,ta’uufi ergaawwan akka gorsuu, gammachiisuu,bohaarsuu, miidhagina ibsuu, gaabbii, arrabsuu,yaaddoo ibsuu kan ofkeessaa qabu ta’uun isaa qorqnnoo kanaan adda baheera.Sirbi kun aadaa,duudhaafi barsiifata hawaasaa akkasumas,haala jiruufi jireenya akaakileefi abaabilee irraa daddarbaa asgahe kana dhalootatti dabarsuudha.Kanaaf,qabeenya baduu hin qabne waan ta’eef osoo qorannoon gama garaagaraan irratti adeemsifamee gaariidha.*

## Galata

Duraan dursee Rabbii fayyaa naaf kennee hojii kana akkan hojjedhuuf na gargaare galanni haagahu.Itti aansuun gorsituu koo Dr.Alamituu Olii nuffii tokko malee adeemsa qorannoo kanaa milkeessuuf jalqabaa hanga dhumaatti yaadaafi gorsa hamilee namatti horuufi nama qajeelchu naaf kennuun milkaa'ina kaayyoo qoraannoo kootiif deeggarsi naaf godhan yoomiyyuu kan dagatamu miti.Bifuma walfakkaatuun,gargaaraa gorsaa koo kan ta’an Dr.Alamaayyoo Faqqadaa hojii koo irratti yaadaafi beekumsa isaanii naaf qooduun deeggarsa naaf godhaa turaniif guddaan  galateeffadha.Akkasumas, haadha manaa koo Na’iimaa Abbaa Firaa, mucaa koo Azlaan Mahammadkabiiriifi Naadiyaa Jamaal yeroon hojii kana hojjedhu akkan tasgabbiin hojii kana hojjedhuuf deeggarsa yaadaafi tumsa jabaa naaf taasisaa turtaniif guddaa galatoomaa umrii naaf dheeradhaan isiniin jedha.Walumaagalatti,maatiifi hiriyoottan koo warrii kallattiifi alkallattiin nabira dhaabbattan hundi keessan galatoomaan isiniin jedha.

**Jibsoo**

As keessatti,hiikni jechootaafi gaaleewwanii kanneen qorannoo kana keessatti dhimma itti bahame akka armaan gadiitti dhihaatee jira.

- Aggoo : buna funaanamee harca'aan hafe
- Amaatii : haati intalaa gurbaadhaaf 'amaatii' jedhamti
- Caasaa : akkaataa qindeeffama(ijaarama) yaadaa afwalaloo sirba fuudhaafi heerumaa
- Dalaga : gosa sirba fuudhaafi heerumaa godina jimmaa
- Dalagaa : hojii
- Fira bulchaa : jala bultii cidhaa
- Fira bulchaa : jala bultii cidhaa
- Garulee : sagantaa taphaa torban sirna fuudhaafi heerumaa
- Gattumee: gosa sirbaa (dalagaa) kan sochiin isaa gara gadiitti ta'e (sochiin gurmuu).
- Goonnaa: gosa sirba fuudhaafi heerumaa kan gurmuurratti taphatamu.
- Mararoo :- sirba durbaa (addooyyee)
- Marii: hiriyaa obboleessummaaf gurbaan fuudhu kadhatu.
- Oltumeee : faallaa gattumeeti
- Qaraxa: birrii yookiin qarshii warri gurbaa warra intalaatti geessanu kan 'tirmaa' bituuf oolu.
- Qeerroo : marii gurbaa fuudhuu ta'ee,kan hin fuudhin
- Raraa :gosa fuudhaafi heerumaati (cabsaa yookaan farda hidhaa jedhamuun beekamu)
- Shiirii: gosa weedduu kan sagalee baay'ee miidhagaa ta'een dhihaatuufi kan garaa nama nyaatu
- Soddaa: maatiin intalaa maatii gurbaaf soddaa jedhama.
- Suubboo: marii mucaa fuudhuu kan haadha warraa qabu.
- Tirmaa: meeshaa warri intalaa intala eerumtuuf bitanu.
- Unkaa: bifa afwalaloon ittiin dhihaatu tokko ittiin dhihaatu.

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axareeraa ..... i

Galata ..... ii

Jibsoo ..... iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1

1.1 Seenduubee Qorannichaa ..... 1

1.2 Ka’umsa Qorannichaa ..... 4

1.3 Kaayyoo Qorannichaa ..... 5

1.3 .1 Kaayyoo Gooroo ..... 5

1.3.2 Kaayyoo Gooree ..... 5

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa ..... 6

1.5 Daangaa Qorannichaa ..... 6

1.6 Ibsa Bakka Qorannoo ..... 7

1.7 Hanqina Qorannichaa ..... 10

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU WALFAKKII ..... 11

2.1 Afoola ..... 11

2.1.1 Afwalaloo ..... 15

2.1.1.1 Sirba ..... 16

2.1.1.1.1 Sirba Fuudhaa Heerumaa ..... 17

2.2 Yaaxxina Qorannichaa ..... 20

2.2.1 Yaaxxina Unkaa Yookaan Bifiyyee ..... 20

2.2.2 Yaaxxina caasaa (structural theory) ..... 21

2.3 Unkaa Walaloo Sirba Fuudhaafi Heerumaa ..... 22

2.4 Sakatta’insa Qorannoo Walfakkii ..... 24

BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA ..... 28

3.1 Saxaxa Qorannichaa ..... 28

3.2 Irraawwatama Qorannichaa ..... 28

3.3 Iddattoofi Tooftaa Iddatteessuu ..... 28

3.4 Madda Ragaa ..... 29

3.5 Meeshaa Funaansa Ragaalee ..... 29

3.5.1 Daawwannaa ..... 29

3.5.2 Afgaaffii ..... 30

3.6 Mala Xiinxala Ragaa ..... 30

3.7. Naamuusa Qorannichaa ..... 31

BOQONNAA AFUR: RAGAALEE XIINXALUUFI QAACCESSUU ..... 32

4.1 Qabiyyee Walaloo Sirba Fuudhaafi Heerumaa ........ 32
4.1.1 Gorsuuf ........ 33
4.1.2 Qehee Ho'isuuf ........ 34
4.1.3 Qeequuf ........ 35
4.1.4 Addaan Bahiinsa Agarsiisuuf ........ 35
4.1.5 Arrabsuuf ........ 36
4.1.6 Jaalala Agarsiisuuf ........ 37
4.2 Unkaa (Bifa) Afwalaloo Sirba Fuudhaafi Heerumaa ........ 37
4.2.1 Afwalaloo Unkaa Gaggabaabaan Dhihaatu ........ 38
4.2.2 Afwalaloo Bifa Shiiriitiin Dhihaatu ........ 45
4.3 Caasaa Sirba Fuudhaafi Heerumaa Kaadhimatanii Fuudhuu ........ 57
4.3.1 Safara Birsagaa ........ 58
4.3.2 Sarara /Toora / Verse/ ........ 59
4.3.3 Buufata (Stanza) ........ 60
4.4 Faayidaa Afwalaloo Sirba Fuudhaafi Heeruma Kaadhimatanii Fuudhuu ........ 61
4.4.1 Gorsuuf ........ 62
4.4.2 Qeequuf ........ 63
4.4.3 Miidhagna Ibsuuf ........ 64
4.4.4 Jaalala Ibsuuf ........ 64
4.4.5 Yaaddoo Ibsuuf ........ 65
4.4.6 Gaabbii Agarsiisuuf ........ 66
4.4.7 Duudhaa Hawaasaa Agarsiisuuf ........ 67
4.4.8 Jajuuf /Tuffiif ........ 68
4.4.9 Arrabsuuf ........ 68
4.5 Dhimmoota Hawaasaa Dhalootaaf Dabarsuu Keessatti ........ 68
BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA ........ 71
5.1 Goolaba ........ 71
5.2 Argannoo ........ 72
5.3 Yaada Furmaataa ........ 73
Wabiilee ........ 74
Dabalee A: Gaaffiifi Cheekliistii Afgaaffii ........ i
Dabalee B: Afwalaloo Sirba Fuudhaafi Heerumaa ........ iv
Dabalee C: Ibsa suuraalee ........ xiii

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Hawaasni addunyaa kanarra jiraatu beekumsaafi ogummaawwan adda addaa kan ittiin falaasamaafi waan keessoo isaa jiru ittiin ifa baasu niqaba.Falaasamoota inni qabu keessaa tokko immoo fookilooriidha.Fooklooriin waan baay'eedha.Jecha muraasaan ifa godhanii ibsuun rakkisaadha.Kanaaf,hayyoonni gooroowwan adda addaatti qoodu.Akka Dorson (1972,f.2) irratti ibsutti fooklooriin gooroowwan gurguddaa afuritti qoodama.Isaanis:afoola, meeshaa/wanta aadaa/duudhaa hawaasaafi aartii sochii hawaasaati.Dameewwan fookloorii keessaa afoola akka itti aanutti haa ilaallu.

Afoolli damee fookloorii keessaa tokko yommuu ta'u, innis kuusaa beekumsaa, mudannoofi muuxannoo dhala namaa afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti darbaa ture, darbaa jiruufi fuuldurattis darbuudha.Yaada kana Alamituu (2012, f.25)"Afoolli ogafaan kan of keessatti qabatu ta'ee, waan afaaniin jedhamu akkasumas sochii qaamaafi afaaniin deeggaramanii darbaniidha"jechuun lafa keessi. Dabalataanis, Finnegan (1976, f.6)

> In fact all the variety aspect we think of as the contributing to the effectiveness of performance in the case of more familiar literary forms may also play their part in the delivery of unwritten piece expressiveness of tone, gesture, facial expression, dramatic, use of pause, rhythm, the interplay of passion, or humour, receptivity, to the reactions of the oudience etc.

Yaanni armaan olii lamaan kan nu hubachiisu, galma gahiinsa yaada nu keessa jiran ibsuutiif afoolli barbaachisaa ta'uufi kana galmaan gahuuf ammoo gochi yookiin hurrubbiin, mallattooleen, currisni,sagaleen, walfudhannaan sagaleefi sochii, daawwattoonni gahee guddaa kan qabaniifi barbaachisaa ta'uu isaa nu hubachiisa.Innis, gocha akkasumas, mallattoolee adda addaa fayyadamee ergaa bal'aa dhalootaa dhalootatti dabarsaa kan ture, dabarsaa kan jiruufi fuuldurattis kan dabarsu ta'uu isaati.

Afoolli dameewwan gurguddoo saditti qoodama.Isaanis: afwalaloo,af-seenessoofi qareeyyiidha.Dameewwan arfan tarreeffaman keessaa amaloonni afwalaloo dameewwan kaawwan irraa adda taasisan akka itti aanutti haalaallu.Afwalaloon damee afoolaa keesssaa tokko ta'ee, bifa walalootiin dhalootaa dhalootatti kan darbuudha.Akkasumas,jechoota

gaggabaaboo,  kanneen miira namaa harkisaniifi kanneen ergaa bal'aa qabanitti fayyadamuun ijaarama.

Yaada kana Esheetee (2007, f.148) hayyuu Longinus (2001) wabeeffachuun yoo ibsu:

> Composition … is a harmony of words, man's natural instrument, penetrating not only the ear but the very soul.It arouses all kinds of conceptions of words and thoughts and objects, beauty and melody, all things native and natural to mankind.The combination and variety of its sounds convey the speaker's emotions to the minds of those around him and make the hearers share them.

Afwalaloon dameewwan adda addaa of jalaa qaba.Isaanis:sirba,geerarsa,faaruu loonii,urursa daa'immanii,faaruu ateetee,faaruu amantiifi kanneen kana fakkaataniidha.Dhimmi waraqaa kanaa gosa afwalaloo keessaa sirba irratti kan xiyyeeffatuufi sirba keessaa immoo sirba fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuuchuu irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef, walduraaduubaan maalummaan sirbaa, gosoota sirbaa keessaammoo sirbi fuudhaafi heerumaa kan dhihaatu ta'a.

Sirbi dhimmoota adda addaaf sirbamuu ni danda'a.Kanneen keessaa muraasni: fuudhaafi heerumaaf sirbamuu danda'a, ayyaanota adda addaaf (masqala, qaammee), sirbi hojiifi kanneen kana fakkaatan maqaa dhahuun ni danda'ama.

Egaa,akkuma dachiin Oromiyaa bal'oo taate sirbi fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu godinaalee Oromiyaas garaagarummaa qabaachuu nidanda'a.Akka godina Jimmaa aanaa Qarsaatti sirbi fuudhaafi heerumaa beekamoon oltumee,gattumee,goonnaafi haadha addooyyeen beekamaadha.Oltumee,gattumeefi goonnaan akkaataa sochii qaamaa (gurmuu, harkaafi jilbaa akkasumas yeedaloo irratti hundaa'uun) sochiin kan jijjiiramuufi bakka tokkotti "dalaga" jedhamuun beekamu. Haadha addooyyeen ammoo shamarraniin kan taphatamuudha.Xiyyeeffannoon qorataa kanaas ergaa walaloo sirba fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuuchuu xiinxaluu waan ta'eef kallattumaan maalummaa sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuufi sirbi "dalaga"jedhamu kun akka armaan gadiitti dhihateera..

Sirbi fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu guyyaan cidhaa gahuuf turban tokko yommuu hafu sirba taphatamuun beekamuudha.Kunis,mana intala heerumtuus ta'ee mana warra gurbaa fuudhuutti kan taphatamuudha.Sirbi fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu 'dalaga' jedhamu kun keessumaa mana intala heerumtuutti torban tokko dursuun kan

taphatamuufi mana mucaa fuudhuutti immoo guyyaa ‘fira bulchaa’ yookiin ‘jala bultii’ irraa eegalee hanga bultii sadii yookiin shaniitti bifa ho’aa ta’een kan dalagamuudha.Yeroo baay’ee gosti sirbaa kun halkan halkan taphatamuun beekama.Sababni isaas miira sodaa hin qabneen dargaggoonni ganda adda addaa irraa walitti dhufanii taphachuuf yeroo baay’ee halkan filatu.

Dalagni kunis haalli inni taphatamu gareedhaan naanna’anii yookiin geengoo uumanii sagaleen waljalaa qabanii dalagu.Namni dalaga baasu immoo gidduu keessa asiifi achi deemaa sagalee miidhagaadhaan baasa.Warri kaan immoo jalaa qabanii gurmuu wal qixxeessuun taphatu.Meeshaa muuziqaa keessaa yeroo baay’ee dibbee fayyadamu.Yeroo tokko tokko ammoo masiinqoo fayyadamu.Kunis,dalaga yookaan sirba fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuudhuu sana  ho’isuuf gargaara.Akkasumas,dalaga keessa weedduufi shiiriin yookiin faaruun ni jira.Namni hundi sagaleefi hamilee jajjabeessuuf akka sirbanu barbaadama.Nama weedduu baasu jalaa qabuun barbaachisaa ta’uusaati.Kanaaf,namni weedduu baasu yookiin weeddiftuun ‘bishaan buusaa hin qabne falaxaa buusani nama weedduu hin qabne kaballaa quubsani‘ jechuun bifa arranbsoon namoota hirmaachisu.Yaada kana Eshete(2007,f.165) ”the defining characteristics of some oromo folksong performance is that the effective interaction between the performer or narrator and the audience takes place in the two-way organization of voice group -the ‘call’and ‘ response’aesthetic relationship” jedha.

Sirba yookaan dalaga fayyadamuun ergaawwan adda addaa hiriyoonni gurbaa fuudhuufi intala heerumtuuf mudannoofi muuxannoo jiruufi jireenyaa waliif qoodu,ittiin wal bohaarsu, dhaamsa jaalalaa walaloofi yeedaloo mimmiidhagoofi miira namaa hawatuun ittiin waliif dhaamu.

Sochiifi yeedaloon sirba fuudhaafi heerumaa kunis,wal unatee walfaana deema.Sagaleefi sochiin gurmuu, harkaa, dibbee akkasumas,yeedaloon sirbichaa waliin deemuu qaba.Kunimmoo, sirbi kun akka miidhaguufi nama hawatuuf gumaacha.Yaada kana Okpewhoo (1992, f.48) “the element stability is important for there,has to be the right balance between the music and the words in the oral performance” jedha.Yaanni armaan olii kun dhimmoonni sirba keessatti hammataman yeroo raawwiitti bifa tasgabbii qabuun kan wal fudhachuu qabu ta’uufi gochaafi jechi sirba keessatti wal simuu akka qabu nu agarsiisa.

Egaa akka walii galaatti yeroo ilaallu qorannoon kun mata duree ‘xiinxala unkaafi ergaa walaloo sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu’ jedhu irratti hojjetamuun isaa

faayidaa heddu qaba.Faayidaa kana keessaa muraasni afwalaloo kana badiisarraa baraaruu, namoota mata duree qorannoo kana fakkaatu irratti adeemsisaniif akka ka'umsaatti tajaajiluufi barattoota sadarkaa olaanoof ammoo akkaataa caasaan afwalaloo itti qoqqoodamu quba akka qabaataniif faayidaa guddaa qaba.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Sirbi daawiitii beekumsaa, dandeettii ogummaa, falaasama, duudhaafi barsiifata hawaasa tokkoo mul'isa.Kanaaf, sirbi mul'istuufi riqicha hambaa seenaafi walumaagalatti,haala jiruufi jireenya hawaasaa dhaloota dhufuuf dabarsuuf ooluudha.Qorannoon kunis, unkaafi ergaa sirbi fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuuchuu xiinxaluun dhaloota itti aanuun gahuudha.

Yeroo ammaa kana sirbi fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu sababa garaagaraatiin dagatamaa dhufee jira.Sababoota kana keessaa gurguddoon amantii,faalama aadaafi ammayyummaan kan walqabataniidha.Kana jechuun,yeroo sirni fuudhaafi heerumaa adeemsifamu baay'inaan namoonni sirba ammayyaa yookiin faaruu amantii malee sirba aadaa fayyadamuun xiqqaataa dhufee jira.Dhimmoonni kunneeniifi kanneen armaan gadii qorannoo kanaaf qorataa kakaasanii jiru.

- ✓ Sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu kan yeroo ijoollummaa kootii hiriyoota koo waliin dalagaa ture yeroo ammaa badiisarra jiraachuu isaa,
- ✓ Walaloo sirba fuudhaafi heerumaa sassaabuun badiisarraa baraaruu,unkaa isaa xiinxaluu akkasumas,miidhaginaafi ergaa dhokataa achi keessa jiru baasuun bu'aa gama hawaas-diinagdee,eenyummaa, afuufi duudhaa,walumaagalatti, haala jiruufi jireenya hawaasaa dhaloota egereef dabarsuuf;
- ✓ Af-walaloon sirba fuudhaafi heerumaa afaaniin darbaa ture yeroo ammaa kana sababa adda addaatiin badaa waan jiruuf bifa barreeffamaan dhaloota dhufuuf dabarsuuf;
- ✓ Gosti sirba fuudhaafi heerumaa yoomessa filatamee kun kana dura qorannoo fi xiinxallii bal'aan waan irratti hin adeemsifamneef.

Sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuutiin walqabatee qorannooleen baayyeen hojjetamaniiru.Fakkeenyaaf,Sabsibee Geetaahun (2013)"Qaaccessa qabiyyeefi gosoota Shaggooyyee" godina Harargee Bahaa naannoo hoborraa irratti kan hojjetame yommuu ta'u,kaayyoon isaa qabiyyee sirba shaggooyyee xiinxaluudha.Seefuu Gaaddisaa.(2008). Xiinxala ergaa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa

Amboo,kaayyoon isaa ergaa weedduu xiinxaluudha.Akkasumas,Qaasim Galatoo (2008) ”Qaaccessa qabiyyee weedduu aadaa fuudhaafi heeruma Oromoo Arsii aanaa Shaallaa” irratti xiyyeeffateefi kan kaayyoon faayidaa weedduu aadaa fuudhaafi heerumaa Arsii Lixaa aanaa Shaallaa qaaccessuun agarsiisee jira.

Qorannooleen armaan olii kunneen kan xiyyeeffatan qabiyyee,ergaafi faayidaa irratti kan xiyyeeffatan yommuu ta'u,gama unkaafi caasaatiin qaawwa qaba.Kanaaf,qorannoon kun qaawwa gama unkaafi caasaatiin jiru hamma tokko cufuu danda'a jedhamee waan yaadameef mata duree kun filatamee jira.

Gaaffileen qorannichaa:

1) Qabiyyeewwan sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu Godina Jimmaa maal fa'i?
2) Unkaan walaloo sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu godina Jimmaa maal fakkaata?
3) Sirbi fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu kun caasaa akkamii qaba?
4) Ergaawwan sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu maalfaadha?
5) Sirbi fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu dhimmoota hawaasa tokkoo (diinagdee, aadaa, haala jiruufi jireenyaa safuu, naamuusa, barsiifata) dhalootaaf ceesisuu keessatti faayidaalee akkamii qaba?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreetti kan qoodamu yoo ta'u,kunis, haala armaan gadiitti kaa'amee jira.

### 1.3 .1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa unkaafi ergaa afwalaloo sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu xiinxaluudha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooreen qorannoo kanaa:

- Qabiyyee sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu Godina Jimmaa adda baasuu
- Unkaa sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu Godina Jimmaa maal akka fakkaatu agarsiisuu.
- Caasaa sirba fuudhaa heeruma kaadhimatanii fuudhuu adda baasuu.

- ❖ Ergaan sirba fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuudhuu Godina Jimmaa adda ibsuu.
- ❖ Sirbi fuudhaafi heerumaa godinichaa dhimmoota hawaasa dhalootaaf dabarsuu keessatti faayidaa maalii akka qabu agarsiisuu.

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun gaafa xumuramu qaamolee armaan gadii fayyaduu ni danda'a.


- Afwalaloo hawaasaa badiisarraa baraaruun hawaasa bal'aa fayyada,kunis afaaniin kan darbaa ture barreeffamaan dhalootaaf dabarsuuni.
- Walaloon sirba fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuudhuu afaaniin qofa dhalootaa dhalootatti darbaa ture sassaabamee barreeffamatti jijjiiramuun isaafi unkaan walaloo kanaa xiinxalamuun bu'aa gama hawaas-diinagdee, eenyummaa,safuufi duudhaafi walumaagalatti,haala jiruufi jireenya hawaasaa dhaloota egereef dabarsuun hawaasa bal'aa fayyaduu danda'a.
- Namoota qorannoo mata duree kana fakkaatu irratti gaggeessaniif akka ka'umsaatti tajaajiluu danda'a.
- Barattoota barnoota sadarkaa olaanaa barataniif maalummaa afwalaloofi akkaataa caasaafi unkaan isaa itti qoqqoodamu hamma tokko quba qabsiisuuf fayyaduu danda'a.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun mata duree 'Xiinxala unkaa fi ergaa walaloo sirba fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuudhuu yoo ta'u, bakki inni irratti xiyyeeffatu immoo Godina Jimmaa aanaa Qarsaa irratti.Haata'umalee Aanaan Qarsaa ganda heddu waan qabduufi ganda hunda bira gahuun waan ulfaatuuf ganda sadi (Ganda Kaarra Goraa, Goraa Sariitiifi Ganda Girmaa) irratti xiyyeeffachuun qorannoon kun adeemsifamee jira.

Gama mata dureetiin ammoo, xiinxala unkaafi ergaa afwalaloo sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu irratti xiyyeeffachuun kan adeemsifameedha.Sababni isaas, sirboota jiran hunda bakka tokkotti xiinxaluun waan hin danda'amneefi.

## 1.6 Ibsa Bakka Qorannoo





**Godina Jimmaa**:Godinni Jimmaa aanaalee 22fi gandoolii baadiyyaa 513 ol qabdi.Baay'inni Ummata godinichaa akka raga lakkoofsa ummataa 2007 irraa hubatamutti 3,138,703 akka qabu agarsiisa.Ummta Godina Jimmaa keessaa kan baadiyyaa jiraatu 2,956,229 (94.2%).Ummata godinichaa baadiyyaa jiraatu keessaa dhiirri 1,486,743(50.3 %) yoo ta'u dubartoonni immoo 1,69,486(49.7%)dha.

Haalli itti fayyadama godinichaa yommuu ilaallu bal'ina lafaa hek.1828,327, bal'ina lafa qonnaa 834,534, lafa bosonaa hek.445,190 ,lafa misoomuu danda'u hek.196,251,lafa dheedichaa hek.164,888,tajaajila hawaasaaf 101,785,lafa caffeedhaan qabame hek.55,616fi kan biro hek.30,063.Haalli qilleensaa baddan 47%fi gammoojjiin 18%.

Bakki qorannoon kun itti gaggeeffamu Godina Jimmaa yoo ta'u,aanaalee godina jimmaa hunda bira gahuun waan bal'atuuf aanaalee filataman Aanaa Qasaa,Aanaa Saqqaafi Limmuu kossaa waan ta'eef mata duree kana jalatti aanaalee filataman kana akka itti aanutti ibsi haala

naannoo,haalli qilleensaa,haalli jiruufi jireenya hawaasaafi kanneen kana fakkaatan kan ibsaman ta’u.

**Hidda Latiinsa oromoo Jimmaa**




Alamaayyoofi Kaawwan (2006, f.156)

Latiinsa hidda oromoo jimmaa irratti yaada saditu jira.Tokkoffaan Laaloo,Badii,Agaloo, Biloo,Sadacha,Qoree,Harsuu,Hariiroofi Kan kanafakkaatan jedhu.Lammaffaan Diggoo, Sadacha,Qoreefi Biloo arfan Jimmaati warri jedhanis jiru.Yaanni sadaffaan ammoo Diggoo,Laaloo,Abbukaakoo,Sadacha.Gama biraatiin ammoo Laaloo, Agaloo, Sadacha, Harsuu, Jaarsoo, Badii, Adamii,Hawwaalaniifi Sapheeraan hundi walitti salgan salgan gibe warri jedhanis jiru.Akkasumas ammoo warri Laaloo,Diggoo,Badii,Qoreefi Biloodhaan warri shanan gibe jechuun waamanis ni jiru.

**Aanaa Qarsaa**:Aanaan Qarsaa aanaalee godina Jimmaa keessaa tokko yommuu taatu ,kallattii kaabaan Aanaa Limmuu Kossaa, kibbaan aanaa Dedoo,dhihaan aanaa Aanaa Saqqaa Coqorsaa fi Magaalaa Jimmaatiiniifi Kibba Bahaatiin Aanaa Nadhii Gibeetiin daangeffamtee argamti.Baayinni Ummata Aanaa Kanaas Dhiira 106,329 fi Dubartoota 105,709 waliigalatti 212,038 ta’uu isaa ragaan lakkoofsa ummataa kan bara 2007 ni agarsiisa.Magaalaan

guddittiin aanaa qarsaa Sarboo jedhamti.Magaalaan kun magaalaa jimmaa irraa Km 27 daandii kara Finfinnee geessu irratti argamti.

Aanaan Qarsaa altiituudii (1740-2660)m sirrii diriira galaanaa irraa olkaatee argamti. Diinagdeen ummata aanaa Qarsaa baay'een isaa qonnarratti kan hundaa'edha.Gosti Oomishaalee aanaa kanatti oomishaman kanneen akkka: xaafii, boqqolloo,garbuu,qamadii, jimaa (caatii) bunaa baaqelaa, atara fa'a ni oomishamu.Akkasumas,beelladoota kanneenakka: horii gaanfaa,kotte-duudaa,hoolaafi lukkuu fa'a horsiisuun baay'ee beekamaadha.Keessumaa, omishni muuzii, bunaafi jimaa baay'ee beekamaadha.

**Sirna bulchiinsaa:** Sirni bulchiinsaa akka aanaa Qarsaatti beekamuufi aanaalee godina Jimmaa keessaa bifa nama ajaahibsiisuun sirna ofiin ijaarrateefi walirraa dhaalaa ture kan qabuudha.Sirni kun Reejjii jedhamuun beekama.Reejjii keessatti qoqqooddii adda addaatu jira.Sirni kun sirna fakkeenyummaa bulchiinsa gadaa kan ofkeessaa qabuudha.Qoqqooddii kana xiqqaa irraa gara guddaatti yommuu keenyu inni xiqqaan 'shanii'jedhamuun beekama.Shaniin miseensa abbootii warraa yookiin warra mana qaban 30 hanga 50 gahuu danda'a.Dubartoonnis ijaaramuma warri dhiiraa qaban kana bifuma walfakkaatuun qabu.Hoogganaan shanii 'Abbaa Shanii' jedhamuun beekama.Kan dubartootaa ammoo 'Haadha shanii' jedhamti.Jaarsa mataa isaa danda'e kan dhimmoota garaagaraa raawwatan kan waldhabdee sadarkaa shanii hiikan of keessaa qaba.Abbaan shanii ammoo qindeessaadha.

Caasaan shaniitti aanu ammoo 'laga' jedhama.Lagni shaniiwwan adda addaa of keessaa qaba.Kunis, Abbaa lagaafi abbaa shaniifi jaarsa lagaa kan mataa isaa of keessaa qaba.Dhimmoonni sadarkaa shaniitti dhumuu hin dandeenye ammoo gara lagaatti darbuun furmaata argata.

Qaamni lagaa olii 'Jiga' jedhama.Jigni laga adda addaa of keessaa qaba.Akkuma warra kaanii Abbaan jigaa itti gaafatamaa yommuu ta'u,jaarsolii akkaataa baayyina namootaa giddu galeeffachuun shaniifi laga adda addaa irraa filatamuun itti gaafatamtoota ta'anii ijaaramu.Dhimmi sadarkaa shaniitti dhumuu hin dandeenye sadarkaa lagaatti,kan sadarkaa lagaatti hin dhumne ammoo sadarkaa jigaatti furmaata argata.Sadarkaa kanatti yoo dhumuu baate jiga ollaatti darba.Kun ammoo 'Masaantee' jedhamuun beekama.

Hojiileen ijaaramoota kanneeniin hojjetaman:kan wall ole araarsuu,kan jallate sirreessuu,kan du'e awwaaluufi fira namni jalaa miidhame jajjabeessuu,kan manni jalaa gubateef baala

cabsuu,kan horiin jalaa duuteef hirphachuu,guyyaa cidhaa walbira dhaabbachuu,nageenya naannoo isaanii waliin eeguufi ajaa balleessuu keessatti ijaarama gahee olaanaa qabuudha.Sirni kun sirna dirqiin ijaaramu osoo hin taane kan namni mana bahe hundumti fedhiin keessatti hirmaataniidha.Walumaagalatti,sirni kun sirna bulchiinsaa ajaahibsiisaafi yeroo har'aallee ummata aanaa qarsaa biratti baay'ee beekamaadha.

## 1.7 Hanqina Qorannichaa

Yeroon qorannoo kana adeemsisu keessatti hanqinoonni qoraticha mudatan tokko tokko nijiru.Isaanis; hojii hojjechaa waan qoratuuf hanqinni yeroo muudateera.Inni biraan namoota waa'ee sirba fuudhaafi heerumaa irratti odeeffannoo gahaa kennan yeroo barbaachisetti argachuu dhiisuufi kanneen beekaniifi odeeffannoo akka kennaniif kan filataman immoo yeroo beellamaman keessatti dhabuufaatu isa mudatee ture.Kana malees hanqinni baajataa qoraticha mudateera.Rakkooleen kunneen isa mudatanis; hojii hojjechaa qorachuu isaaf hanqina isa mudateef yeroo odeeffannoo funaanu ofii haala mijeeffachuun itti dhimma ba'uun hojii qorannoo kanaatiif halkanis dabalatee hojjechuun furachuu danda'eera.Karaa biraatiin hojii qorannoo kanaa keessatti namoota yeroo ijoollummaa isaanii sirbaa turan irraa odeeffannoo fudhateera.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU WALFAKKII

Bakki kun bakka barruun qorannoo kanaan walfakkaatan itti sakatta’amaniidha.Kunis, jalqaba irratti maalummaa fookloorii, itti aansuun maalummaan afoolaa, maalummaa afwalaloo, sirbaafi maalummaa sirba fuudhaafi heerumaa, yaaxxinni qorannichaa (yaaxxinni unkaafi yaaxxinni caasaa), unkaan walaloo sirba fuudhaafi heerumaafi dhuma irratti ammoo sakatta’iinsi barruu qorannoo kanaan walfakkeenya qabanii adeemsifamuun walduraa duubaan akka armaan gadiitti dhihaatee jira.

## 2.1 Afoola

Afoolli osoo ilmi namaa ogummaa barreeffamaatiin walii galuu hin jalqabin dura kan jiruufi umurii ilama namaa waliin walqixa kan ta’eedha.Innis,muuxannoofi mudannoo,aadaafi duudhaa,walumaagalatti haala jiruufi jireenyaa akaakileefi abaabilee irraa dhaale kan ittiin afaaniin dhalootaaf dabarsaa tureefi dabarsaa jiruudha.Yaada armaan olii kana Bukenya (1994, f.85) akka itti aanutti ibsa;”Oral literature is the heart of people’s way of life.It is the very soul of their culture.As the reservoir of a people’s values, it expresses a given society’s world view and give them a spring board from which their day-to-day existence is polled”, jedha.

Hawaasni afoolasaatiin muuxannoo jiruufi jireenyaa, duudhaafi barsiifata,badhaadhinaafi rakkina jireenya keessatti isa mudate ittiin ibsata.Kana malees, muuxannoo hawaasni durkeessa darbee isa amma jiru malli ittiin dhaloota qaqqabu afoolaani.Kana jechuun, afoolli aadaa uummata tokkootti lubbuu horee umurii dheeraa akka qabaatu taasisa jechuudha.Hawaasni tokko seenaa akkamii keessa darbee akka dhufe adda baafachuuf afoolaafi waan afoola keessatti hammatamaniin ibsata.

Akporobaro (2012,ff.33-34) afoola yommuu ibsu”oral litrature or folklitrature refres to the heritage of imaginative verbal creations,stories,folk-beliefs,and song of pre-litrate societis which have been evolved and passesd on through the spoken word from one generation to an other” jedha.Afoola jechuun, akkuma yaada armaan olii irratti hundaa’uun hiikamuuf yaalametti, oguma hawaasaa afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu ta’uu isaati.

Yeroo baay’ee namootni afoolaafi ogafaan akka waan tokko ta’aniitti iallaalu.Haata’u malee afoolli ogafaanirra ni bal’ata.Yaada kana Alamituu (2012, f.25) ”afoolli ogafaan kan of keessatti hammatu ta’ee waan afaaniin jedhamus akkasumas sochii qaamaafi afaaniin

deeggaramanii darban ilaallata” jechuun ibsiti.Yaanni kun kan agarsiisu afoolli afaaniin qofa osoo hin ta’in gochaanis kan darbuu danda’u ta’uu isaati.Gama qabiyyee isaatiin ammoo ogafaanirra bal’aa ta’uu isaa nu hubachiisa.Yaada armaan olii cimsuudhaan Adunyaa (2014, f.166) “afoolli ogummaa (wisdom) labata tokkoo kan biraatti afaaniin darbuudha” jedha.Hiika afoolaa ilaalchisuun erga hamma kana jedhamee,itti aansuun gama faayidaa isaatiin akka itti aanutti haa ilaallu.

Afoolli faayidaa heddu qaba.Fekede (1998,ff.50-55) faayidaa afoolaa tokko, lama, jedhee ammaa afuriitti tarreesseera.Faayidaan afoolaa arfan inni barreesses:afoola akka hambaatti, afoola akka falaasamaafi xiinsammuutti, afoola akka damee barnootaattiifi afoola akka madda og-barruutti jechuun ibseera.Afoolli hambaadha jedhanii dubbachuun nidanda'ama yoo jennu enna barbaachisaa ta'e abbaan yaadatu, abbaan qalbiitti qabatu, isa waggaa kuma meeqa dura jedhameyyuu itti fayyadamuu danda'a jechuudha. Egaa afoolii akka hambaatti ni qo'atama ennaa jennu, inni dur jedhame maaliif, eessatti, attamitti, yoom akka jedhame, isa ammaas, isa dhufus akkanumatti qo'atanii, qindeessanii, kuusanii kaa'uun,itti fayyadamuufi dhaloonni itti aanu akka itti fayyadamu gochuu jechuudha.

Afoolli bu'aa falaasamaafi xiinsammuu abbaa afoola sanaati yoo jedhame waan wal nama falmisiisu miti. Afoola qo'achuun, yaadni, dhiphinni, amantaan, abdiin, rakkoon, yaaddoon, gaddi, gammachuufi ilaalchi abbaa afoola sanaa(abbaa afoola sana jedhee) maal akka ta'e beekuun rakkisaa miti.Kana beekuu jechuun immoo, falaasamaafi xiinsammuu saba sanaa (abbaa afoola sana jedhee) beekuu jechuudha.

Afoolli faayidaa seenaa tursiisuufi olkaa’uu qaba.Kunis,ta’insa yeroo darbee dhaloota dhufuuf kan darbu,bifa yaadatamuu danda’uun akka seenaan hin irraanfatamnetti kan eegee ,kunuunsee dhaloota biraan gahu afoola.Keessumaa biyyoota seenaa barreeffamaa yeroo dheeraa hin qabne keessatti bu’aa guddaa buusa.Yaada kana Nzewi(2003,f.3) irratti akkana jechuun lafa kaa’a.”In traditional African cultures, songs, poetry, and archic musical arts theatre could be repositares of historical records.Customs, insturments,and other properties could carry historical records”jechuun lafa kaa’a.

Okpewhoo (1992,f.106) akka ibsetti, afoolli faayidaa gammachuufi boqonnaa nama gonfachiisuun dhiphinaafi yaaddoo namni qaburraa qaamaafi sammuu namaa kan walaboomsuu qabuudha.Yaadni kunis, ga’ee afoolli rakkoo jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti qaamaafi sammuu dhala namaarra ga’u bilisa kan baasu ta’uu nu hubachiisa.

Akka Zawudeefi kaawwan (2001,f.9) ibsanitti ammoo,afoolli gaddaafi gammachuu, hawwiifi fedhii dhala namaa ifa gochuufi aadaa tursiisuuf ga'ee olaanaa qaba.Afoolli mallattoofi qabeenya uummatichaa waan ta'eef hambaalee dhalootaaf darbarsuuf gargaaran keessaa tokkodha.Afoolli karaa qorannoo xiinsammuutiin waan keessi hawaasaa yaaduufi fedhu hubachuuf akka fayyadudha.Amantiifi falaasamni,abdiifi dhiphuun,gaddaafi gammachuun, hawwiifi jireenyi hawaasaa maal akka ta'e hubatee furmaata itti kennuuf nigargaara.Afoolli maalummaa jireenya uummataa ibsuuf fayyada.Kun immoo afoolli madda guddina ogbarruuf bu'aa olaanaa qabaata.Akkasumas,afoolli barumsa adda addaa keessatti qorannoo taasisuun beekumsa argachuufi ofitti amanamummaa cimsachuuf akka gargaaru addeessa.Dhimmootni gama faayidaa afoolaatiin wal qabatan muraasni isaan armaan oliiti.Itti aansuun ammoo gama amala isaatiin maal akka fakkaatu haa ilaallu.

Afoolli amaloota hedduu qaba.Isaan keessaa kanneen bu'uura ta'an: ummatummaa, hurruubummaa, lufummaa jijjiiramummaa, miidhagummaafi yeroo yookiin haalli itti dhimma bahamu ni argamu.Afoolli qabeenyaa uummataati.Akka kitaabaa abbaa barreesseenhin waamamu.Yaada kana Wasanee (2008, f.168)"miidhagummaan haalli afoolli sun itti faarfamu ilmaan namaa hawwachuu danda'uun dhiyaachuu isaa mul'isa" jedha.

Hurrubummaan haala wal duraa duubaan dhiyeenya afoolaa gochaan dhiyaatuudha.Kunis, afoolli dubbatamuudhaaf jamaa kan barbaaduufi nama tokko qofaan kan hin raawwatamneedha.Gareewwan aadaan,amantiin, haala jireenyaatiin walfakkaataniifi waliigaluu danda'antu keessatti hirmaata.Tokko yoo dubbatu kanneen biroo immoo nidhaggeeffatu.Finnegan (1970, f.2) "Hurruubummaan amaloota afoolaa keessaa isa bu'uuraa ta'ee dhimma raawwii afoolichaa gadi fageenyaan hubachuuf wanta darbu caalaa akkaataa hirmaattonni miira isaanii sochoosanii agarsiisan wal faana ilaaluu qabna" jetti.

Afoolli dhaloota irraa dhalootatti karaa lama daddarba: haasaa afaaniifi gochaan.Afoola kan dhalootaa dhalootatti dabarsan miseensota hawaasaati.Yaaduma kana Wasanee (2008, f. 164) "Haalli afoolli tokko dhalootaa dhalootatti darbu lufummaa jedhama," jedhee ibsa.

Afoolli jijjiiramummaaf baayyee saaxilamaadha.Warquu (2001, f.9)"Afoolli dhalootarraa dhalootatti yommuu darbu afaaniin waan ta'eef akkuma uumama isaa ta'ee geggeeddaramuu ni danda'a".Yaanni armaan olii kan nutti agarsiisu afoolli turtii yeroo irraa kan ka'e irraa harca'uun yookiin itti dabalachuun jiraachuu isaati.

Miidhaginni afoolaa kan madde itti fayyadama malleen dubbii adda addaa iraati. Miidhaginni haala afoolli sun miira sammuu ilma namaa hawwachuu danda'uun dhiyaachuu isaa mul'isa.Wasaneen (2008, f.168)" Miidhagummaan haala afoolli sun itti faarfamu ilmaan namaa hawwachuu danda'uun dhiyaachuu isaa mul'isa" jedha. Dabalataanis, Dorson (1972, f.45) gosti afoolaa tokko hojiirra ooluuf yeroo murtawaa barbaada.Bakki, yeroofi haalli keessatti ni argamu.Bakki itti dubbatamu, yeroon itti dubbatamuufi haalli inni itti dubbatamu murtawaadha.Bakka hundatti yeroo hunda haala tokkoonis hin dubbatamu. Yoomessi dhugaa qindeeffama afoolaa hedduu jiran hunda osoo ilaalamee, hundumtuu bakkaafi yeroo itti raawwatamu kan mataasaa ni qaba. Bifuma walfakkaatuun (Rushika, 2017),

> Oral litrature is a verbal form of litrature that proceeds written form of litrature.Thse litrature passed on from one person to an other through word of mouth …and it is repository of the critical knwoldge, philosophy and wisdom for nan litrature societies.This litrature through narrative, poetry song, dance, myth, fables for religious rituals provide portrait of the meaning of life as expirenced by society at its particular time and place with its unique existential challenges.

Yaanni armaan olii kun kan agarsiisu afoolli ogummaa barreeffamaa kamiyyuu kan dursu, jecha afaaniitiin dhalootaa dhalootatti kan taru,beekumsa bal'aa kan of keessaa qabuufi bifa seenessuu,sirbaatiin muuxannoofi beekumsa hawaasaa baatee kan yeroofi bakka murtaa'e ibsaa jiraatuufi kan salphaatti balleessuun hin danda'amne ta'uu isaati.

Afoolli gosa heddu qaba.Heddumina isaa irraa kan ka'e bakka tokkotti qoratanii waliin gahuun rakkisaadha.Kanaafuu, afoola qorachuuf gosa gosaan qooduun barbaachisaadha. Haata'u malee,hayyoonni qoqqoodinsa afoolaa irratti yaada garagaraa dhiyeessu.Haaluma kanaan, Finnegan (1970,f.12) gama isheetiin waa'ee gosoota afoolaa yeroo ibsitu "afoolli dimshaashumatti karaa lamaan ilaalamuu kan danda'amu yoo ta'u,inni tokko kan nama hawwatan ta'anii dubbiidhaan yookan hololaan kan darban,inni lammataa immoo bifa walaloofi yedaloodhaan dhiyaachuu kan danda'uudha" jetti.

Gama biraatiin Okpewhoo (1992, ff. 127-290) "Afoolli Afrikaa bifa muuziqaafi do'iin gosoota afoolaa raawwii jala galan jechuun bakka saditti kan hiru yoota'u, sirbootaafii jechamoota (songs and chants) raagoo (oral narratives) fi kanneen cimina sammuu mul'isan"jechuun qooda. Dabalataan Encyclopedia of Biritanica (1993, f.308) gosoota afoolaa yoo ibsu,

> The genres of oral litrature cover spoken and song expression.They may be further divided in to the two larger grouping of folk narrative including of myth, legend, tales, and folk song and such other smaller genres of proverb, riddle and belief or superstation. Folk narrative is a wide range of oral prose traditions.

Yaada armaan olii kana irraa wanti hubatamu afoollii bifa dubbiifi sirban kan ibsamanidha.Gooroo bifa seeneffamuu kanneen qaban afseenessoo, durdurii, sirboonni aadaa gooroo gurguddaa ta'uufi jechamoonni, hibboowwan, duudhaafi barsiifanni gooroowwan xixiqqaatti kan hiraman ta'uu isaa nu hubachiisa.

Bu'uura kanaan ogafaan bakka saditti qooduun dhiyaatee jira.Isaanis: afwalaloo (oral poetry), afseenaa (oral narrative),qareeyyii (witteism) dha.Isaan kana keessaa sirbi fuudhaafi heerumaa afwalaloo keessatti ramadamuuf dhimma qorannichaa isa ta'e afwalaloo haa ilaallu.

### 2.1.1 Afwalaloo

Afwalaloof hayyoonni hiika adda addaa kennu.Hiikni isaan kennan kunis gama faayidaa, haala uumama isaaniifi akkaataa afwalaloon ittiin dhalootaa dhalootatti darbu bu'ureffachuuni.Afwalaloon gosa og-afaanii bifa namatti toluufi miidhagina qabuun afaaniin dhalootaa dhalootatti darbuudha.Yaada kana Alamituu (2012,f.27) akkas jechuun,“ afwalaloon gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee akkuma maqaa isaa irraa hubannu walaloo afaaniin dhihaatu” jechuun lafa keessi.Yaada kana irraa wanti hubannu afwalaloon kan afaaniin labataa labatatti darbu ta'uu isaati.

Akka Faqqadee (1998,f.10) “the history,culture,beliefs,and practice of the people are found in the folktales,oral poetry,and various forms of oral litrature”jedha.Yaanni armaan olii kun kan namatti mul;isu dhimmoonni hawaasaa kan akka aadaa,duudhaa,barsiifannii sochiiwwan adda addaa kan afwalaloo keessa jiru ta'uu isaati.

Gama biraatiin afwalaloon aadaa ceesisuufi hawaasa tokkoomsuu keessatti gahee olaanaa qaba.Yaanni jornaalii armaan gadiis kanuma ibsa.(Darajjee Fufaa,2013)”oral poetry promotes cultural continuity and unifies in community” jedha.Yaada kana irraa wanti hubatamu faayidaan afwalaloo aadaan akka addaan hin cinneef dhaloota darbe irraa dhaloota dhufuuf dabarsuu keessatti gaheen isaa olaanaa ta'uufi hawaasa tokkoomsuu keessatti gumaachaa guddaa qabaachuu isaati.

Afwalaloon amala addaa qabaachuun beekama.Amala walaloo kana Dorsan (1992, f.85) yoo ibsu,"afwalaloon unkaa isaa qofaan osoo hintaanee haalli darbiinsa isaa adda isa taasisa.Afwalaloon kan dhalootaa dhalootatti darbu bifa sirbaan, geerarsaan, faaruudhaan darba " jechuun lafa kaa'a.Kana jechuun afwalaloon gooroowwan afoolaa kaawwan irraa amala adda isa taasisu qabaachuusaati.Afwalaloon jechoota gaggabaaboo,miidhagoofi kanneen fakkii sammuu namaa keessatti uumuu danda'an waan fayyadamuufi.Afaaniin waan darbuuf ogbarruu barreeffamaa biraa irraammoo adda ta'a.

Afwalaloon dameewwan adda addaa of jalaa qaba .Isaanis: sirba, geerarsa,faaruu loonii, ururssa daa'immanii,faaruu ateetee, faaruu amantiifi kanneen kana fakkaataniidha. Kana ilaalchisuun, Finnegan (1970,f. 92) afwalaloo Afriikaa gosoota garaagaraa kanneen akka: Afwalaloo weellisaarratti hundaa'u, afwalaloo nama tokko leellisu, afwalaloo gaddaa (sirna boo'ichaa), afwalaloo amantii, afwalaloo barbaachisummaa adda addaaf (adamoo, waraanaafi daboo), afwalaloo sirbaa (geerarsaa), faaruu namoota aangoofi hirmaannaa siyaasaa olaanaa qabaniifi faaruufi tapha ijoollee jechuun qoqqooddee ibsitee jirti.

Yaada kana irraa kan hubannus qoqqooddiin kun akkaataa barbaachisummaa isaatiin itti fayyadamuuf kan nu gargaaru ta'uu isaati. Dhimmi waraqaa kanaa gosa afwalaloo keessaa sirba irratti kan xiyyeeffatuufi sirba keessaa immoo sirba fuudhaafi heerumaa irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef, dursa irratti sirba itti aansuun ammoo sirba keessaa sirba fuudhaafi heerumaa walduraa duubaan akka armaan gadiitti dhihaatee jira.

#### 2.1.1.1 Sirba

Sirbi akkuma maqaan isaa ibsu sirbamuuf kan yeroo barbaadu, kan jamaa qabuufi kan meeshaa muziiqaan deeggaramu akkasumas kan gocha (performance) qabuudha.Sirbi dhimmoota adda addaaf haala idileefi al-idileen sirbamuu danda'a.Yaada kana ilaalchisee Gammachuun (2003:89) yoo ibsu:

> Songs are one of the most way in which the Oromo express thier traditions, customs beliefs,rituals,sorrow and joys; and songs are the means by which the society expresses its feelings and emotins,understanding about the past, react to the present situations teaches the new generation and forwards to the coming generations, jedha.

Yaada kanarraa wanti hubatamu, sirbi karaa Oromoon aadaa, duudhaa, amantii, gaddaafi gammachuu qabu ittiin ibsatu; akkasuma haala kaleessa ture kan ittiin xiinxalu, kan har'aan walqabsiisee dhaloota kan ittiin barsiisuufi dhaloota itti aanutti kan ittiin dabarsu ta'uu isaati.

Yaada armaan olii deeggaruun  Agu (1989,f.115) iratti sirba aadaa yoo ibsu”folk songs are the spontaneous and traditional music of a people,race ,region ,or nation handed down aurally from generation to generation “jedha.Yaada kana irraa kan hubatamu sirbi aadaa  ummata tokkoo yookaan kan qomoo tokkoo,kan saba tokkoo kan ta’eefi kan dhageettiin dhalootaa dhalootatti darbu ta’uu isaati.

Sirbi gosa afwalaloo ta’ee, kan walaloo of keessaa qabuufi keessumaa yeroo sirna fuudhaafi heerumaa sirbamuun beekamuudha.Yaada kana deeggaruun Fedhasaa (2013, f.62) irratti sababoota sirbi sirbamuuf, fuudhaafi heerumaaf, masqalaaf, sirba jaalalaa, sirba ajjeechaafi kanneen kana fakkaataniidha jechuun lafa kaa’a.Gosoota sirbaa kana keessaa tokko sirba fuudhaafi heerumaa waan ta’eef akka armaan gadiitti haa ilaallu.

#### 2.1.1.1.1 Sirba Fuudhaa Heerumaa

Sirbi fuudhaafi heerumaa sirba torban cidhaa taphatamuufi gammachuu kan of keessaa qabuudha. Sirbi kun kan firoottaniifi hiriyoottan namoota walfuuchuuf deemaniif ergaa ittiin dabarsaniidha.Sirbi fuudhaafi heerumaa faayidaa heddu qaba.Maalummaafi itti gaafatamummaan mana bahuu keessa jiru kan keessatti hubatamuudha.Hawaasa fayyaa qabeessa ijaaruu keessatti gahee guddaa qaba.Yaada kana Keitany Ambrose (2018, f.84) irratti “weedding songs do therefore have a beautiful philosophy, concern with social balance; this worthy our attention, worthy of our concerving “jedha.

Yaada armaan olii kana irraa kan hubatamu, sirbi fuudhaafi heerumaa bareedina yookaan miidhagina qofa faarsuu osoo hin ta’in hawaasa fayyaa qabeessa yookiin hawaasa gaarii ijaaruu keessatti filoosoofii guddaa ta’uu isaati.Kan dinqisiifatamuu qabuufi kunuunfamuu qabu ta’uu nu hubachiisa.Sababni isaa adeemsi bultii ijaaruu adeemsa hawaasa ijaaruuti. Dhimma hawaasa tokkoo baatee kan deemuufi faayidaa guddaa kan qabuudha.Maalummaafi faayidaa sirba fuudhaafi heerumaa irratti erga hagana jennee itti aansuun sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu godina Jimmaa aanaa Qarsaa akka itti aanutti haa ilaallu.

Sirbi fuudhaafi heerumaa akka aanaa Qarsaatti beekamu: gad-tumee, ol-tumee, goonnaa ( kan dalga sirbamu) fi addooyyee kan shaamarraniin sirbamuudha.Gad-tumee,oltumeefi goonnaan bakka tokkotti dalaga jedhamuun beekama.

Xiyyeeffannoon qorataa kanaa walaloo sirba fuudhaafi heerumaa kan kaadhimatanii fuuchuu kana xiinxaluu waan ta’eef, kallattiin gosa sirba fuudhaafi heerumaa isa “dalaga” jedhamu kana kan ilaallu ta’a.

Jechi ‘dalaga’ jedhu gosa sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu  keessaa isa tokko ta’ee,yeroo guyyaan fuudhaafi heerumaa gahuuf turban tokko hafu halkan halkan kan dargaggootaafi shamarraniin taphatamuudha.Yaada kana Alamituu(2012, f.31)”Sirbi cidhaa mana hintala heerumtuufi gurbaa fuudhuutti kan sirbamu yommuu ta’u jarri lamaan guyyaa walfuudhaniif torban lama yoo isaan hafuu eegalanii hanga gaafa guyyaa cidhaatti jala bultii sirbatu.Kunis, hiriyoota, firoottanfi ollaa isaanii waliin ta’uuni.

Askeessatti wanti beekamuu qabu jechi ‘dalagaa’ jedhu godinaalee oromiyaa garaa garaa keessatti hojii jechuu yoo ta’u, akka Godina Jimmaatti garuu ‘dalaga’ jechuun sirba yeroo fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuuchuu sirbamuudha.Garaa garummaan isaas inni kan ‘hojii’ qubeen dhumarraa kan dheeratu yommuu ta’u,inni kan sirbaa ammo gabaabaadha

Dalagni kun kan taphatamu yookiin kan sirbamu mana gurbaa fuudhuus ta’ee mana hintala heerumtuutti,dargaggoonnifi shamarran tarree galanii akkaataa hojjaa yookiin dhaabbii isaaniitii geengoo uumanii dalagu.Yeroo kanatti tapha kana ho’isuufi miidhagsuuf meeshaa muziiqaa keessaa dibbeetti dhimma bahu.Namni dibbee rukutu gidduu geengoo kana taa’ee rukuta.Kan sirba baasu immoo gidduu keessa asii fi achi naanna’uun sirba kana baasa.Kanas kan godhu nama sagalee miidhagaa qabuufi nama yeedaloo isaa waliin jijjiiruu danda’utu baasa.Namni kun weeddiftuu jedhamuun beekama.Yaada kana Eshete(2007,f.165) ”the defining characteristics of some oromo folksong performance is that the effective interaction between the performer or narrator and the audience takes place in the two-way organization of voice group -the ‘call’and ‘ response’aesthetic relationship” jedha.

Yeedaloofi walaloo isaa irratti hundaa’uun immoo: Asham Faaxumaa; Ashaamaamee; Aalan aalanii, Asham burtukaanii, ashamaabboo, magaallee qalloo keeyriyyaa, habaaboo birraa yeroo baay’ee sirbi yeroo gaa’ilaa miidhagina shamarranii faarsuun waan beekamuuf maqaa shamarraniifi maqibsoonni bifa agarsiisan irra deddeebiin fayyadamuun beekama.

### I. Maalummaa Fuudhaafi Heerumaa

Fuudhaafi heerumni adeemsa namoonni lama dhiiraafi dubarri walitti dhufanii ittiin bultii ijaaraniidha .Walitti dhuufeenyi dhiiraafi dhalaa kun yaadaan, fedhiifi kan kana fakkaataniin tokko ta’uu ta’ee, hayyootni adda addaa akka armaan gadiitti hiika itti kennu.Dirribii (2009, f.83) fuudhaafi heeruma yoo ibsu, “akka aadaa waaqeffannaatti gaa’ela jechuun fuudhaafi heeruma ilma ga’eefi intala (mucayyoo) geesseeti” jedha. Askeessatti wanti hubatamuu qabu fuudhaafi heerumni sirna ijaarsa gaa’ilaa itti raawwatuudha.Gaa’illi fuudhaafi heerumarra

kan ballatuudha.Jireenya fuudha duraafi booda hamma dhumaatti jiru hunda of keessatti hammata.Yaanni armaan gadiis gaa'illi uumama kan ta'eefi dhaabbata ta'uu isaa ibsa.H.Olsoniifi De Frain (2000, f.5),

> Marriage is by nature a manufactured institution.We define marriage as the emotional and legal commitment of two people to share emotional and physical intimacy, vinous tasks, and economic resources.Although people typically think or marriage as a union of man and women, many same sex couples also interested in marriage jedha.

Akka yaada hayyoota kanaatti gaa'ela jechuun waliin galtee namoota lamaa kan miiraafi seeraan walitti dhufan ta'ee, miiraafi qaamaan galii dingadeefi dhimmoota adda addaa walii hiiruuf dhaabbatuudha. Kana malees, namootni waa'ee gaa'elaa yeroo yaadan walitti makamuu dhiiraafi dhalaa; abbaa manaafi haadha mana ta'uuf fedha wal fakkaataa kana qabaniin kan rawwatanii dha.

Dabalataanis, gaa'illi yookiin fuudhaafi heerumni walitti dhufeenya haadha manaafi abbaa manaa kan walii galtee irratti hundaa'e ta'uu isaa yaanni armaan gadiin ni ibsa.Zelaalam (2001, f.155)"Gaa'illi hariiroo haadha manaafi abbaa manaa uumuuf dubartiifi dhiira gidduutti walitti dhufeenya uumamuudha".

### II. Gosoota fuudhaafi Heeruma Godina Jimmaa

Akka godina jimmaatti gosoota fuudhaafi heerumaa beekamoo jahatu jiru.Isaanis: fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu,aseennaa,raraa/farda hidhaa/,fedhii,dhaalafi yoo obboleettiin duute kan biraa bakka buusuun isa beekamaadha.Gaa'elli ummata Oromoo biratti raawwatamu hedduudha.Misgaannuu Gulummaa (2011,f.62) "gaa'elli uummata Oromoo biraatti raawwatamu hedduu yoo ta'e illee muraasni isaanii naqata, aseennaa, butii, sabbatmarii/ ciisii, dhaalaafi kan kana fakkaatanidha".Kanneen keessaa gosa fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu haa ilaallu.

### III. Maalummaa Fuudhaafi Heeruma Kaadhimatanii Fuudhuu

Gosa fuudhaafi heerumaa keessaa tokko ta'ee kan warri gurbaa karaa seera qabeessa ta'een warra intalaa gaafachuun raawwatamuudha.Kunis kan ta'u jalqaba maatiin gurbaa hintala ilma isaaniitiif taatu kallattii adda addaan madaalu.

Kallattiin madaallii kunis, kallattii amalaa, gosaafi kallattii hedduun madaalee sana booda jaarsa maatii hintalaatti dhihaatu itti erga.Jaarsi jalqaba dhaqu kun 'amalaajii'yookaan 'abbaa

dhaabaa’jedhama.Sana booda maatiin intalaas firaan mariyannee isin beeksifna jechuun guyyaa beellamu.Guyyaa beellamaa eegee abbaan dhaabaa nidhaqa.Sana booda guyyaan jima qaamsisaa ni beellamama.Kana booda soddaan barcuma taa’eera jedhama.

Guyyaa jimaa qaamsifamu nama dura dubbatetti jaarsoliin dabalamee abbaa gurbaa dabalatee jimaan qaamsifama.Sana booda ,sirni amartii /qubeelaa /ni taasifama.Itti aansuun yeroon fuudhaa yeroo  dhihaatu qaraxa ni ergu.Qaraxa kaanaanis warri soddaa ‘tirmaa’ ni bitu.Sana booda Marii yookiin miinzee ni kadhata.Mariin kana booda hanga gaafa guyyaa fuudhaafi hehiriyaa gurbaa keessaa qeerroo fi suubboo ta’eefi kan bilchina qabu ni kadhatu.Bifuma kanaan bifa seera qabeessa ta’een hanga guyyaan fuudhaafi eerumaa gahutti adeemsa heddu keessa taree gaafa guyyaa cidhaa amaamotaan dabaalamee gosa fuudhaafi heerumaa adeemsifamuudha.

Guyyaa kana sirboonni heddu ni sirbamu; sirni heddu ni adeemsifama.Wantoota hunda as keessatti ilaaluun waan ulfaatuuf gosoota sirbaa fuudhaafi heerumaa keessaa isa kaadhimatanii fuudhuu akka godina Jimmaatti jiru akka armaan gadiitti haa ilaallu.

## 2.2 Yaaxxina Qorannichaa

Qorataan afoolaa tokko qorannoo yeroo gaggeessu yaaxxina isa kam irratti hundaa’ee qorannoo akka adaeeemsisuu itti yaaduufi beekuu qaba.Kanaaf,qorannoo kana adeemsisuuf qorataan yaaxxina unkaafi yaaxxina caasaa filatee jira.Sababni yaaxxina kana filateef yaaxxina unkaatiin unkaa walaloo ilaaluuf,yaaxxina caasaatiin  immoo haala waliigalaa yookiin walitti dhufeenya afwalaloo sanaafi aadaa hawaasaa akkasumas haala qindoomina afwalaloo sanaa ilaaluuf kan tajaajilu waan ta’eefi.Kunis,dhimmoota hawaasummaan wal qabatan kan akka diinagdee,hawaasummaa,aadaa,duudhaafi walumaagalatti,haala jiruufi jireenya hawaasaa ibsuufi ceesisuu keessatti sirbi fuudhaafi heerumaa kun faayidaa akkamii akka qabu xiinxalamee jira.Kanaaf yaaxxinoota kanneen akka itti aanutti haa ilaallu.

### 2.2.1 Yaaxxina Unkaa Yookaan Bifiyyee

Bifiyyeen yaaxinna ogbarruu yoo ta‘u,innis Moskowfi St. Petersburg keessatti jalqabe.Yaaxxina kanas yeroo duraatiif warra Raashiyaatu itti fayyadame. Kanaaf,yeroo hedduu 'Russian Formalism' jedhamuun beekkama.Bifiyyeen yaaxxina ogbarruu unkaa(form) isaa irratti hundaa‘uun madaaluudha.Hayyoota yaaxxina kanarratti hojjetan keessaa,Victor Shklovsky,Boris Eichenbaum,Jurij Tynyanovfi   Roman Jacobson isaan

muraasa. Gama biraatiin, bifiyyeen xiinqooqa qo‘annoo hojii ogbarruuf kan ooluudha. Kunis hojii ogbarruu uunkaafi caasaa isaatiin ilaala.Yaaxxina kanaan hojii ogbarruu tokko qo‘achuun kun bara 1920moota keessa jalqabe. Haaluma kanaan, waraana Addunyaa lammaffaa booda immoo gara Faransaay ce‘uun bara 1960tti hidda isaa babal‘ifate.Boodarra biyyoota Ingiliizii keessattis dagaage.

Qabxiin xiyyeeffannoo yaaxxina kanaa miidhagina aartii keessa jiru irrattiidha.Aartiin karaa bareedina waan tokkoo ittiin ilaalamuudha.Qo‘annoon bifiyyee hojii ogbarruu tokko adda godheet ilaala.Kunis,ogbarruun afaan mataa isaa qaba; isa kanatu adda isa taasisa jedha.Afaan ogbarruu keessatti itti fayyadamnu afaan yeroo biroo itti fayyadamnu irraa adda. Inni kunis filannoo jechootaafi kan biroo hammata.Bifiyyeenis uunkaa kana bu‘uura godhachuun hojii ogbaruu tokko xiinxala Gabaabumatti, wanta ogbarruu tokko ogbarruu taasise irratti xiyyeeffata. Kunis,akkaataa ogbarruun jireenya keenya addunyaa keessa jiraannuufi jireenya hawaasummaa bareechee ittiin ibsuu dabalata.Xiyyeeffannoon waraqaa kanaa unkaafi ergaa walaloo sirba fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuudhuu waan ta’eef yaaxxina kana bu’uura taasifachuun miidhagina walaloo ssana keessa jiru, itti fayyadama afaanii, filannoo jechootaa, malleen dubbiifi ergaa dhokataa walaloo sana keessa jiru baasanii agarsiisuuf yaaxxina gargaaruudha.

### 2.2.2 Yaaxxina caasaa (structural theory)

Yaaxxinni kun biyya Amerikaa keessatti bara 1960 keessaa kan madde yoota`u, leellistonni isaas, Andre Jolles, Lord Ragla Vladimire prop,fi Alan Dundes`s faa turani.Beektonni kunis qorannoo garaa garaa gama dayeessa kanaan kanneen geggeessaa turaniifi barbaachisummaa daayessaa kanaa tumsanidha.

Qu`annoo afoola keessatti xiyyeeffannoo guddaa kan argachuu qabu caasaa afoola sanaati. Afoola tokko duraa duuba isaa eeganii qindeessuun haala yaadrimee (ergaa duubaa qabuu) fi caas-himaan (paradigmatic and syntagmatic)ilaalamuu akka qabudha.Kunis haala safara og-walaloon garaagaraafi durduriin garaa garaa haala himootaan qindaa`anii ijaaramaniin ergaan keessaafi fuulduraa qaban jechootarraa ka`ee xiinxalamuu qabudha yaanni daayessichaa.

Yaaxxinni caasaa yaaxina qorataan qorannoo kana adeemsisuuf itti fayyadame keessaa isa lammaffaati.Sababni qorataan yaaxxina kana fayyadameef yaaxxinni unkaa unkaa qofa irratti waan xiyyeeffatuuf, yaaxxina caasaa fayyadamuun haala waliigala afwalaloo kanaa ,walitti

dhufeenya jechoota achi keessa jiranii,qindoomina waliigalaa sirba fuudhaa fi heeruma kaadhimatanii fuudhuu keessa jiru agarsiisuuf yaaxxina filatameedha.

Yaaxxinni caasaa karaa waan tokko gurmeessinee akka salphaatti hubatamuuf ittiin dhiheessinuudha.Fakkenyaaf, mana yoo fudhanne, waan heddu of keessaa qaba, muka, dhagaa, simmintoo,citaa,qorqorroo qaba.Wantoonni kun qofaa qofaatti mana hin jedhamanu.Mana jedhamuuf, akkaataa barbaachisummaa isaaniitti bakka tokkotti qindaa'uu qabu; walhidhee yookiin wal ijaareetu mana jedhama.

Bifa kanaan yaaxxinni caasaa walitti hidhamiinsa yookaan hariiroo ijaarama yaadaa afwalaloo keessa jiru ilaaluuf kan gargaaruudha.Hariiroon kun jechootaafi jechoota gidduu yookiin bo'oofi bo'oo walaloo gidduutti ta'uu danda'a.Yaada kana walitti finnee hubachuu kan nu dandeessisu yaaxxina caasaati.Yaada kana M. Mazany (2014,f.23) irratti Bull (2008) wabeeffachuun " structure is a way in which the part of something are putting together.It means that structure is the parts which build something to be unit " jedha.

## 2.3 Unkaa Walaloo Sirba Fuudhaafi Heerumaa

Akkuma walaloon barreeffamaa barreeffama kanneen biroo irraa amala adda isa taasisan qabu walaloon sirba gaa'ilaa kaadhimatanii fuuchuu amalaafi unkaa yookiin haala teessuma /foormii / adda isaan taasisu qaba.Akka Alemb (2002, f.37) fi Okpewho (1992, ff.71-104) tti ibasanutti wantoonni walaloo tookkoof miidhagina kennan kan akka irra deddeebii sagaleefi jechootaa, yeedaloo, walqixxummaa, fakkii uumuu warra afwalaloo tokkotti caalaatti miidhagina horaniidha jedhu.

Itti dabaluun Deebisaa Bayyanaa (2019) walaloon unka barreeffama holooloo irraa adda isa taasisu qaba.Bifiyyeen isaa kunis bifa taa'umsa barreeffama dhayinoolee (physical lay out) isaa, haalli barreeffama isaa barreeffama holooloo irraa adda ta'e qabaachuu isaa ibsa (ff.2-3). Bifuma kanaan bifti (unkaan) walaloo sirba fuudhaa fi heerumaa maal akka fakkaatu kan ilaalamu ta'a.

### A. Sararoota

Sararoota (Lines): Sararri walaloo yeroo baay'ee ergaa dabarsuuf sararoota lamaafi lamaa ol yoo ta'e yeedaloo uumee walaloo ta'a.Sararri walaloo tokko bo'oo walaloo yoo ta'u gaaleewwan irraa kan ijaaramanidha.

### B. Buufata

Barreeffama holoolootiif keeyyata yoo jennu walaloof immoo buufata (stanza) jenna.Kun immoo barreessitoota adda addaa biratti maqaa adda aaddaa qaba.Fakkeenyaaf buufata, cabsatafi kan kana fakkaatu qabaachuun beekama.Yaada kan Eshetee (2007, f.274) akkas jechuun ibsa"walaloo keessatti sarara (lines) dhumarratti sagalee walfakkaatu qabu 'qonqixa'jenna jedha.

### D. Gaalee

Gaalee (phrase): Gaaleen jechoota irraa kan ijaaramuufi birsaga murtaa'aa kan qabu ta'ee, hafuura tokkoon kan dubbifamu; walakkaa toora walalooti.Yaada kana Irreessoon (2006, f.32) keessatti yoo ibsu "gaaleen garee jechootaa irree tokko uumuun waan tokkoof dhaabbatan yoo ta'an, matimaafi xumura kanneen wal duukaa hinqabaannedha" jedha. Egaan yaada kanarraa ka'uun afwalaloo keessattis walakkeessi bo'oo walaloo gaalee jedhameeti waamama.

### E. Birsaga

Birsaga (Syllable): Birsaga jechuun cita sagalee afuura tokkoon dubbifamu kan ta'eedha. Birsagni dhaabbataan filannoo jechootaa kana kessatti walqixa safaramee bifa walfakkaataa ta'een kaa'uuf seerri nama dirqisiisu hinjiru.Haaluma kanaan Afaan Oromoo keessatti gaaleen birsagaan yogguu safaramu, birsagni ammoo, qindaa'ina dhaamjechootaa irratti hundaa'ee xiinxalama.Walaloo keessatti maalummaa birsagaa ilaalchisee Berhanu (2009,f. 108) akka ibsetti

> Meter refers to the count of the stress we find in the rhythm of the poem.The count usually relates to the pattern in which stressed and un stressed sylubles occur in the line(s) of poem.The lines of metrical poem is usually measured by the number of stressed and un stressed syllubles " jechuun ibsa.

Kunis,birsaga jechuun,safara baay'ina sagalee of danda'ee lakkaa'amu yookiin safara sagalee dubbifgamaafi dubbachiiftuu afuura tokkoon sagaleeffamanii tokko tokkoon gaaleewwan bo'oo walaloo keessatti argamaniiti yaada jedhu qaba.

### F. Yeedaloo /Yaa'a sagalee/

Walaloo barreeffamoota biroo irraa adda kan godhu jechoota filatamoofi miira namaa harkisanitti fayyadamuu isaati. Yaada kana Rabbirraa (2012, f.172) yoo ibsu "yeedaloon amala walaloon yeroo dubbifamu ykn dhaggeeffatamu aala nama mararuufi sagalee humna

ofitti nama harkisu qabaachuu isaa irratti kan xiyyeeffatuudha" Afwalaloon sirba gaa'ilaas yoo barreeffamu amala kana calaqqisiisuun isaa waan hin oolleef amalli kun ilaalamuun kan xiinxalamu ta'a.

## 2.4 Sakatta'insa Qorannoo Walfakkii

Askeessatti kan dhihaatu immoo qorannoowwan qorannoo kanaan walfakkaataniifi kanneen kanaan dura hojjetaman walbira qabamuun maaliin akka walfakkaataniifi maaliin akka adda ta'an sakatta'uun bakka itti agarsiifamuudha.Hanga ammaatti qorannooleen guutumaa guutuutti mata duree qorannoo kana waliin walfakkaatan kan hin jirreefi garuu mata dureen qorannoo kana waliin walitti dhiheenya qaban ni jiru.Haaluma kanaan qorataan mata dureewwan kanaan dura hojjetaman sakatta'ee bifa itti aanuun qindeessee dhiheesseera.

Qorannoon inni jalqabaa Qorannoo Girmaa Taaddasaa (2007) "Qaaccessa dhimmoota mararoo durbaa godina Qellem Wallaggaa Aanaa Sayyoo" irratti xiyyeeffatu yoo ta'u,kaayyoon isaa dhimmoota Mararoo durbaa mana intalaatti taphatamaniifi mana gurbaatti taphatamu maal akka fakkaatu xiinxaluu irratti kan fuulleffateedha.

Argannoon qorannoo isaa ammo mararoon durbaa guyyaa cidhaa sana seeneffaman firoottaniifi addooyyee intala heerumtuun ta'ee, bifa ergaa /dhaamsa / nagaa walitti dhaamamuudha. Irra caalaan mararoo arrabsoo kan of keessaa qabu yoo ta'u , mararoo kanaan mana warra intalaatti kan arrabsamu soddaadha.Inni soddaan arrabsamu garuu jibbaaf akka hin taane ibsee jira.Gama biraatiin mana warra gurbaa fuudhuutti kan arrabsamu intala heerumtuudha.Mararoon soddaaniifi intalli heerumte ittiin arrabsaman jechoota nama saalfachiisaniifi yookaan kan nama rifaasisuudha.kunis,bifa,haala qabeenyaa yookiin diinagdeefi sanyiidhaan wal qabsiisuun kan arrabsamuudha.Akkasumas, malleen dubbii kan of keessaa qabu ta'uu isaa argannoo isaa keessatti ibsee jira.

Walfakkeenyi Qorannoo kanaafi kan Qorannoo Girmaa dhimmoota diinagdeefi hawaasummaa yookiin dhimmoota hawaasaa irratti kan xiyyeeffate ta'uun qorannoo kanaan wal fakkaatu.Mana intalaafi mana warra gurbaatti kan taphatamu ta'uun isaas akkasuma qorannoo kana waliin walfakkeessa.Gama biraatiin sirba fuudhaafi heerumaa irratti xiyyeeffachuun qorannoo kana waliin qabxiilee walfakkaeessaniidha.

Garaagarummaan Qorannoo Kanaafi Kan Girmaa:Qorannoo Girmaa dhimmoota mararoo durbaa irratti xiyyeeffata, qorannoon kun garuu dhimmoonni hawaasummaa akkuma jirutti

ta’ee unkaafi ergaa walaloo irratti ida’uun garaagara.Yoomessaan garaagara,akkasumas ,kan Girmaa irra caalaan hirmaattonni addooyyee / hiriyoota intalaa/ durbaati.Qorannoon kun garuu irra baay’ee sirba fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuuchuu ta’ee kan gocha (performance) of keessaa qabu irra baay’ee dargaggootaan kan taphatamu ta’uun garaagarummaa qaba.Kanaafuu kaayyoon isaaniillee adda addadha.

Habtaamuu Moosisaa (2011)” Qaaccessa itti fayyadama afaaniifi qabiyyee geelloo” godina Wallagga Lixaa aanaa Baabboo Gambeel irratti kan xiyyeeffateefi kaayyoon qorannoo kanaa itti fayyadama afaaniifi qabiyyee geelloo qaaccessuudha.

Kaayyoon qorannoo Sabsibee qaaccessa itti fayyadama afaaniifi qabiyyee geelloo qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatuudha.Malli inni fayyadame mala ibsaa yommuu ta’u,argannoon isaa immoo aadaan geellootti fayyadamanii yaada garaa ofii jaalallee ofiif ibsan yeroo ammaa akka aanaa sanaatti kan laafaa dhufe ta’uufi geelloon qabiyyeewwan akka jaallachuu ,hawachuu,xiiqessuu,gorsuu,arraba,jibbaafi gaaffii jaalalaa gaafachuu irratti dargaggoota aanichaan kan dhimma itti bahamu ta’uu,malleen dubbii gosa adda addaa kan fayyadamu ta’uu akkasumas, geelloon walaloon waan hihaatuuf,unkaawwan akka sararaa,birsagaa, gaalee, dhikkisaafi unata qabaachuu isaa argannoo isaa keessatti ibsee jira.

Walfakkeenya Qorannoo Kanaafi Qorannoo Habtaamuu;Qorannoon kun xiinxala unkaafi ergaa walaloo sirba sirba fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuudhuu waan ta’eef,walaloon dhihaachuun,hirmaattonni isaanii irra caalaan dargaggoota ta’uun,faayidaa dhimmoota hawaasummaa adda addaaf ooluun, unkaa walaloo irratti xiyyeeffachuun, mata duree kana waliin wal fakkaatu.

Garaagarummaan Isaanii: Yoomessi isaanii garaagara.Qorannoon kun xiinxala unkaafi ergaa walaloo yommuu ta’u,kan Habtaamuu immoo fayyadama afaanii qabiyyee sirba geellooti.Kanaaf, kaayyoo adda addaa qaba jechuudha.Yaaxxinni qorannoo kanaallee yaaxxina unkaafi caasaa ta’uun qorannoo kana irraa adda ta’a.

Sabsibee Geetaahun (2013)” Qaaccessa qabiyyeefi gosoota Shaggooyyee“, godina Harargee Bahaa naannoo hoborraa irratti kan hojjetame yommuu ta’u, kaayyoon isaa qabiyyee sirba shaggooyyee xiinxaluudha.

Walfakkeenyi qorannoo sabsibeefi qorannoo kanaa sirba afwalaloon dhihaatu ta’uufi yeroo fuudhaafi heerumaa kan taphatamu ta’uun mata duree kana waliin wal isaan fakkeessa. Dabalataanis hirmaattonni isaanii dargaggoota ta’uufi qabiyyeen isaa dhimmoota

hawaasummaa irratti kan xiyyeeffate ta’uun wal isaan fakkeessa.Akkasumas, qabiyyee irratti xiyyeeffachuun wal fakkaatu.

Garaagarummaan mata duree kanaafi qorannoo sabsibee, qorannoon kun xiinxala unkaafi ergaati.Kan Sabsibee immoo qabiyyee sirba shaggooyyeeti.Akkasumas,garaagarummaa yoomessaa qabu.Kaayyoofi yaaxxinni isaan bu’uureffatanillee adda adda.Yaaxxinni qorannoo kanaa yaaxxina unkaafi faayidaa yommuu ta’u kan qorannoo Sabsibee ammo yaaxxina dalagaa,yaaxxina galumsaa,yaaxxina yaaxxina tajaajilaafi yaaxxina fakkoommii fayyadamee jira.Yaaxxina tajaajilaa yookiin faayidaatiin tokko ta’anillee kaaniin adda adda.

Shuumee Daamxoo (2007) kan“Qaaccessa faayidaa arrabsoo naqatanii fuudhuu godina Horroo Guduruu Wallaggaa haala aanaa Amuruu” jedhu irratti gaggeeffameedha.Kaayyoon waraqaa qorannoo kanaas fayidaa arrabsoo durbaafi fayyadama jechootaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa kan Aanaa Amuruu qaaccessuudha.Argannoon ishees faayidaan arrabsoon qabu tokkummaa hawaasichaa cimsuu, safuu hawaasichaa barsiisuu, aadaa hawaasichaa guddisuu, obsaaafi ogummaa dhaloota ammaaf qooduuf ga’ee olaanaa waan qabuuf qaamni dhimmi ilaallatu maal gochuu akka qabu kallattii keesseetti.

Walfakkeenyi qorannoo kanaa wajjin qabu lamaanuu sirba fuudhaafi heerumaan walqabatan ta’uu isaati.Akkasumas, mala ibsaa irratti kan xiyyeeffate ta’uun qorannoo kana waliin wal fakkeessa.

Garaagarummaan qorannoo kanaa wajjin qabu ammo qorannoon kun unkaafi ergaa walaloo Godina Jimmaa irratti kan xiyyeeffate, yoomessaan garaagara.Gosa sirba fuudhaafi heerumaa kan baay’inaan mana gurbaas ta’ee, mana durbaattis taphatamuu, gocha (performance) kan qabuufi arraba qofa kan giddu galeeffate miti.

Seefuu  Gaaddisaa (2008) mata duree “Xiinxala ergaa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo”irratti kan xiyyeeffateedha.Kaayyoon isaas ergaa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo qaaccessuudha.

Walfakkeenyi inni qorannoo kana waliin qabu lamaanuu weedduu fuudhaafi heeruma irratti xiyyeeffachuu isaaniiti.Karaa biraatiin yoo ilaalame lamaan isaaniituu afwalaloo sirna gaa’ilaa irratti xiyyeeffachuun wal isaan fakkeessa.Haata’u malee qorannoon Seefuu, ergaa weedduu arrabsoo gaa’ilaa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u,qorannoon kun ammoo unkaa fi ergaa irratti dabaluun qorannookana irraa adda ta’a.

Walumaagalatti,qorannoo Girmaa(2007),Habtaamuu Moosisaa (2011),Shuumee Daamxoo (2007),Sabsibee Geetaahuun ,(2013) Seefuu Gaaddisaa (2008) qorannoo kana waliin wal bira qabnee yommuu ilaallu,qorannooleen kunniin arrabsoo durbaa irratti xiyyeeffachuun dhimmoota hawaasummaa,diinagdee,safuu, barsiifata, ogummaafi kanneen kana fakkaatan haala adda addaatiin xiinxalanii dhalootaaf dabarsuu irratti xiyyeeffatu.Hundi isaanii sirba yeroo fuudhaafi heerumaa ta’uufi mala qulqulleeffataa irratti xiyyeeffachuun akkasumas,dhimmoota hawaasummaa irratti xiyyeeffachuun walfakkeenya qorannoo kana waliin isaan qabaniidha.

Mata duree kana immoo qorannoolee kana irraa wanti adda taasisu ammo kaayyoofi yoomessi isaanii garaagara.Sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu keessaa‘dalagni’ akka godina Jimmaatti beekamaafi arrabsoo durbaa irraa kan adda ta’eedha.Mana dhiiraas ta’ee mana intalaatti taphatama.Dalagni kun mararoo yookiin arrabsoo durbaa osoo hin taanee sirboota akka tirrii kan Arsiitti beekamu,shaggooyyee kan Harargeetti beekamu geelloo kan Wallaggaatti taphatamuufi dhiichisni Shawaatti taphatamu faana bifa adda addaan wal fakkaata.Kanaaf, mata dureen kun mata duree armaan olitti kaafne irraa adda addummaa guddaa qabu.

# BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti malli qorannichaa bakka itti dhihaatuudha.Kunis,saxaxni qorannoo kanaa, irraawwatamni, iddattoofi tooftaan iddatteessuu, maddi ragaa, meeshaalee funaansa ragaa keessaa daawwannaafi afgaaffiin,malli xiinxala ragaafi dhuma irratti namuusni qorannichaa walduraa duubaan dhihaatee jira.

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo adeemsa qorannoo jalqabaa hamma dhumaatti jiru kan agarsiisuudha. Eessaa ka'ee garamitti deemaa?Kaayyoo akkamii qabatee jiraa?Isa jedhuuf deebii kenna.Saxaxa qorannoo murteessuu keessatti gaaffileen qorannoo,kaayyoofi gosti odeeffannoo gahee guddaa qabu.

Kanaafuu,saxaxni qorannoo kanaa unkaafi ergaa walaloo sirba fuudhaaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu kan godina Jimmaa aanaa Qarsaa irratti kan kan xiyyeeffatu ta'ee, kaayyoon isaa qabiyyeen walaloo sanaa maal akka ofkeessaa qabu, caasaafi  unkaan isaa maal akka fakkaatu, keessumaa dhimmoonni jiruufi jireenya hawaasaan wal qabatan dhimmi diinagdee, hawaasummaa,safuun,aadaan,barsiifatni ,namuusniifi kanneen kana fakkaatan akkamitti dhihaatee jira?Ergaa akkamii dabarsa,walaloon kun muuxannoofi mudannoo jiruufi jireenya dhaloota darbee dhaloota dhufuuf dabarsuu irratti gumaacha akkamii qaba isa jedhu of keessatti hammachuun saxaxeeffamee jira.

## 3.2 Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni namootaafi dhimmaamtoota qorannoon kun irratti adeemsifame hawaasa godina Jimmaa aanaa Qarsaa ganda Kaarra Goraa, Goraa Sariitiifi ganda Girmaa keessaa namoota muuxannoofi gahumsa sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu qaban: dargaggeeyyii, shamarran, haadholiifi jaarsoliidha.Kunis, namoota kana irraa odeeffannoo walitti qabachuun qorannoon kun adeemsifamee jira.

## 3.3 Iddattoofi Tooftaa Iddatteessuu

Iddattoo jechuun dhimmamtoota qorannoon irratti gaggeeffamu keessaa namoota odeeffannoo kennuu danda'an filachuudha.Sababni isaas, tuuta yookiin dhimmamtoota hunda bira gahuun waan hin danda'amneefi.Kunis, yeroo,maallaqaafi humna qusachuuf gargaara.

Bifuma kanaan qorataan kunis hawaasicha keessaa namoota waahee sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu kana irratti gahumsaafi muuxannoo qaban akkasumas namoota kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahu jedhee yaade keessaa tooftaa iddatteessuu miti-carraa keessaa iddattoo akkayyootti (purposive sampling) jedhamutti fayyadamuun dargaggoota5, shamarran 5, haadholii 5, jaarsolii 5 waliigalaan dhiira 10 fi dubartoota 10 ida'ama namoota 20 irraa odeeffannoon fudhatamee jira.

Tooftaa iddattoo miti carraa fayyadamuun kan barbaachiseef qorataan namoonni filataman beekumsa mataduree kan irratti kanneen qabaniifi odeeffannoowwan argaman gadi fageenyaan xiinxaluu waan dandeessisuufi.Akkayyootti fayyadamuun immoo namoota filataman irratti xiyyeeffachuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e argachuuf waan gargaaruufi.

## 3.4 Madda Ragaa

Qorannoo kana adeemsisuuf qorataan namoota waahee kanaa beekan irraa odeeffannoo fudhachuun barbaachisaadha.Kanaaf,qorataan madda ragaalee adda addaa fayyadamee jira.Maddi ragaa inni jalqabaa qorataan kun dhimma itti bahe madda ragaa tokkoffaa yommuu ta'u innis, bakka sirni fuudhaafi heerumaa itti adeemsifamu deemee suursagalee waraabuun kan ragaa kana walitti qabeefi namoota waahee sirba fuudhaafi heerumaa beekan irraa odeeffannoo fudhachuun madda ragaa tokkoffaatti bifa kanaan dhimma bahee jira.Inni lammaffaan ammoo bakka barbaachisaa ta'etti  madda ragaa lammaffaa keessaa barreeffamoota dhimma kanaan walqabatan dubbisuudhaan qorataan qorannoo kana adeemsisee jira.

## 3.5 Meeshaa Funaansa Ragaalee

Adeemsa qorannoo adeemsisuu keessatti odeeffannoo walitti qabuun baay'ee barbaachisaadha.Odeeffannoon qorataan funaanu gosa meeshaa odeeffannoo barbaadame funaanuuf oolantu murteessu.Gosti meeshaa funaansa odeeffannoo ammamtaafi akkamtaa adda ta'uu danda'a.Bifuma kanaan,qorataan qorannoo kana adeemsisuuf meeshaalee funaansa ragaalee jiran keessaa dawwannaafi afgaaffiitti fayyadamee jira.Innis akka armaan gadii kanatti dhihaateera.

### 3.5.1 Daawwannaa

Meeshaalee funaansa ragaa keessaa daawwannaan bakka raawwii wanta sanaatti argamuun kan adeemsifamu waan ta'eef daawwannaan odeeffannoo dhugummaa qabu argachuuf iddoo

guddaa qaba.Daawwannaan malleen qorannoo kanneen biroo caalaa amanamaadha.Sababiin isaa raawwii sirna tokkoo biratti argamanii gurra ofiitiifi ija ofiitiin arganii odeeffannoo funaannatan waan ta'eefi.Daawwannaan karaa lamaan kan raawwatuudha. Innis tokkoffaa raawwii sana keessatti guutummaan guutuutti hirmaachuu yoo ta'u, inni lammaffaan ammoo gamtokkeen keessatti hirmaachuudha.

Bu'uuruma kanaan qorataan gosa daawwannaa gamtokkoon keessatti hirmaatamu filachuun qorannoo kana kan adeemsisee jira.Sababni qorataan kana filateefis, dalaga yookaan gosa sirba fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuuchuu kana waan beekuufi.Guutummaan guutuu haala raawwii kana keessatti hirmaachuun immoo yeroo kan fudhatuufi ulfaataa waan ta'uufi.

### 3.5.2 Afgaaffii

Afgaaffiin gosa meeshaalee funaansa ragaalee keessaa tokko yommuu ta'u innis odeeffannoo bal'aa odeefannoo kennitoota irraa argachuuf tajaajila.Sababni isaas afgaaffiin fuulaa fuulaan waan odeeffannoo fudhannuuf haala jiru hundumaa hubachuuf nu dandeessisa.Afgaaffiin gosoota adda addaatu jiru.Isaanis: afgaaffii caaseffamaa, miti caaseffamaafi kan gamisa caaseffame ta'uu danda'a.

Bu'uruma kanaan qorataan qorannoo kana adeemsisuuf gosoota afgaaffii jiran keessaa miti caaseffamaatti dhimma bahee jira.Sababni kana filateefis odeeffannoo bal'aa ta'e dargaggoota,shamarran,bakka barbaachisaa ta'etti haawwaniifi jaarsolii irraa odeeffannoo argachuufi kallattii barbaadametti jijjiiruuf kennataa waan ta'eef akkasumas mata duree sana gadi fageenyaan ibsuuf carraa waan qabuufi.Qorataan xiinxala unkaafi ergaa sirba fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuuchuu irratti odeeffannoo afgaaffiin argate suur-sagalee waraabuudhaan akkasumas yaadannoo qabachuun walitti qabee jira.Keesumattuu, waraabbiin suur-sagalee odeeffannoon argamu akka hin harcaaneefi amanamaa akka ta'uuf tajaajila.

## 3.6 Mala Xiinxala Ragaa

Adeemsa qorannoo keessatti odeeffannoo barbaachisaa ta'e funaananii olkaa'uun qofti gahaa miti.Inni guddaan odeeffannoo mala adda addaatiin funaaname sanatti akkaataa hawaasichi waan sana dhimma itti bahu bu'uura godhachuun xiixalanii hiika itti kennuudha.

Bu'uuruma kanaan,qorannoon kun mala qulqulleeffataa (akkamtaa) tti fayyadamuun qaacceffamee jira.Kunis,mata duree xiinxala unkaafi ergaa walaloo sirba fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuuchuu jedhu irratti odeeffannoon bifa daawwiin (actual setting), waraabbiin

suur-sagaleefi afgaaffiin walitti qabaman irratti hundaa’uun,waraabbii sagalee irra deddeeb’amee dhaggeeffatamuun akkasumas, odeeffannoo afgaaffiifi daawwii irraa argame bu’uura godhachuun qabiyyeen walaloo sanaa maal akka fakkaatu, caasaafi unkaa akaamii akka qabu , ergaa akkamii akka dabarsu,dhimmoota hawaasdiinagdee haala kamiin akka achi keessatti ibsameefi akkamitti dhalootaaf darba kanneen jedhan gadi fageenyaan xiinxalamee jira.Dhuma irratti odeeffannoon argame akkaataa walfakkeenyaafi garaagarummaa isaniitiin qoqqoodamee xiinxalamuun qaaccessiifi ibsi itti kennamee jira .

### 3.7. Naamuusa Qorannichaa

Namuusni hojii hundumaa keessatti baa’ee barbaachisaadha.Kanaaf, namni hojii qo’annoo fi qorannoo dirree adeemsisu namuusaafi amala gaarii qabatee hawaasa keessa seenuu qaba.Aadaa hawaasaa kabajuu,miira gaarii qabatee namootatti dhihaachuu qaba.Yaanni armaan gadiis kanuma ibsa.

Aadaa hawaasaa kabajuu, waan hawaasni qabu keessatti hirmaachuun galma gahiinsa hojii keenyaatiif baay’ee barbaachisaadha.Kunis,qorataan fookloorii hariiroo gaarii hawaasa waliin uumuun akka ilaalchaafi waa’ee fookloorii sirriitti hubachuuf gargaara.Seeraafi naamusa karaa seera qabeessaan eeguun qorataan icciitii irraa qoratu eeguufi hawaasa qorannoo keessatti gaggeessu kabajuun odeeffannoo barbaachisaa fudhachuuf kan adeemsisu ta’uu ibsa.Kunis,qorannoo gaggeeffamu keessatti icciitii hawaasichaa eeguun qulqullinaafi amanamummaa qabaachuun hawaasichaaf akka oolu gochuu keessatti qooda guddaa qaba.

Kanaafuu, qorataan ragaa kennitootaaf ofibsuufi xalayaa seeraa qorannichaa akka gaggeessuf kennameef qabachuun barbaachisadha.Kana malees,aadaa,duudhaafi saafuu hawaasa naannoofi odhimtootaa kabajufi eguun dirqamaa qorataati.

# OQONNAA AFUR: RAGAALEE XIINXALUUFI QAACCESSUU

Boqonnaa kana keessatti xiinxalli unkaafi ergaa walaloo sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu kan godina Jimmaa aanaa Qarsaa maal akka fakkaatu bakka itti xiinxalameedha.Kaayyooleen qorannoofi gaaffileen qorannoo kanaa kan boqonnaa darbe keessatti ka’e bakka itti deebii argatuudha.Gaaffileen kunis,qabiyyeen sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu,unkaa,caasaaa,akkasumas,ergaawwan akkamii akka of keessaa qabuufi dhimmoota hawaasa tokkoo dhalootaaf dabarsuu keessatti qoodni walaloon kun qabu maal akka ta’e bakka itti deebii argateedha.

Bifuma kanaan,afwalaloo sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu bifa daawwii, afgaaffiifi waraabbii sagaleetiin walitti qabame jalqaba irratti walaloon isaa irra deeebi’amee dhaggeeffatamuun gara barreeffamatti jijjiiramee jira.Itti aansuun ammoo odeeffannoo daawwiifi afgaaffii irraa argaman faana walitti fidamuun akka armaan gadiitti qaacceffamee jira.

## 4.1 Qabiyyee Walaloo Sirba Fuudhaafi Heerumaa

Qabiyyeen afwalaloo tokko keessatti yaada akka waliigalaatti ijoo ta’ee walaloo sana keessatti mu’atuudha.Bifa kanaan,sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu qabiyyee heddu of keessaa qaba.Kunis,kan yaada waliigalaa walaloo sirba fuudhaafi heerumaa irraa kan hubatamuudha.Akka odeeffannoo kennitoota TG fi AJ irraa fudhatametti “sirbi fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuuchuu guyyaan cidhaa gahuuf gaafa torban tokko hafu kan jalqabu ta’uufi irra caalaatti dargaggootaan halkan halkan kan taphatamuudha” jedhu.Akka yaada kana irraa hubatamutti sirbi fuudhaafi heerumaa kan taphatamu guyyaa cidhaa torban tokko dursee kan taphatamu yookiin dalagamu yeroo ta’u innis irra baay’ee dargaggootaan kan taphatamuufi yeroo inni taphatamu (dalagamu) ammoo irra caalaatti halkan ta’uun isaa odeeffannoo namoota irraa fudhatame irraa hubatameera.

Sirbi fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuuchuu qabiyyeewwan heddu of keessaa qaba.Kanas odeeffannoo yaada kennitoota MG fi DI irraa gabaabsamee fudhatame yoo ilaallu “sirbi fuudhaafi heerumaa kun qabiyyee gorsuu, qehee ho’isuu, bohaarsuu kan of keessaa kan qabuudha; akkasumas aadaa akaakileefi abaabilee keenyaati” jedhu.

Yaada odeeffannoo kennitootaa kana irraa wanti hubatamu, sirbi fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuuchuu (dalagni) qabiyyeewwan adda addaa kan of keessaa qabu ta’uufi

abbootiirraa dhaalamaa kan asgahee ta'uu isaati.Qabiyyeewwan sirbaa kunis, qabiyyeewwan barsiisuun walqabatan,qabiyyeewwan gorsuun wal qabatan,ergaa garaagaraa hiriyoota irraa karaa ittiin simatanu, qabiyyee aadaafi duudhaa barsiisuu, safuu,akkasumas,barsiifata walumaagalatti, jiruufi jireenya keessatti wantoota nama mudataniifi dhimmoota hawaas-diinagdee keessatti barbaachisan kan of keessatti hammate ta'uu isaati.

Bifuma walfakkaatuun od-himtoota AN fi NA irraa qabiyyee sirba kana keessa jiru akkas jechuun kaasu.“ sirbi kun qabiyyeen baay'ee qaba, mana maati lamaaniittuu guyyaan cidhaa gahuuf torbanitti yeroo galu kan taphatamuu eegaluudha.Keessumaa, guyyaan cidhaa gahuuf guyyoonni sadi yeroo hafu baay'inaan ho'ee kan taphatamuufi yeedaloo bifa adda addaatiin kan dhihaatuu akkasumas sochii kan qabuudha” jedhu.

Yaada waraabbii yaada kennitootaa armaan olii kana irraa kan hubatamu sirbi kun, afwalaloo dhaamsa adda addaa of keessaa qabu yommuu ta'u,mana warra hintala heerumtutti hiriyoonnii dhaamsa gorsaafi nagaa kan dhaammatan ta'uu, kan ittiin dhirsaafi maatii dhirsaa qeeqan akkasumas, gorsa warra walfuudhaniif dabarsaniidha.Askeessatti, hintalli maatii isiitti dhaamsa adda addaa dhaammatti; firoottaniifi hiriyoottanittis akka dhaammattu oduhimtoota irraa hubatamuun danda'ameera.”Quuqqaafi komii qabdus walaloo sirbaa keessaan ergaa ishii kan dabarfattuudha”jedhu. Quuqqaan kunis, jedhu odhimtoonni “osoo umriin hin gahin heerumuu, nama ofii jaallatte osoo hin taanee nama maatiin jaallatetti kan heerumsiifamaa jirtu yoo ta'ellee sirba kana keessaan ibsatti” jedhu.Kanaaf, sirbi kun qabiyyee bal'aa qabaachuu isaa nu hubachiisa.Qehee cidhaa ho'isuu qofa miti; gorsa, qeeqa, jaalala, jibbaa, aadaafi duudhaa safuufi barsiifata qabiyyeewwan qaban ofkeessaa qabaachuu isaati.

Dabalataanis, odhimtoonni armaan olii qabiyyeen sirba fuudhaafi heerumaa bal'aa ta'uu isaa ibsuun irra caalaatti ammoo “qehee ho'isuufi bohaarsuuf, qeequuf, jaalala ibsuuf, adda bahuu yookiin yaaddoo ibsuuf, miidhaginaafi qabeenya ibsuuf walaloo tajaajilu fayyadamuun ergaa bal'aa waliif dhaamu”jedhu.Yaanni kun tokko tokkoon akka armaan gadiitti walaloo keessaa fakkeenya muraasa fudhachuun xiinxalameera.

### 4.1.1 Gorsuuf

Qabiyyeewwan afwalaloon sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu qabu keessaa inni tokko gorsa waliif dabarsuudha.Qabiyyeen afwalaloo armaan gaditti kakkoofsa (1 -3 ) tti dhihaates kanuma ibsa.

(1) Jettee jettee namaa hin fudhatinii,

Utuu dhuftee narraa hin hubatinii,

Utuu dhuftee narraa hin hubatinii,

Duudaa garaa narraa hin muratinii,

Qabiyyee afwalaloo armaan olii namni jette jetteen yeroo baay’ee waan wal dhabuu sobaafi dhugummaa wanta tokkoo utuu addaan hin basin narraa adda hin bahin jechuun kan wal gorsaniidha.Oduu namaatiin waldhabuunis barbaachisaa miti qabiyyee jedhu qaba.

(2) Yoo mana ijaarratan,

Daarii somboo wayyaa,

Yoo nama jaallatan,

Gaarii tokko wayyaa (2)

Qabiyyeen buufata afwalaloo armaan olii qabiyyee mul’ataafi dhokataa kan ofkeessaa qabu yeroo ta’u, mana keessa jiraatan ijaarrachuuf bakki filatamuu akka qabuufi naannoo mukkeen akka somboofi harbuu jiru yeroo baay’ee bishaantu jira.Bakka mana ijaaruuf filatamu keessaa tokko bishaan ta’uu nu hubachiisa.Gama biraatiin ammoo bultii ijaaruufis namni gaariin gostii akka filatamuu qabu nu hubachiisa.Sababni isaa mukti dame nama baata waan ta’eefi.Namni itti soddoomanu nama gaarii ta’uu akka qabu buufatni walaloo lakkoofsa 2 irratti dhihaate nu hubachiisa.

(3) Sigaaraa hin xuuxinii ,

Baakkoon shilingiidhaa,

Hunda hin jaallatanii,

Booddeen shiggiriidha,

Qabiyyeen buufata armaan olii ammoo sigaaraa xuuxuun rakkoo fayyaafi maallaqaa kan geessisu ta’uufi hunda jaallachuun ammoo booddeen isaa rakkina kan fidu ta’uu isaati.Kun ammoo rakkoo hawwaas diinagdee waan fiduuf bifa kanaan gorsa waliif dabarsu.Jechi “shiggirii” jedhu ammoo jecha afaan amaaraa irraa fudhatameefi “rakkoo” jecha jedhu bakka bu’ee jira.

### 4.1.2 Qehee Ho’isuuf

Akka waliigalaatti dhimmi sirbi sirbamuuf inni jalqabaa qehee cidhaa ho’isuudha.Kunis, qeheen cidhaa qoophiiwwan adda addaatiin beekama.Qoophii kana keessaa inni jalqabaa gaafa ciini gahuuf torban tokko hafu qeheen sirreeffamuu, dallaan ijaaramuu eegala.Sirbi addaa addaas yeruma kana eegala.Qabiyyeen walaloo armaan gadiis kana agarsiisa.

(4) Dallaan ijaaramtee ,
Dirribaa dirribaa,
Maashoo dhufaan jiraa,
Hin rafin hirribaa,

Buufatni walaloo armaan olii qabiyyee lama ofkeessaa qaba.Inni duraa akkaataa dallaan ijaaramuun qeheen itti miidhagfamu kan agarsiisu yeroo ta'u, inni lammaffaan ammoo hiriyoonni mucaa heerumtuu sirbaaf gara qehee cidhaa akka deemanu kan agarsiisuudha.Torban cidhaa keessa firoonni "cidha ashamaa" jechuun abbaa cidhaa bira dhaabbatu. Hojiiwwan akka dallaa ijaaruu, midhaa daaksisuu gargaaru.Kun mana dhiraattis ta'ee mana durbaatti ni raawwata.Halkan ammoo taphatu eegala jechuudha.

### 4.1.3 Qeequuf

Qabiyyee afwalaloo keessaa inni biroon qabiyyee qeeqaa ofkeessaa qaba.Buufatni afwalaloo lakkoofsa 7fi 8 irratti dhihaates kanuma agarsiisa.

(5) Garbuu hin facaasinaa
Yoo boqqolloo malee
Jaarsa hin jaallatinaa
Yoo waddalloo malee (x2)

Sirba yookaan dalaga sana keessatti namni jaarsa ta'e yoo jiraate yookaan ammoo namni mucaan sun itti heerumaa jirtu sun kan jaarsome yoo ta'e haala armaan olii kanaan qeequ.

(6) Tuufoon tokko jiraa
Tuufoon keelloo caaluu
Suubboon tokko jiraa
Suubboon qeerroo caalu

Qabiyyeen buufata afwalaloo armaan olii ammoo warra jaarsa hin jaallatinaa jechuun qeeqanuuf sirba keessaan akka armaan olii kanatti sirba keessaan deebii qeeqaa deebisu ni jajjabeessu.

### 4.1.4 Addaan Bahiinsa Agarsiisuuf

Qabiyyee sirbi fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu qabu keessaa inni biroon waliin jiraachuu faana adda bahuunis akka jiru agarsiisa.Adda bahiinsi kunis fageenyaan ta'uu mala akkkasumas duutillee akka adda nama baasu agarsiisuuf qabiyyee sirbaman agarsiisa; afwalaloon lakkoofsa sagal irratti dhihaate armaan gadiis kanuma mul'isa.

(7) Yaa mucattii mataan dugda keessaa,

Siduukaan galamoo sin gaggeessaa ?

Na duukaa hin galinii na gaggeessii,

Azal booddee jiraa of jabeessii (x2)

(8) Askiraa yaabbattee

Gabaan yoomihinjettuu

Kambiraa baafattee

Nagaan ooli hin jettuu (x2)

Buufatni afwalaloo lakkoofsa 10’n irratti dhihaate armaan olii kun namni nama tokko jaallataa ture yeroo inni michuu biraa baafachuun isa duraa irraanfatuufi yeroo haala kanaan adda bahan kan agarsiisuudha.

(9) Gibee guutuu hin dinnee

Daaktuun na ceesisee

An siyaaduu hin dinnee

Giddiin na teessisee (x2)

Buufatni afwalaloo lakkoofsa 11 irratti dhihaate armaan olii ammoo yeroo namni kanuma walitti bu’iinsa hin qabne sababa rakkootiif adda bahu qabiyyee ibsu qaba.Namni kun utuma wal jaallatuu garuu kan walbira hin jirre akka ta’e hubanna.

### 4.1.5 Arrabsuuf

Buufatni afwalaloo lakkoofsa 12-13 tti dhihaate ammoo qabiyyee arrabsoo kanneen qabaniidha.

(10) Qamadii tumuun kee,

Eenyuun daaksisuufii ?

Ija babaasuun kee,

Eenyuun daaffisuufii ? (x2)

Buufatni afwalaloo armaan olii kun kan agarsiisu,sirba kana keessatti yeroo garee garee bahuun sirba keessaan wal arrabsan kan mullisuudha.Kunis, waldiddaan akka jiru nu hubachiisa.

(11) Majaan gaafa hinqabuu,

Rabbittin uuminii,

An haajaakee hin qabuu,

Of hinsukkuuminii,

Buufata walaloo lakkoofsa 13 irratti dhihaate kana keessatti walaloo lakkoofsa 12 irratti dhihaateef yeroo arrabsuun deebii kennan kan agarsiisuudha.Ergaasaanii dabarsuuf ammoo ‘majaan gaafa hin qabuu’ kan jedhu wanti addaa ati uumtu hin jiru yaada jedhu qaba.Kunis, akkuma beekamu waraabessi gaafa hin qabu baasuus hin danda’u.Garee faallaadhaaf bifa kanaan deebii arrabsoo kennuuf.

### 4.1.6 Jaalala Agarsiisuuf

Buufatni afwalaloo lakkoofsa 14,15 fi 16 irratti dhihaate kanneen qabiyyee jaalalaa kanneen ibsaniidha.

(12) Ijaarrachuuf malee
Dur muka muraaree ?
Si jaalladheef malee
Dur taa’aan bulaaree ?

Buufatni afwalaloo kun kan nutti agarsiisu namni waljaallatu lamaan yeroo jaalala waliif qaban waliif ibsan jaalalaaf jecha waan baayyee akka ta’amu mullisa.

(13) Jaalalli kee isiin kanaan duraa
Hiitee na fannifte akka gaaguraa
Gaagurrillee teessee damma taatee
Keenya bara baraan haaraa taati (x2)

(14) Ansoolaan na marii
Na geessi duuba kee
Badaa na mararee
Bareenni fuula kee

Walumaagalatti qabiyyeen walaloowwan tartiiba lakkoofsaa 14,15fi 16 irraa wanti hubatamu qabiyyeewwan jaalala ibsan kan of keessaa qaban ta’uu isaaniiti.

## 4.2 Unkaa (Bifa) Afwalaloo Sirba Fuudhaafi Heerumaa

Unkaa jechuun haala qindeeffama barreeffamoonni wal cinaa hiriiranii itti ergaa dabarsaniidha.Kana jechuun,wanti afwalaloo sana keessatti dubbatamu maal irratti hundaa’ee akka gamtaan yookiin ijaaramni isaa maal akkka fakkaatu irratti xiyyeeffata.Unkaan waan barreeffamee afwalaloo sana keessatti mul’atu irratti fuulleeffata.Afwalaloo keessattis, haala birsagoonni,jechoonniifi gaaleewwan itti ijaaramuun achi keessatti dhihaatan ilaala. Kunis,

birsagoota, sararoota, buufataafi mana rukuttaa yookiin yeedaloon achi keessatti haala kamiin dhihaate isa jedhu kan ilaaluudha."Bifiyyee dhayinoolee jechuun haala teessuma barreeffama dhayinoolee (physical layout) fi unka akkina ittiin barreeffama dhayinoolee (pattens of verses)…, teessuma dhayinoolee (graphology)n walaloo afoolaa keessaa dubbifamanii lola'iinsa yaadaa uumaniifi miidhaganii dhihaatu; kun immoo haala qindaa'inaafi hariiroo jechoonni, jechamoonniifi dubbiiwwan qolaa dhayinoolee keessatti qabaatan irratti hundaa'a." Deebisaa (2011, f.31)

Haaluma kanaan, unkaan yookaan bifti afwalaloo sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu bifa kamiin dhihaata isa jedhuuf bifa wal jalaa qabuutiin kan dhihaatuu sochiiwwan adda addaa kan ofkeessaa qabu ta'uu isaati.

Odeeffannoo waaraabbii sagalee bakka cidhaatti argamuun waraabameefi irra deebi'amee dhaggeeffatamuun barreeffamatti jijjiirameefi odeeffannoo daawwii akkasumas,afgaaffii iraa argaman walitti qindeessuun akka armaan gadiitti dhihaateera.

#### 4.2.1 Afwalaloo Unkaa Gaggabaabaan Dhihaatu

Afwalaloo sirba fuudhaafi heerumaa unkaa gabaabaan dhihaatu kanneen sarara bo'oo walaloo gabaabaa ofkeessaa qabaniifi yeedaloo dhangala'aa qabaniidha.Sababni walaloon kun dhangala'uuf afwalaloon kun irra baayyeen isaa walqixxummaa kanneen qaban waan ta'eefi.Kanneen unkaa gabaabaan dhihaatanis ta'ee, kanneen unkaa dheeraan dhihaatan keessatti bifa waljalaa qabuutiin taphatama malee kan kophaa taphatamu hin jiru.Yeroo namni tokko baasu inni kaan jalaa qaba.Fakkeenyaaf,

17. Wayyoon Ashaamaamee!
 Wallaggaatti aduudhaa
 Yoo gadi buunes maali ?
 Waldhabnaan baduudhaa
 Yoo walfuunes maalii ?

Haala armaan olii kanaan yeroo inni tokko baasu warri kaan jalaa qabaa dabareedhaan waldhaggeeffataa sirbu.Yaada kana Ruth Finnegan (1970, f.70) akka armaan gadiitti ibsti,

> Songs in Africa are frequently in antiphonal form.There is some response of some kind between solost,chorus and the song depends on the alternation between the tywo parts.The role of the soloist is crucial.The chorus is more or less fixed .The soloist has complete scope to improvises his part of verse.

18. Yaa mucattii magaala kuulanii
Utuu abaabbaliidhaan fuudhanii
Haasa’adhee fuuchuuf lafti gannaa
Barrii boroo bani wajjin bananaa(x2)

**Ibsa**: afwalaloo armaan olii kan irraa dhimmoonni armaan gadii xiinxalamaniiru.Tokkoffaa Dhayinoon yookaan mana rukuttaan gidduufi dhuma sararoota walaloo irratti kan argamuudha.Kunis,sarara lamaan jalqabaa irratti gidduu sararootaatti jechoonni argaman “mucattii”kan jedhuufi sarara itti aanu irratti ammoo “abaabbalii”kan jedhu yoo ta’u,sarara arfaffaa irratti ammoo gaalee “gannaa”jedhuufi sarara isa dhumaa irratti “bannaa ”jechi jedhu wal unatanii argamu.Kana jechuun,sararri tokkoffaan,sarara lammaffaa waliin kan mana dhahe yoo ta’u,sadaffaan ammoo arfaffaa waliin mana dhahee jira.Lammaffaa birsaga isaatiin yommuu ilaallu:

/yaa/mu/cat/tii/ma/gaa/la/kuu/la/nii/=10
/u/tuu/a/baab/ba/lii/dhaan/fuu/dha/nii/=10
/haa/sa/’a/dhee/fuu/chuuf/laf/ti/gan/naa/=10
/bar/rii/bo/roo/ba/nii/waj/jin/ban/naa/=10

Kana irraa wanti hubatamu sararri arfanuu bifa walqixa ta’een birsaga walqixa qabaachuu isaati.Kunis, bifa yeedaloo gaarii akka qabaatuuf gargaara.Sadaffaa sadarkaa sagaleelee isaan irraa ijaaramaniin yommuu xiinxalamu ammoo:

/-aa/-u/-a/-ii/-a/-aa/-a/-uu/-a/-ii/=A
/-u/-uu/-a/-aa/-a/-ii/-aa/-uu/-a/-ii/=A
/-aa/-a/-a/-ee/-uu/-uu/-a/-i/-a/-aa/=B
/-a/-ii/-o/-oo/-a/-ii/-a/-i/-a/-aa/=B

Sararri yookiin bo’oon walaloo inni jalqabaa birsaga jabaa /utubaa dheeraa/shaniifi utubaa salphaa shan of keessaa qaba.Sararri lammaffaan ammoo birsaga jabaa yookiin utubaa dheeraa jahaafi utubaa salphaa afur of keessaa qaba.Sararri yookiin bo’oon sadaffaan utubaa dheeraa shaniifi utubaa gabaabaa shan qaba.Bo’oon walaloo inni dhumaa utubaa dheeraa afuriifi utubaa gabaabaa jaha qaba.Kanaafuu,walaloon kun sararri jalqabaa sarara lammaffaa waliin kan mana rukutu yommuu ta’u,sararri sadaffaan ammoo arfaffaa waliin mana rukutee jira.Kunis,unkaa /AA-BB/ jedhu nuuf kennee jira.

19. Yaa mucattii mataan dugda keessaa,
Si duukaan galamoo sin gaggeessaa ?

Na duukaa hin galinii na gaggeessii,
Azal booddee jiraa of jabeessii (x2)

**Ibsa**: Buufata walaloo armaan olii irraa wantoonni armaan gadii xiinxalameera.Tokkoffaa Afwalaloon armaan olii kun buufata tokko yommuu ta'u ,bo'oo yookiin sarara afur kan qabuufi dhayinoo lama yookiin bakka lamatti mana rukutee jira.Dhayinoon kunis,sararri jalqabaa sarara lammaffaa waliin,sari sadaffaan ammoo sarara arfaffaa waliin mana dhahee jira.Akkasumas,sarara tokkoffaa keesssattijechi yookiin gaaleen 'mucattii' jedhuufi sarara sadaffaa keessatti jechi yookiin gaaleen 'galanii'jedhu gidduu sararaatti sararaatti wal unatee jira.Lammaffaa afwalaloon lakkoofsa 27 irratti dhihaate birsaga isaanii irratti hundaa'uun yeroo xiinxalamu ammoo:

/yaa/mu/cat/tii/ma/taan/dug/da/kees/saa/=10
/si/duu/kaa/ga/la/moo/sin/gag/gees/saa/?=10
/na/duu/kaa/hin/ga/li/nii//na/gag/gees/sii/=11
/a/zal/bood/dee/ji/raa/of/ja/bees/sii/ = 10

Caasaa birasagootaa armaan olii kana irraa wanti hubatamu, sararri tokkoffaa, lammaffaafi arfaffaan birsaga kudhan walqixa kan qaban yommuu ta'u, sararri sadaffaan birsaga 11 qaba. Haata'u malee afwalaloo kana yommuu dubbifnu yookiin yeroo sagaleedhaan yeedaloosaa faana jennu jechi 'hin-' jettu ni haqamti. Kunis, jecha 'hingalinii' jedhu irraa / hi- /irraa haqamuun/–n/jecha isa dursee jiru irratti maxxanti.Bifa kanaan tishoo" naduukaangalinii " jedhu nuuf kenna.Kanaaf, echa tishoo kana walfaana yeroo dubbifnu sararoota hafan kaan waliin sararri sadaffaan kunis birsaga 10 wal qixa qabaata. Sadaffaa Caasaa birsagaa keessaa utubaa birsagaatiin yommuu xiinxalamu:

/-aa/-u/-a/-ii/-a/-aa/-u/-a/-ee/-aa/=A
/-i/-uu/-aa/-a/-a/-oo/-i/-a/-ee/-aa/=A
/-a/-uu/-aa/-a/-i/-ii/-a/-a/-ee/-ii/=B
/-a/-a/-oo/-ee/-i/-aa/-o/-a/-ee/-ii/=B

Utubaa birsagootaa armaan olii kana irraa wanti hubatamu, sarara 1-4 tti utubaa dheeraa shaniifi utubaa gabaabaa shan wal qixa qaba.Kanaaf, walaloon kun walqixxummaa waan qabuuf yeedaloo miidhagaa ta'een unkaa /AA-BB/tiin mana rukutee jira.

20. Ababbaa yaa dahee,
Duwaa'ii naaf kadhaa,

Mucaa sana fuudheen,
Niyyaa koo guuttadhaa (x2)

**Ibsa**:Qabxiileen armaan gadii buufata afwalaloo lakkoofsa 20 irratti dhihaaterraa xiinxalamaniiru.Tokkoffaa Afwalaloon kun buufata tokko, sarara  aafuriifi dhayinoo lama qaba.Innis,ciroowwan, gaaleewwan, jechootaafi sagaleelee kan of keessaa qabuudha.Sararri jalqabaa sarara sadaffaa waliin,sararri lammaffaan ammoo sarara arfaffaa waliin mana rukutee jira.Lammaffaa birsaga isaanii irratti hundoofnee yommuu ilaallu ammoo:

/a/baab/baa/yaa/da/hee/=6
/du/waa/’ii/naa/ka/dhaa/=6
/mu/caa/sa/na/fuu/dhee/=6
/niy/yaa/koo/guut/ta/dhaa/=6

Buufata afwalaloo armaan olii keessatti baay’inni birsagoota isaanii walqixxeedha.Sararri hundinuu birsaga jaha walqixa qaba.Sadaffaa baay’ina utubaa birsagaa ofkeessaa qabaniin yommuu xiinxalamu kan armaan gadii kana fakkaata.

/-a/-a/-aa/-aa/-a/-ee=A
/-u/-aa/-ii/-aa/-a/-aa/=B
/-u/-aa/-a/-a/-uu/-ee/=A
/-i/-aa/-oo/-uu/-a/-aa/=B

Buufata afwalaloo armaan olii keessatti sararri tokkoffaafi sadaffaan utubaa dheeraa sadiifi utubaa gabaabaa sadi walqixa qabu.Sararri lammaffaafi arfaffaan ammoo utubaa dheeraa afuriifi utubaa gabaabaa lama walqixa qbu.Kanaaf,unkaa/AB-AB/ jedhu kan qabuu fi yeedaloo bareedaan kan mana rukutuudha.

21. Abbaan kee amaaraa,
Yaa mooticha maaruu,
Afaan kee sukkaaraa,
Kan soogidda caaluu (x2)

**Ibsa**: Buufata afwalaloo lakkoofsa 21 armaan olii irraa qabxiileen itti aanan xiinxalamaniiru.Tokkoffaa afwalaloon dhihaate kun qindoomina caasaa sagaleelee, jechootaa, gaaleewwaniifi ciroo kan of keessaa qabuudha.Sararri tokkoffaan sarara sadaffaa waliin, lammaffaan ammoo arfaffaa waliin kan mana rukuteedha.Kanaaf, walaloon kun abbaa dhayinoo lamaafi walaloo cimdii lama of keessaa qabuudha.

Lammaffaa birsaga isaaniitiin ammoo wantoonni armaan gadii xiinxalamaniiru.

/ab/baan/kee/a/maa/raa/=6

/yaa/moo/ti/cha/maa/ruu/=6

/a/faan/kee/suk/kaa/raa/=6

/kan/soo/gid/da/caa /luu/=6

Afwalaloon armaan olii kun birsaga jaha walqixa kan qabuufi qindoominni birsagootaas gidduu sararootaatti kan wal madaaleedha.Sadaffaa, sadarkaa utubaa isaaniitiin ammoo wantoonni armaan gadii qaacceffamaniiru.

/-a/-aa/-ee/-a/-aa/-aa,/=A

/-aa/-oo/-i/-a/-aa/-uu,/=B

/-a/-aa/-ee/-u/-aa/-aa,/=A

/-a/-oo/-i/-a/-aa/-uu,/=B

Sadarkaa utubaa birsagaa isaan qabaniin yommuu ilaallu, sararri tokkoffaan utubaa gabaabaa lamaafi utubaa dheeraa afur qaba.Sararri sadaffaanis akkasuma.Sararri lammaffaanillee birsaga dheeraa afuriifi gabaabaa lama qaba.Sararri arfaffaan garuu utubaa dheeraa sadiifi gabaabaa sadi qaba.Gaafa afuura tokkoon walfaana dubbifnu yeedaloo walfaana dhangala'u waan qabuuf unkaa /AB-AB/ tiin mana rukutee jira.

22. Baaqelaa baaqelaa

Baaqelaa Geerayii

Xx yy

Gaa'ela kee gahii (x2)

**Ibsa**: Afwalaloon lakkoofsa 22 irratti dhihaate armaan oliirraa qabxiileen armaan gadii qaacceffamee jira.Tokkoffaa afwalaloon kun qindoomina sagaleelee, birsagootaa, jechootaafi gaalee irraa kan ijaarame,dhayinoo lamaafi sarara cimdii lama kan of keessaa qabuudha.Sararri jalqabaa sarara sadaffaa waliin, sararri lammaffaan ammoo sarara dhumaa waliin mana rukutee jira.Lammaffaa afwalaloo kana keessatti irra deddeebiin jechootaa yookiin gaalee 'baaqelaa' jedhu ni mul'ata.Irra deddeebiin kun ammoo yeedaloo sirbaa kanaaf miidhagina kenna.Kana males,bo'oo walaloo sadaffaa irratti ammoo bakka qubee 'x' fi 'y'n bakka maqaa nama wal fuudhuu kan bakka bu'eedha.Fakkeenyaaf,namni fuudhu

maqaan isaa ‘Hamzaa Abbaa Biyyaa ‘ yoo ta’e, Hamzaa Abbaa biyyaa gaa’ila kee gahi jechuun nama sana bakka buusuun ni danda’ama.

Sadaffaa afwalaloo kana birsaga isaatiin yommuu ilaallu:

/baa/qe/laa/baa/qe/laa/=6
/baa/qe/laa/gee/ra/yii/=6
/ham/zaa/ab/ba/biy/yaa/=6
/gaa/’ee/la/kee/ga/hii/=6

Caasaa birsagaa armaan olii keessatti safara isaaniitiin sararri hundumtuu walqixxummaa qabu.Gama biraatiin irra deddeebiin jechootaa ni mul’ata.Irra deddeebniin kunis, caasaafi ergaan akkasumas miidhaginni afwalaloo kanaa walfudhatee akka deemuuf gargaara.Yaada kana Miruka (1994) akka itti aanutti ibsa. “Repetion is the recurrence of mood, idea, sound, word or line in a poem.The most conispiciosly repetitive future of oral oral poems are the word lines or set of line coming regularly after each stanza”.Arfaffaa sadarkaa utubaa birsagaa qabaniin yommuu ilaallu ammoo unkaa armaan gadii kana arganna.

/-aa/-e/-aa/-aa/-e/-aa/=A
/-aa/-e/-aa/-ee/-a/-ii/=B
/-a/-aa/-a/-aa/-i/-aa/=A
/-aa/-ee/-a/-ee/-a/-ii/=B

Sarara sadaffaa irraa kan hafe sararoonni hafan utubaa dheeraa afuriifi utubaa gabaabaa lama qabu.Kanaaf buufatni afwalaloo kun unkaa bifa /AB-AB/ tiin kan mana rukutuuf yeedaloo miidhagaa kan qabuudha.

23. Hanqaaquu naa dhaabii,
Distii isii bicuutti,
Nagaa natti dhaamii,
Miskuu isii bicuuttii,(x2)

**Ibsa:**Buufata afwalaloo armaan olii irraa wanti hubatamu akka armaan gadiitti xiinxalameera.Tokkoffaa afwalaloon kun sarara afuriifi dhayinoo lama kan qabuudha.Buufata walaloo kana wanti adda godhu dhuma bo’oo walaloo irratti jechoonni bifa wal fakkaatuun kan dhumeedha. Jechoonni kunis, ’dhaabii’ ‘bicuuttii’,’dhaamii’,bicuuttii ’ kan sagalee wal fakkaatuun xumuramuufi irrra deddeebiin kan keessatti mul’ateedha.Jechoonni hundinuu utubaa birsagaa /-ii/ dhaan kan xumurameefi unkaa addaa akka qabaatu godhee jira.

Lammaffaa birsaga isaan ofkeessaa qabaniin yommuu ilaallu ammoo kan armaan gadii kana fakkaata.

/han/qaa/quu/naa/dhaa/bii/=6

/dis/tii/sii/bi/cuut/tii/=6

/na/gaa/nat/ti/dhaa/mii/=6

/mis/kuu/sii/bi/cut/tii/=6

Birsaga isaaniitiin sararoota isaanii yommuu ilaallu sararoota gidduutti walqixxummaa kan qabuudha.Birsaga walqixa waan qabuuf, yeedaloo gaarii akka qabaatuuf gargaaree jira.

Sadaffaa,utubaa birsagaa isaanii irratti hundaa'uun yommuu qaacceffamu ammoo unkaa armaan gadii arganna.

/-a/-aa/-uu/-aa/-aa/-ii/=A

/-i/-ii/-ii/-i/-uu/-ii/=A

/-a/-aa/-a/-i/-aa/=A

/-i/-uu/-ii/-i/-uu/-ii/=A

Unkaalee walaloo armaan olii kana wanti adda taasisu sadarkaa utubaa birsagaa isaaniitti yeroo ilaallu unkaa /AA-AA / qabaachuu issaati .

24. Hambabbeessi boroo,
Hin hudhu hin daraaruu,
Dargaggeessi hammaa,
Hin fuudhu hin tamaaruu, (x2)

**Ibsa:** buufatni afwalaloo armaan olii akka itti aanutti qaacceffameera.Tokkoffaa afwalaloon kun sararri tokkoffaan unkaa baramaa gadhiisanii jiru. Sababni isaa, jechi 'boroo' jedhu kan sarara tokkoffaa irra jiruufi 'hamma' kan jedhu kan sarara sadaffaa irraa unka baramaa walfaana mana rukutu gadhiisee jira.Kunis bifa walaloon kun ittiin mana dhahu jijjiiree jira.Kanaaf,buufata afwalaloo kanaa wanti adda godhu dhayinoo sarara yookii bo'oo gidduu(inter-rhyme) qabaachuu isaati.Akkasumas,jechoonni 'hambabbeessi' jedhaniifi 'dargaggeessi' jedhan akkasumas, jechoonni 'hinfuudhu' jedhaniifi 'hintamaaru' jedhan gidduu sararootaatti wal unatanii jiru.

25. Qabeen konkolaattee ,
Yoo aannan qabaatte,
Abshir wal hin dhabnuu,

Yoo haala qabaatte (x2)

**Ibsa** Unkaa afwalaloo lakkoofsa 25 irratti dhihaate armaan olii yommuu ilaallu sararri tokkoffaan sarara lammaffaa waliin sararri arfaffaan ammoo sararoota lammaan jalqabaa faana kan mana rukute yoo ta'u sararri sadaffaan sarara kamiyyuu faana utuu mana hin rukutin hafee jira.Kun ammoo unkaa addaa AABA jedhu akka qabaatu godhee jira.

### 4.2.2 Afwalaloo Bifa Shiiriitiin Dhihaatu

Afwalaloon bifa shiiriitiin dhihaatan kanneen sarar dheeraa qabaniidha; afwalaloon isaanis akka armaan gadiitti dhihaateera.

26. Uleen qalloon baddeessaarraa lootee,
Dhaggeeffadhaa waan maashoon nagootee,
Dhaggeeffadhaa waan maashoon nagootee,
Maddii lamaan burtukaana gootee,
Qaxarookoo bilaashumaa gootee,

**Ibsa:** Afwalaloon bifa shiiriitiin lakkoofsa 26 irratti dhihaate akka armaan gadiitti xiinxalamee jira.Tokkoffaa haalli qindoomina afwalaloo armaan olii sagaleelee irraa kaasee hamma cirootti bifa gaariin kan qindaa'eedha.Buufatni afwalaloo kun bo'oo shan kan qabuufi irra deddeebiin ciroo,gaaleewwaniifi jechootaa akkasumas,birsagootaafi utubaan birsagootaallee gidduu,dhuma sararaafi gidduu buufataatti irra deddeebi'amee jira. Fakkeenyaaf, jechoonni yookiin gaaleen 'gootee' jedhu, bo'oo lammaffaa dhuma irraa kaasee hanga bo'oo arfaffaatti irra deddeebi'amee jira.Bifuma wal fakkaatuun ciroo hirkataan bo'oo lammaffaa irratti irra deddeebi'amee jira.Irra deddeebiin birsagootaa,jechootaa, gaaleewwaniifi ciroowwanii kun ammoo afwalaloon kun afuura tokkoon yeroo sagaleeffamu dhayinoo yookiin yeedaloo gaarii akka uumuuf gumaachee jira.

Lammaffaa walqixxummaafi dhikkisni afwalaloo lakkoofsa tokko irratti kenname armaan olii bifa armaan gadiitti xiinxalameera.Afwalaloon kun ciroo hirkataa tokko yookiin jechoota afur afur sararootni hundi of keessaa qabaachuun wal madaalanii jiru.Baay'inni birsagaa isaan ofkeessaa qabanis akka armaan gadiitti tokko tokkoon bo'oo isaaniitiif lakkoofsaan xiinxalameera.

/U/leen/qal/loon/bad/dees/saa /ra/loo/tee/, =10
/Dhag/geef/fa/dhaa/waan/maa/shoon/na /goo/tee/=10
/Dhag/geef/fa/dhaa/waan/maa/shoon/na /goo/tee/=10
/Mad/dii/la/maan/bur/tu/kaa/na/goo/tee/=10

/Qa/xa/roo/koo/bi/laa/shu/ma/goo/tee/, =10

Afwalaloo dalagaa bifa shiiriitiin dhihaate armaan olii kana yeroo caasaa birsaga isaatiin qoqqoonnu sararoonni shanan isaatuu birsagoota walqixa qabu.Keessumaa,ammoo dhuma bo’oo afwalaloo isaanii irratti birsaga dheeraa / -tee / jedhu ofirraa qabaachuun akka yeedaloo gaarii qabaatu taasisee jira.Sadaffaa utubaa birsagaa isaatiin yeroo xiinxalamu ammoo unkaa armaan gadii kenna.

/-u/-ee/-a/-oo/-a/-ee/-a/-a/-oo/-ee/, =A
/-a/-ee/-a/-aa/-aa/-aa/-oo/-a/-oo/-ee/, =A
/-a/-ii/-a/-aa/-u/-u/-aa/-a/-oo/-ee/, =A
/-u/-ee/-a/-oo/-a/-ee/-a/-a/-oo/-ee/, =A
/-a/-a/-oo/-oo/-i/-aa/-u/-aa/-oo/-ee/, =A

Caasaa utubaa birsagaa armaan olii irraa wanti hubatamu tokko tokkoon bo’oo walaloo gidduutti utubaa birsagaa dheeraa bifa walfakkaatuun qabu.Akkasumas, dhuma bo’oo walaloo irratti ammoo utubaa birsagaa dheeraa/-ee/qabaachuun walfakkaatanii jiru.Kanaafuu, afwalaloon kun dhayinoo shan kan qabuufi unkaa /AAAAA/tiin mana rukutee jira.

- ❖ Afwalaloo dalagaa bifa shiiriitiin dhihaate armaan olii kana afwalaloo biroo irraa wanti adda taasisu bo’oo shan qabaachuufi unkaa /AAAAA/tiin mana rukutuu isaati.

27. Utuun si jaalladhuu na jibbitee ,
Akka waan asmaahii liqimsitee,
Yoo asmaahii ta’eef natti haa darbuu,
Yoo jibbaa koo ta’eef rabbi haa arguu (x2)

**Ibsa**:Afwalaloo sirbaa bifa shiiriin lakkoofsa 27 irratti dhihaate irraa qabxiileen itti aanan xiinxalameera.Tokkoffaa,afwalaloon armaan olii kun sagaleewwan,birsagoota,jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan walitti qindaa’uun kan ijaaramaniidha.Sararri jalqabaa sarara lammaffaa waliin, sararri sadaffaan ammoo arfaffaa waliin mana rukutee jira.Irra deeddeebiin jechootaa ‘asmaa’ii’ jedhu sarara tokkoffaafi lammaffaa keessatti;jechi ‘yoo’ jedhu ammoo sarara yookiin bo’oo walaloo lammaffaafi sadaffaa irratti ni mul’ata.Kun ammoo dhayinoo afwalaloo sanaatiif miidhagina kennee jira.Lammaffaa walqixxummaa afwalaloo kanaa lakkoofsa 27 irratti dhihaate armaan olii yoo xiinxallu:Sararri jalqabaa inni lammaffaan jechoota afur afur qabu.Sararri sadaffaafi arfafffaan ammoo jechoota shan shan walqixa qabu.Caasaa birsaga isaaniitiin ammoo kan armaan gadii kana fakkaata.

/U/tuun/si/jaal/la/dhuu/na/jib//bi/tee/, =10

/ak/ka/waan/as/maa/’ii/li/qim/si/tee/, =10

/yoo/as/maa/’ii/ta/’eef/nat/ti/haa/dar/buu/, =11

/yoo/jib/baa/koo/ta/’eef/rab/haa/ar/guu/, =11

Caasaa birsagaa armaan olii irraa wanti qayyabatamuu qabu; sararoonni jalqabaa lamaan birsaga kudhan qabu.Sararri sadaffaafi arfaffaan ammoo birsaga kudha tokko walqixa kan qabuufi bo’oo afwalaloo isa dheeraa ta’uun adda isa taasisa.Sadaffaa utubaa birsagaa buufatni afwalaloo lakkoofsa 27 irratti dhihaate armaan olii yeroo xiinxalamu unkaa armaan gadii kana laata.

/U/-uu/-i/-aa/-a/-uu/-a/-i//-i/-ee/,=A

/-a/-a/-aa/-a/-aa/-ii/-i/-i/-i/-ee/,=A

/-oo/-a/-aa/-ii/-a/-ee/-a/ti/-aa/-a/-uu/,=B

/-oo/-i/-aa/-oo/-a/-ee/-a/-aa/-a/-uu/,=B

- Sararri tokkoffaafi lammaffaan utubaa gabaabaa jahaafi utubaa dheeraa afur afur walqixa qaba.Sararri sadaffaafi arfaffaan utubaa birsagaa gabaabaa shaniifi utubaa birsagaa dheeraa jaha qaba.
- Dhuma bo’oo sarara tokkoffaafi lammaffaatti utubaa birsagaa dheeraa /-ee/ dhaan mana rukuta.
- Dhuma bo’oo afwalaloo sarara sadaffaafi arfaffaa irratti ammoo utubaa birsagaa /-uu/dhaan mana rukutee jira.
- Kanaafuu buufatnin afwalaloo dalagaa bifa shiiriitiin dhihaate armaan olii unkaa /AA-BB/tiin kan mana rukutuufi yeedaloo miidhagaa kan gonfateedha.

28. Anoo gugguubadhee maalkoo ta’uu?
    Mataa koo filadhee faannoo ta’uu?
    Mataa kee filattee faannoo hin ta’in,
    Garaa kee muradhuu kan koo ta’ii ,

**Ibsa** buufata afwalaloo dalagaa bifa shiiriitiin lakkoofsa 28 irratti dhihaate armaan olii irraa qabxiileen armaan gadii xiinxalamee akka itti aanutti dhihaatee jira.Tokkoffaa qindoominni afwalaloo kanaa sagaleelee,birsagoota,jechoota,gaaleewwaniifi ciroowwan kan of keessatti hammateedha.Afwalaloon kun dhayinoo lama kan qabuufi sararri /bo’oon / jalqabaa lammaffaa waliin bo’oon sadaffaan ammoo bo’oo arfaffaa waliin mana rukutee jira.Keessumaa ,jechoonni dhayinoo afwalaloo kanaa gidduu bo’oowwaniitti akka miidhagu

taasisan ‘maalkii’,’faannoo’fi ‘koo’ jechoota jedhaniidha.Unkaa buufata afwalaloo kana wantoonni adda taasisan bifa gaaffiifi deebiitiin gidduu sarara lamaan jalqabaafi lamaan dhumaa gidduutti kan dhihaateedha.Lammaffaa walqixxummaafi dhikkisa sadarkaa birsagaa isaatiin yeroo xiinxalamu kan armaan gadii kana fakkaata.

/a/noo/gug/gu/ba/dhee/maal/koo/ta/ ’uu? =10
/ma/taa/koo /fi/la/dhee/faan /noo /ta/ ’uu ? =10
/ma/taa/kee/fi/lat/tee/faan/noo/hin/taa/’iin/, =11
/ga/raa/kee/mu/ra/dhuu/kan/koo/ta/’ii/, =10

Caasaa birsagootaa armaan olii irraa wanti hubatamu sararri tokkoffaafi lammaffaafi arfaffaan birsaga kudhan qabu.Sararri sadaffaan garuu yoo caasaa isaatin agarsiifnu garuu birsaga kudha tokko qaba.Haata’u malee afwalaloon kun afuura tokkoon yeroo dubbifamu sararri sadaffaan kunis birsaga kudhan qabaata.Kunis kan ta’uu danda’e ,sarara afwalaloo sadaffaa irratti jecha ’faannoo’ jedhu irratti qubee dubbifamaa /-n/ maxxansuun jechi ‘hin’ jedhu kan haqamu ta’a.Kunis,seera haqiinsa jechaa eegauun kan adeemsifameedha.

Bifa Kanaan, sararri sadaffaan bo’oo walaloo kanaas birsaga kudhan walqixa qabaachuun buufatni afwalaloo kun dhayinoo lama qabaachuun yeedaloo gaarii akka qabaatu godha.Sadaffaa, utubaa birsagaa isaatiin saraoota buufata afwalaloo gaa’ilaa bifa shiiriitiin lakkoofsa 28 irratti dhihaate yeroo xiinxallu unkaa itti aanu kana nuuf kenna.

/-a/-oo/-u/-u/-a/-ee/-aa/-oo/-a/-uu?/,=A
/-a/-aa/-oo/-i/-a/-ee/-aa/-oo/-a/-uu?/, =A
/-a/-aa/-ee/-i/-a/-ee/-aa/-oo/-in/-aa/-iin/, =B
/-a/-aa/-ee/-u/-a/-uu/-a/-oo/-a/-ii/, =B

- Sararri tokkoffaafi lammaffaan utubaa gabaabaa afuriifi utubaa dheeraa jaha qaba.Dhuma bo’oo irratti utubaa dheeraa /-uu /jedhuufi/-ii/jedhuun unkaa /AA-BB/ jedhuun mana rukutee jira.

29. Assalaamaaleyikum Aliimatuu ,
Bunnii maannaa fiixeen haa diimatuu,
Bunnii maannaa fiixeen haa diimatuu,
Walfudhannee bannaa aniiif atuu,
Bunni maannaa kiiloon meeqa baasee ?
Yaa manguddoo seenoo keessan baasee

**Ibsa**: buufata afwalaloo sirbaa bifa shiiriitiin lakkoofsa 29 irratti dhihaate armaan olii kana irraa qabxiileen itti aanan xiinxalamanii jiru.Tokkoffaa akkaataan qindoomina akkuma qindoomina afwalaloo buufataalee Kanaan dura xiinxalamanii sagalee irraa hanga cirootti walitti qindaa'uun kan ijaaarameedha.Afwalaloo kana keessatti dalagaa kana keessatti sagaloonni,birsagoonnii,jechoonni gaaleewwaniifi ciroowwan irra deddeebi'amanii jiru.Fakkeenyaaf,jechi/gaaleen/ 'diimatuu' jedhu,'maannaa' jechi jedhuufi ciroo hirkataan sara lammaffaarra jiru akkuma jirutti miidhagina yeedaloo afwalaloo dalagaa kana walsimachiisuuf irra deebi'amee jira.Yaanni armaan gadiis kanuma ibsa.

> Repetition is no doubt one of the most fundamental characteristic fuetres of oral literature.It has both aesthetic and a uteliterian value.In other word it is a device that not only gives a touch of beauty or attractiveness to a peace oral expression (whether song or narrative or other kind of statement) but also serves certain practical purposes in other all organization of the oral performance.Okpeho (1992, f.71)

Buufata afwalaloo kana keessatti sararri hundinuu bifa walfakkaatuun mana rukutee jira.Keessumaa afwalaloo kana wanti adda godhu walaloon kun sarara jaha qabaachuu isaatiifi sararri lamaan dhumaa warra arfan duraa irraa bifa adda ta'een mana rukutuu isaati.Lammaffaa,walqixxummaa/dhikkisa/ isaa caasaa sadarkaa birsagaatti jiru akka armaan gadiitti xiinxalamee jira.

/as/sa/laa/maa/le/yi/kum/a/lii/ma/tuu/,=11
/bun/nii/maan/naa/fii/xeen/ha/dii/ma/tuu/,=10
/bun/nii/maan/naa/fii/xeen/ha/dii/ma/tuu/,=10
/wal/fu/dhan/nee/ban/na/a/niif/a/tuu=10
/bun/nii/maan/naa/kii/loon/mee/qa/baa/see?/=10
/yaa/man/gud/doo/see/noo/kees/san/baa/see/,=10

Buufatni walaloo lamaan isaatuu sarara tokkoffaa buufata walaloo jalqabaarraa kan hafe birsaga kudhan walqixa qaba.Sadaffaa, utubaa bisagaa isaatiin ammoo yeroo xiinxalamu unkaa armaan gadii kana nuuf kenna.

/-a/-a/-aa/-aa/-e/-i/-u/-a/-ii/-a/-uu/,=A
/-u/-ii/-aa/-aa/-ii/-ee/-a/-ii/-a/-uu/,=A
/-u/-ii/-aa/-aa/-ii/-ee/-a/-ii/-a/-uu/,=A
/-a/-u/-a/-ee/-a/-a/-a/-ii/-a/-uu=A
/-u/-ii/-aa/-aa/-ii/-oo/-ee/-a/-aa/-ee?/=B

/-aa/-a/-u/-oo/-ee/-oo/-ee/-a/-aa/-ee/,=B

Buufatni afwalaloo armaan olii utubaa dheeraa /-uu/ dhaan kan mana dhahu yommuu ta'u, sararri lamaan boodarraa ammoo utubaa birsagaa dheeraa /-ee/ dhaan mana rukutee jira.Kanaafuu,afwalaloon kun bo'oo jaha kan qabuufi unkaa /AAAA-BB/tiin kan mana rukutuudha.

30. Na dhukkubaa kottuu nagaafadhuu,
Biddeena ija lama sukkuummadhuu,
Biddeenni ijji lama qubnagaraa,
Abbaa manaa keetii fungaa kaa,
Abbaan manaa kootii fungaa mitii ,
Na birattarrabsuun seeraa mitii,

**Ibsa:**afwalaloo armaan olii kana irraa qabxiileen itti aanan xiinxalamanii jiru.Tokkoffaa afwalaloon kun afwalaloo sirbaa bifa shiiriitiin dhihaateefi kan bo'oo afur qabuudha.Sagaleewwan, birsagoota, jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan walitti qindaa'uun kan ijaarameedha.Sararri tokkoffaan sarara lammaffaa waliin kan mana rukute yemmuu ta'u ,sararri sadaffaan ammoo sarara arfaffaa wajjin mana rukutee jira.Sararri shanaffaafi jahaffaan ammoo bifa adda ta'een mana rukuta.Afwalaloon dalalgaa kun dhayinoo sadi qabaachuudhaan afwalaloo kaan irraa adda ta'a.Irra deddeebiin qubee dubbifamaa /b/fi qubee dubbachiiftuu /a/ jalqaba irratti ni mullata.Kunis xiyyeeffannaa yaadota buufata kana keessa jiraniif kennee jira.

Lammaffaa, walqixxummaafi dhikkisni afwalaloo kanaa birsaga isaatiin yeroo xiinxalamu kan armaan gadii fakkaata.

/Na/dhuk/ku/baa/kot/tuu/na/gaa/fa/dhuu,/=10
/Bid/deen/i/ja/la/ma/suk/kuum/ma/dhuu,/=10
/Bid/deen/ij/ji/la/ma/qub/na/ga/raa,/=10
/Ab/baa/ma/naa/kee/tii/fun/gaa/ka/naa,/=10
/Ab/baan/ma/naa/koo/tii/fun/gaa/mi/tii,/=10
/Na/bi/rat/tar/rab/suun/see/raa/mi/tii,/=10

Buufata afwalaloo dalagaa bifa shiiriitiin dhihaate kun birsaga kudhan qabaachuun sararoonni hundumti walmadaala.Bo'oo afwalaloo kana keessatti sagaleeniifi birsagni haqaman ni mul'atu.Sababni isaa akka yeedaloo isaatti yeroo sagaleeffamu yookiin weeddifamu kan uumamuudha.Buufata walaloo kana keessatti sararri tokkoffaafi sarara lammaffaan birsaga

dheeraa /-dhuu/ jedhuun mana rukutu.Sararri sadaffaafi arfaffaan ammoo birsaga dheeraa /-raa/ jedhuufi /-naa/ jedhuun mana rukuta.Sararri shanaffaafi jahaffaan ammoo birsaga dheeraafi walfakkaataa ta'een /-tii/ dhaan duma irratti mana rukutee jira.Afwalaloon kun bifa gaariin mana rukutee jira.Afwalaloo kana keessatti jechi /gaaleen/ "qubnagaraa" jedhu jecha afaan Amaaraa keessaa fudhatameedha.Kun ammoo amala afwalalooti.

Sadaffaa,sadarkaa utubaa birsagaa isaatiin yeroo xiinxallu ammoo unkaa armaan gadii kana arganna.

/-a/-u/-u/-aa/-o/-uu/-a/-aa/-a/-uu,/=A
/-i/-ee/-i/-a/-a/-a/-su/-uu/-a/-uu,/=A
/-i/-ee/-i/-i/-a/-a/-u/-a/-a/-aa,/=B
/-a/-aa/-a/-aa/-ee/-ii/-u/-aa/-a/-aa,/=B
/-a/-aa/-a/-aa/-oo/-ii/-u/-aa/-i/-ii,/=C
/-a/-i/-a/-a/-a/-uu/-ee/-aa/-i/-ii,/=C

Unkaa afwalaloo dalagaa bifa shiiriitiin dhihaate armaan olii wanti adda taasisu unkaa addaa bifa /AA-BB-CC/ kan mana rukutu ta'uu isaati.

31. Hinjaallannee akkana siin jechuu ,
Gubaannatti jabaate yaa michuu,
Sijaallataa ayibii sirrankaa'uu,
Siin waldhabee biyya kantaa'uu,

**Ibsa:** qabxiileen itti aanan buufata afwalaloo lakkoofsa 31 armaan olii kana irraa xiinxalameera.Tokkoffaa qindoomina afwalaloo armaan olii sarara afuriifi buufata tokko qaba.Afawalaloon kun qindoomina qaamota akka (sagaleelee,birsagoota,jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan) addaa irraa walitti qindaa'uun kan ijaarameedha.Jechoota afwalaloon kun irraa ijaarame yeroo ilaallu jechi dhuma bo'oo sarara jalqabaa lamaan "jechuu"kan jedhuufi"michuu" kan jedhu walfaana mana rukuta.Haata'u malee,sarara sadaffaafi arfaffaa irratti yeedalooon isaa jijjiiramee jira.Kunis,sababa bamaqaan"si"jedhu sarara sadaffaa jalqabarratti waan dabalameefi.Kunis,xiyyeeffannaa buufata afwalaloo kanaaf kennee jira.

Kanaaf, dhuma sarara sadaffaafi arfaffaa irratti jechi "kaa'uu"jedhuufi "taa'uu" jedhu walfaana galuun; sararri jalqabaa sarara lammaffaa waliin, sararri sadaffaan ammoo arfaffaa waliin akka mana rukutu taasisee jira.

Lammaffaa, baay’ina birsagaa qabaniin yoo walqixxummaafi dhikkisni isaa madaalamu kan armaan gadii kana fakkaata.

/Hin/jaal/lan/nee/ ak/ka/na/ siin /je/chuu,/=10

/Gu/baan/nat/ti/ ja/baa/te/ yaa/ mi/chuu,/=10

/Si/jaal/la/taa/ ay/bii/ sir/ran/kaa/’uu,/=10

/Siin/ wal/dha/bee/ biy/ya/ kan/an/taa/’uu=10

Sararri hundinuu birsaga kudhan kudhan qabaachuun walqixxummaa qabu.Sararri lamaan jalqabaa dhuma irratti birsaga /-chuu/ jedhu qabaachuun walfaana mana rukutee jira.Sararri dhumaa lamaan ammoo birsaga /-’uu/ jedhuun dhayinoo isa jalqabaa irraa bifa adda ta’een mana rukutee jira.

Sadaffaa,baay’ina utubaa birsagaa isaaniitiin ammoo akka armaan gadiitti xiinxalameera.

/-i/-aa/-a/-ee/ -a/-a/-a/ -ii- /-e/-uu,/=A

/-u/-aa/-a/-i/ -a/-aa/-e/ -aa/ -i/-uu,/=A

/-i/-aa/-a/-aa/ -a/-ii/ -i/-a/-aa/-uu,/=A

/-ii/ -a/-a/-ee/ -i/-a/ -a/-a/-aa/-uu=A

Utubaa birsagaa isaan qaban irratti hundaa’ee sararoonni afwalaloo armaan olii yeroo xiinxalamu unkaa /AAAA/ tiin mana rukutee jira.Haata’u malee jechoota isaanii isa sarara yookiin bo’oo afwalaloo dhumarra jiru arfan gaafa ilaallu ammoo unkaa kana ni faallessa.Fakkeenyaaf ,jechi bo’oo jalqabaa dhumarra jiru “jechuu” kan jedhu “michuu” kan jedhuu waliin mana rukuta.Jechi sarara sadaffaa dhumarra jiru ammoo “kaa’uu” kan jedhu ammoo jecha bo’oo walaloo dhumarra jiru “taa’uu” kan jedhu faana mana rukuta.Kanaaf sadarkaa jechaatti yeroo ilaalamu unkaa /AA -BB/ tiin mana rukutee jira.

32. Magaalleeniif diimtuun jarrii lachuu,
Maaliif barrii qabanii dhaabbachuun ?
Maaliif barrii qabanii dhaabbachuun ?
Imimmaan jaalalaa lolaafachuun,
Imimmaan jaalalaa yaa gubaasaa,
Namni namaanbeeku akkaataasaa,

**Ibsa:** Afwalaloo dalagaa bifa shiiriitiin lakkoofsa 32 irratti dhihaate kana irraa qabxiileen armaan gadii xiinxalamaniiru.Tokkoffaa afwalaloon kun sagalee,birsagoota, jechoota, gaaleewwaniifi ciroo bifa qindaa’een kan ofkeessaa qabuufi sararri jalqabaa sarara arfaffaa waliin mana dhaha.Sararri shanaffaan ammoo sarara jahaffaa waliin mana rukuta.As keessatti

bo’oo lammaffaan akkuma jirutti bo’oo sadaffaa irratti irra deebi’amee jira.Kunis,yeroo sirba kana keessatti sagaleedhaan irra deebi’amee jedhamu yeedaloo gaarii akka argatuuf gumaachee jira

.Lammaffaa baay’ina birsagaa afwalaloo bifa shiiriitiin dhihaate kun akka itti aanee jirutti xiinxalameera.

/Ma/gaal/lee/niif/diim/tuun/ jar/rii lac/huu,/=10

/Maa/liif/ bar/rii/ qa/ba/nii/ dhaa/ba/chuun?=10

/Maa/liif/ bar/rii/ qa/ba/nii/ dhaa/ba/chuun?/=10

/I/mim/maan/ jaa/la/laa/ lo/laa/fa/chuun,/=10

/I/mim/maan/ jaa/la/laa/ yaa/ gu/baa/saa,/=10

/Nam/ni/ na/maan bee/ku /ak/kaa/taa/saa,/=10

Afwalaloon lakkoofsa 32 armaan olii kun sarara jaha kan qabuufi sararoonni hundi birsaga kudhan qabu.Afwalaloon kun afwalaloo wal madaalaadha.Akkasumas,irra deddeebiin birsagootaa, jechootaafi ciroowwanii yeedalooisaa miidhagsuuf tajaajileera.Fakkeenyaaf, sararri lammaffaan bifa gaaffiitiin kan dhihaateefi akkauma jiruun irra deebi’amee jira.Sadaffaa utubaa birsagaa isaatiin ammoo kan armaan gadii kana fakkaata.

/-a/-aa/-ee/-ii/-ii/-uu/ -ar/-ii /-a/-uu,/=A

/-aa/-ii/ -a/-ii/ -a/-a/-ii/ -aa/-a/-uu?/=A

/-aa/-ii/ -a/-ii/ -a/-a/ii/ -aa/-a/-uu?/=A

/-I/-i/-aa/ -aa/-a/-aa/ -o/-aa/-a/-uu/,/=B

/-I/-i/-aa/ -aa/-a/-aa/ -aa/ -u/-aa/-aa,/=B

/-a/-i/ -a/-aa/ -ee/-u/ -a/-aa/-aa/-aa,=B

Utubaa birsagaa armaan olii irratti sararoonni hundi isaanii dhayinoo gidduufi kan dhumaa qabu.Fakkeenyaaf,sarara lammaffaa gidduu irratti /-ii/,sarara ,arfaffaa,shanaffaafi jahaffaa irratti ammoo utubaa birsagaa dheeraa /-aa/dhaan gidduu bo’oo afwalaloo irratti mana rukutee jira.Dhuma sararoota afwalaloo dalagaa bifa shiiriitiin dhihaate kana irratti ammoo utubaa birsagaa dheeraa /-uu/ sarara tokkoffaa hanga arfaffaatti dhayinoo walfakkaataa kan qabu yoo ta’u,sarara shanaffaafi jahaffaa dhuma irratti ammoo utubaa birsagaa dheeraa /-aa/dhaan mana rukutee jira.Kanaafuu afwalaloon kun unkaa addaa bifa /AAAA-BB/tiin mana rukutee jira.

33. Dhiisi hinwayyuu lakkii dhiisi hinwayyuu,

Jaalalli kee natti kaase bowwuu,

Buufata afwalaloo armaan olii kana irraa qabxiilee armaan gadii xiinxalameera.Tokkoffaa afwalaloo dalagaa bifa shiiriitiin dhihaate armaan olii kun buufata tokko kan ta'eefi sarara lama kan of keessaa qabuudha.Afwalaloo kana wanti adda taasisu bo'oo lama qabaachuufi dhayinoo gidduu qabaachuu isaati.Fakkeenyaaf,sarara tokkoffaa keessatti ciroon /gaaleen /"dhhisi hinwayyuu" jedhu sarara sararuma kana keessatti irra deebi'amee jira.Irra deebiin ciroo /gaalee/kanaa ammoo sarara tokkoffaa keessatti dhayinoo gidduu akka qabaatu godhee jira.Sarara lammaffaa keessatti ammoo dhayinoo gamisaa yookiin birsaga qofaan walfakkaachuun gidduutti mana rukutee jira.Jechi kunis,"kee" kan jedhuufi "kaasee" kan jedhu utubaa birsagaa /-ee/ dhaan walfakkaatanii jiru.Kun ammoo dhayinoo guutuu kan jecha guutuun walfakkaate osoo hin taanee walakkaan yookiin gamisaan kan mana rukuteedha.Lammaffaa walqixxummaa birsaga isaanii irratti hundaa'uun akka itti aanutti xiinxalameera.

/Dhii/si/ hin/way/yuu/ lak/kii /dhii/si/ hin/way/yuu,/=12
/Jaa/lal/li/ kee/ nat/ti /kaa/see/ bow/wuu/=10

Buufata afwalaloo bifa shiiriitiin dhihaate armaan olitti kana keessatti sararri tokkoffaan birsaga kudha lama qaba.Sararri lammaffaan ammoo birsaga kudhan qaba.Afwalaloo kana wanti adda godhu sarara lama qabaachuu,heddumina baay'ina birsagaafi walqixxummaa dhabuu isaati.Sadaffaa utubaa birsagaa isaanii irratti hundaa'uun yeroo xiinxalalmu ammoo kan armaan gadii kana fakkaata.

/-ii/-i/ -i-/-a-/-uu/ -a-/-ii /-ii/-i/ -i-/-a-/-uu,/=A
/-aa/-a-/-i/ -ee/ -a-/-i /-aa-/-ee/ -o-/-uu/=A

Sararri tokkoffaan utubaa birsagaa dheeraa shaniifi gabaaba torba qaba.Akkasumas,dhayinoo gidduu qaba.Sararri lammaffaan ammoo utubaa birsagaa dheeraa shaniifi utubaa birsagaa gabaabaa shan qabaachuun wakqixxummaa birsagaa bo'oo afwalaloo keessaa kan qabuudha.Dabalataan dhayinoo gidduu gamisaan qaba.Afwalaloon kun walqixxummaa buufatarraa kan hin qabne ta'us,walqixxummaa utubaa birsagaa bo'oo lammaffaa keessatti waan qabuuf unkaa bifa /AA/tiin dhuma bo'oo irratti mana rukutee jira.Kanaafuu,afwalaloon dalagaa kun bo'oo lama qabaachuun,sarara dheeraa yookiin birsaga heddu sarararraa qabaachuun,walqixxummaa kan hin qabne ta'uufi afwalaloo cimdii tokkoo ta'uun isaa afwalaloo dalagaa bifa shiiriitiin dhihaate biro irraa adda isa taasisa.

34. Guraamalee athalkan hindhuftuu guyaa malee,
Athalkan hindhuftuu guyyaa malee,

Kee qabbanninjiruu gubaa malee,

**Ibsa**: Buufata afwalaloo 34 irratti dhihaate armaan olii kun buufata tokko yoo ta'u, bo'oo yookiin sarara sadi kan qabuudha.Afwalaloo kana keessatti dhayinoon gidduu bo'oo keessatti ni mul'ata.Fakkkeenyaaf,sarara tokkoffaa keessatti gaaleen yookiin jechi "guraamalee" jedhuufi "guyyaa malee"jedhu bo'oo gidduutti mana rukutee jira.Irra deddeebiin jechootaafi ciroowwanii kan mula'atuudha.Laammaffaa walqixxummaa birsagaafi dhayinoo /dhikkisa/ qabaachuu isaa akka armaan gadiitti xiinxalameera.

/Gu/raa/ma/lee/ at/hal/kan/ hin/dhuf/tuu/ guy/yaa/ ma/lee,/=14

/At/hal/kan/ hin/dhuf/tuu/ guy/yaa/ ma/lee,/=10

/Kee/ qab/ban/nin/ji/ruu/ gu/baa/ ma/lee,/=10

Afwalaloon armaan olii kun bo'oon jalqabaa birsaga 14 kan qabu yeroo ta'u, sararri lammaffaafi sadaffaan ammoo birsaga 10'n qabu.Sadaffaa utubaa birsagaa isaan qabaniin yeroo xiinxalamu unkaa armaan gadii kanatu argama.

/-u/-aa/-a/-ee/ a-/-a-/-a-/ -i/-u-/-uu/ -u-/-aa/ -a/-ee,/= A

/A-/-a-/-a-/ -i-/-u-/-uu/ -u-/-aa/ -a/-ee,/=A

/-ee/ -a-/-a-/-i-/-i/-uu/ -u/-aa/ -a/-ee,/=B

Afwalaloon kun dhayinoo gidduu qaba.Fakkeenyaaf,bo'oo jalqabaa irratti jechi/gaalee/ guraamalee jedhu keessatti utubaa birsagaa /-u-/-aa-/-a-/-ee/ jedhu qaba.Bo'oo lammaffaa keessatti dhuma bo'oo irratti ammoo jecha "guyyaa malee" jedhu keessatti utubaa birsagaa /-u-/-aa-/-a/-ee/jedhu qaba.Kun ammoo dhayinoo gidduu qabaachuu isaa agarsiisa.Afwalaloon kun afwalaloo utubaa birsagaa dheeraa qabu,dhayinoo gidduu kan qabu,irra deddeebii kan qabu ;walqixxummaa kan hin qabneefi unkaa bifa /AAA/ tiin kan mana rukutuudha.

35. Yaamucattii magaala kuulanii,

Utuu abaabbaliin si fuudhanii ,

Haasa'adhee fuuuchuuf lafti gannaa,

Barrii boroo banii wajjin bannaa,

**Ibs**a: afwalaloo dalagaa buufata armaan olii lakkoofsa 35 irratti dhihaate irraa qabxiileen armaan olii xiinxalameera.Tokkofaa afwalaloon dalagaa kun qindoomina sagaleelee, jechootaa, gaaleefi ciroowwan walitti dhufee kan ijaareedha. Afwalalon kun buufata tokko kan qabu yeroo ta'u, sararri tokkoffaan sarara lammaffaa waliin kan mana rukutuufi sararri sadaffaan ammoo arfaffaa waliin mana rukutee jira.Lammaffaa walqixxummaa birsagootaa fi safari isaa akka armaan gadiitti xiinxalameera.

/Yaa/mu/cat/tii/ ma/gaa/la/ kuu/la/nii,/=10

/ U/tuu/ a/baab/ba/liin/ si/ fuu/dha/nii ,/=10

/Haa/sa/'a/dhee/ fuu/chuuf/ laf/ti/ gan/naa,/=10

/Bar/rii/ bo/roo/ ba/nii/ waj/jin/ ban/naa,/=10

Afwalaloon kun birsagoota kudhan qabaachuun sararri arfanuu walqixxummaa qaba; kanaafuu yeedaloo gaarii qaba.Sadaffaa utubaa birsagaa isaan qabaniin ammoo yeroo xiinxalamu unkaa armaan gadii kennee jira.

/-aa/-u/-a/-ii/ -a/-aa/-a/ -uu/-a/-ii,/=A

/ U/-uu/ -a/-aa/-a/-ii/ -si/ -uu/-a/-ii ,/=A

/-aa/-a/-a/-ee/ -uu/-uu/ -a/-i/ -a/-aa,/=B

/-a/-ii/ -o/-oo/ -a/-ii/ -a/i/ -a/-aa,/=B

Afwalaloon armaan olii kun dhayinoo gidduu qaba.Fakkeenyaaf, sarara tokkoffaa irratti utubaa birsagaa /-ii/ dhaan gidduufi dhuma irratti mana rukuta.Sarara lammaffaa irratti ammoo utubaa birsagaa dheeraa /-aa/dhaan gidduufi dhuma irratti mana dhahee jira.Kanaafuu, afwalaloon kun unkaa bifa /AABB/ tiin mana rukutee jira.

36. Ababbaanis hingeenye jedhanii
Imammaanis hingeenye jedhanii,
Hingeenyeekoo maalitti beekanii,
Taa'ee harrii baasuukoo eeganii,

37. Kan ababbaa beeka qoppoosaanii,
Itti gubeen deemaa godoosaanii,
Kan immammaas beekaa qoppoosaanii,
Garagalcheen deemaa bukoosaanii,

**Ibsa:** buufata afwalaloo armaan olii irraa qabxiileen itti aanan xiinxalamaniiru**.**Tokkoffaa afwalaloo sirbaa bifa shiiriitiin dhihaate armaan olii kun qindoomina sagalootaa,jechootaa gaaleewwaniifi ciroowwan walitti ijaaramuun buufata kana kan ijaaraniidha.Qindoomina buufata afwalaloo armaan olii kan adda taasisu buufatni lama yaada walirratti rarra'e qaban walfaana hiriiruu isaaniiti.Buufatni tokkoffaan sarara afur qaba;buufanni lammaffaanis akkasuma sarara afur qaba.Buufatni kun irra deddeebii jechootaa kan qabuufi irra deddeebiin jechootaa kun ammoo yeedaloo gaarii akka qabaatuuf gumaachee jira.Lammaffaa walqixxummaa baay'ina birsagaa qabaniin ammoo akka armaan gadiitti xiinxalamee jira.

/A/bab/baa/nis/ hin/gee/nye/ je/dha/nii/=10

/ I/mam/maa/nis/ hin/gee/nyee/ je/dha/nii/=10

/Hin/gee/nyee/koo/ maa/lit/tii/ bee/ka/nii/=10

/Taa/’ee/ har/rii/ baa/suu/koo/ee/ga/nii=10

/Kan/ a/bab/baa/ bee/ka/ qop/poo/saa/nii/=10

/It/ti/ gu /been/ dee/maa/ go/doo/saa/nii/=10

/Kan/ im/mam/maas/bee/kaa/ qop/poo/saa/nii/=10

/Ga/ra/gal/cheen/ dee/maa/ bu/koo/saa/nii=10

### 4.3 Caasaa Sirba Fuudhaafi Heerumaa Kaadhimatanii Fuudhuu

Caasaan akkaataa afwalaloon sirba fuudhaafi heerumaa itti qindaa’e,akkaataa buufanni afwalaloo kun itti qindaa’e irratti xiyyeeffata.Caasaan haala ijaaramaafi duraa duuba qabiyyee sirbi fuudhaafi heerumaa ittiin dhihaatuudha.Haala jechoonni walitti dhufanii sararoota afwalaloo uuman,haala walqixxummaa sararootaa, hariiroo dhayinoo (rhyme)fi yeedaloo gidduu jiruufi amaloota kanaan wal qabatan kan ilaaluudha.Askeessatti unkaafi caasaan hiika walitti dhihaatan haa qabaataniyyuu malee garaagarummaa guddaa qabu.Caasaan akkaataa qindaa’ina yaadaa,akkaataa ijaarama waliigalaa waan jedhameefi barreeffameen ala jiran gidduu hariiroo jiru irratti kan xiyyeeffatuudha.Unkaan garuu waan barreeffame sana yookiin waan jedhame sana qofa irratti xiyyeeffata.Akkasumas wanti barreeffame yookiin jedhame maal irratti hundaa’eeti isa jedhu giddu galeeffata.

Bifa kanaan sirbi fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu sirba aadaa kan ta’eefi hirmaattonni isaa irra caalaan dargaggeessa akka ta’e, yaadni odeeffannoo kennitoota lamaan armaan gadii nu hubachiisa.Odeeffannoo kennitoonni kunis AJ fi MA yoo ta’anu, maalummaa sirba kanaatiin wal qabsiisuun yaanni isaan kaasan akka itti aanutti dhihaateera.” Sirbi kun sirba aadaa kan ta’eefi dargaggeeyyin kan taphatamu, meeshaalee muuziiqaa keessaa dibbee yookiin kabaroo fayyadamun gurmuu walhin caalleen kan taphatamuudha” jedhu.Yaada kana irraa kan hubatamu hirmaattonni sirba kanaa keessatti qooda fudhatan umuriin yeroo ilaalamu dargaggeeyyii akka ta’eefi, akkaataan sochii isaanii akka wal hin faallessineef gurmuun yookiin dhaabbii walqixa ta’een kan taphatamu ta’uu isaati .

Akkaataa walsimannaa afwalaloofi yeedaloo sirba fuudhaafi heerumaatiin wal qabatee odeeffannoo kennaa TA’n akkas jedha “namni hundi sirba kana baasuus ta’ee dibbee rukutuu hin danda’u, sababni isaas namni hundi hin beeku waan ta’eef, yeedaloo dalagaa namarkatti

balleessa"jedha.Yaanni kunis caasaan akkaataa sirba keessatti walalooniifi yeedaloon walfudhatee itti deemu kan nu hubachiisuudha.Namni sirba kana baasuufi kan dibbee rukutu nama beeku ta'uu qaba jechuudha.

Sirbi fuudhaafi heerumaa afwalaloo gaggabaabaan kan dhihaatuufi shiiriis of keessaa qabu akkasums bifa wajalaa qabuutiin kan dhihaatuudha. Sochii taasifamu irratti hundaa'uun gosti dalagaa kun oltumee, gattumeefi goonnaa yookiin dalga kan taphatamuudha.

"Sirba kana keessatti osoo walaloon hin jijjiiramin sochiifi yeedaloon isaa jijjiiramuun gosoota dalagaa jijjiiruu danda'a.Gosoonni dalagaa kunis, ashamaamee, ashamaabboo, aalan aalan, habaaboo birraa, akka ta'e cuunfaa yaada odeeffannoo kennitoota" AJ,DIfi MA irraa hubatameera.
Walumaagalatti, akkaataa qindeeffama afwalaloo sirbaa keessatti haala sagaloonni itti walitti dhufuun birsaga, birsagni ammoo walitti dhufuun jechoota,jechoonni ammoo gaaleewwan, gaaleewwan ammoo sararoota,sararoonni ammoo walitti dhufuun buufata walaloo itti uumaniifi qindaa'ina yaada walii galaa afwalaloo kanaa akka armaan gaditti dhihaateera.

### 4.3.1 Safara Birsagaa

Safarri walaloo baay'ina birsagaa bo'oo irra jiru lakkaahuun wal qixxummaa isaa madaaluuf kan nu tajaajiluudha.Fakkeenyaaf,

38. Barcumaan na dhahii
    Caccabee ciisinnaa
    Achumaan na gahii
    Dadhabee dhiisinnaa

Walaloon armaan olii kun sarara afur of keessaa qaba.Sararri walaloo inni jalqabaa sarara walaloo isa sadaffaa waliin mana rukuta.Kana jechuun dhayinoon walaloo sarara 1ffaa sarara 3ffaa faana mana rukutee jira jechuudha."barcumaan nadhahii "sararri walaloo jedhuufi "achumaan nagahii " isa jedhuu waliin mana rukutee jira.Sararri inni 2ffaan immoo sarara isa 4ffaa waliin mana rukutee jira.Kunis,"caccabee ciisinnaa " kan jedhu "dadhabee dhiisinnaa" isa jedhu faana mana rukutee jira.

39. Loon Agaloo beerruu,
    Ku saayee dheedanii,
    Waanan jedhe hin beekuu

Sirraa na eeganii, (x2)

Walaloon armaan olii kunis sarara sadaffaa irraa kan hafe sararri hundinuu baay'ina birsagaa wal qixa qabu.Sararri tokkoffaan sarara sadaffaa waliin kan mana rukutuudha.Walaloo kana keessatti sararri walaloo tokkoffaan birsaga 6 kan qabu yommuu ta'u,sararri walaloo inni sadaffaan ammoo birsaga 7 qaba.Haa ta'u malee sarara walaloo isa sadaffaa irratti birsagni inni shanaffaan caasaan haa mul'atuyyuu malee yommuu dubbifnu amala liqinfamuu waan qabuu birsaga tokko kan irra utaaluu ta'a.Kanaaf,yommuu dubbifnu waan liqimfamuuf sararri lamaan safara walqixa akka qabaatan godhee jira.

Gama sarara lammaffaafi sarara sadaffaatti yommuu ceenu ammoo baay'inni birsaga bo'oowwan kanneenii wal qixa.Kanaaf walqixxummaa waan qabuuf yeedaloo miidhagaa ta'een mana rukuta.Askeessatti,kan beekamuu qabu qubeen dubbachiiftuun qofaa dhaabbachuun birsagni uumuu akkasiin dandeessuudha.Gama kaaniin bifa'abab'tiin sararri jalqabaa sarara sadaffaa waliin,sararri lammaffaan ammoo sarara sarara arfaffaa faana kan mana rukute ta'uu isaati.

**4.3.2 Sarara /Toora / Verse/**

Akkuma beekamu afwalaloon bo'oolee bifa adda addaatiin mana rukutu qabaachuun beekama.Bo'oon kun garee sararootaa amala adda addaa qaban irraa kan ijaaramu ta'ee, sararoonni bo'oo tokko keesssa jiran mana rukuttaa qabaachuus dhiisuus danda'u.Tokko tokkoon sarara walaloo keessatti sagaleen walitti dhufee birsaga,birsagni ammoo walitti dhufee jecha, jechi ammoo walitti dhufee gaaleefi ciroo uuma.Askeessatti,wanti hubatamuu qabu, gaaleen kan hafuura tokkoon dubbifamu,jechi kan hiika qabuu,birsagoonni kan hiika qabaachuus qabaachuu dhabuus danda'uufi sagaleen ammoo kan hiika hin qabneedha.Haaluma kanaan, mee fakkeenya armaan gadii haa ilaallu.

40. Salaaleen loon yaasee ,
Cuffachiisa qarmii,
Magaallee koon yaadee,
Dhungachiisa maddii (x2)

Walaloon armaan olii kun sarara afur qaba.Sararoonni jalqabaa lamaan amalaafi yaada wal fakkaatu of keessaa qabu.Tajaajilli isaanii ergaa bo'oowwan itti aanu keessatti dhufan tumsanii ergaa guutuu akka dabarsu taasisuudha."salaaleen loon yaaasee" kana jechuun "loon bobbaase" jechudha.Sararri lammaffaan ammoo "cuffachiisa qarmii" kana jechuun loon

yaasuun akka isaan qarmii yookii ooyiruu midhaan irraa haamamee gale keessa akka dheedaniifi.Sararoonni walaloo kun lamaan amala adda addaa qabu.Sararri walaloo itti aanu lamaan ammoo‘magaallee koon yaade’ kan jedhuufi “dhungachiisa maddii“ isa jedhuudha. Ergaan walaloo inni jabaan sararoota dhumaa lamaan irra kan jiru yommuu ta’u, sararri duraa lamaan ammoo jara kana kan tumsan ta’uu isaanii nu hubachiisa.

Gama biraatiin ammoo yommuu ilaallu”salaaleen loon yaaasee” kan jedhu ciroo hirkataa yommuu ta’u, gaalee, jechaa, birsagaafi sagaleetti qaama qoqqoodamuu danda’u ta’uu isaati.

41. Ka’ii gaara baanaa
Xaaqiyyaa dhoofsisuu
Nusoo maashoo qabnaa
Maaliif nu doorsisuu ?(x2)

Walaloon armaan oliin kun illee walaloo bo’oo afur qabu yommuu ta’u, ciroowwan gaalee, jechoota, birsagootaafi sagaleetti qoodamuu danda’an of keessaa qaba.Sararoonni jalqabaa lamaan amala yookiin qabiyyee walfakkaatu kan qaban yommuu ta’u ergaawwan gama sarara dhumaa irra jiran lamaan tumsuuf kan dhufaniidha.

42. Ababbaa yaa dahee,
Duwaa’ii naaf kadhaa,
Mucaa sana fuudheen,
Niyyaa koo guuttadhaa (x2)

Afwalaloon lakkoofsa kudha salgaffaa armaan olii kunis, sarara afur kan qabuufi ciroowwan, gaalee, jechootaafi birsagoota adda addaatti adda hiramuu kan danda’uudha.

Walumaagalatti,sararri walaloo bakka dubbisaan aaragalfatee yookiin afuura baafatee yaada walaloo sanaa itti hubatuufi xiinxaluudha.Bo’oon walaloo haala garaagaraatiin uumamu ammoo ergaa walaloo sana dabarsuu keessatti shoora guddaa qaba.Fakkeenyaaf,akkuma walaloowwan armaan olii keessatti kaafnetti sararri jalqabarraa lamaan qabiyyee ergaa gama dhumaarra dhufan tumsuuf kan tajaajilan ta’uu hubanneerra.

### 4.3.3 Buufata (Stanza)

Buufatni yookiin aangiin walaloo sararoota walaloo adda addaa kan of keessaa qabuufi ergaa tokko dabarsuu irratti kan xiyyeeffatuudha.Aangiin yookiin dhukni dhayinoolee wal cinaa hiriiree ergaa tokko kan dabarsuudha.

Buufatni akaakuu adda addaa qaba.Innis,baay'ina toora yookaan sarara irraa uumameetiin murtaa'a.Fakkeenyaaf,walaloon bo'oo lama yookiin toora lama qabu buufata toora lamaa /two lines stsnza/couplet/jedhama.Kan bo'oo sadi qabu buufata toora sadii /three lines stanza /trecet/ yommuu jedhamu kan sarara afur qabu ammoo buufata toora afurii /four lines stanza/jedhamuun beekama.Fakkeenyaaf,

43. Makiinaa sii bituu ?
    Isa walharkisuu,
    Rakkoo guntuta kee
    Rabbi nan hanqisuu (x2)

Buufatni afwalaloo lakkoofsa 43 irratti dhihaate kun sararri jalqabaa isa lammaffaa waliin,inni lammaffaa isa sarara arfaffaa faana mana rukuta.Sararri sadaffaan garuu sarara kamiyyuu waliin mana hin rukutu.Haata'u malee yaadota sarara tokkoffaafi lammaffaa keessatti ka'an irraa bifa adda ta'een yeedaloo isaa jijjiiruun ergaa dabarfamuu barbaade kan sarara arfaffaa irratti argamu akka galma gahu godheera.Yaanni dabarfamuu barbaade makiinaa bituu utuu hin taanee,hintala jaallatan faana buluu waan ta'eefi.

44. Loon Agaloo beerruu,
    Kusaayee dheedanii,
    Waanan jedhe himbeekuu,
    Sirraa na eeganii.

Buufata afwalaloo lakkoofsa armaan olii irratti yaada waliif faallaa ta'an walitti fiduun ergaa sarara dhumaa irra jiru galmaan gaheera.Sababni isaa loon kusaayee hin dheeddu.Garuu kan barbaadame akka walirraa eegaman ibsuudha waan ta'eefi.

Afwalaloon sirbaa tartiiba lakkoofsa 43fi 44 irratti dhihaatan buufata tokko tokko kan ta'aniif fakkeenya walaloo sarara afurii /four lines stanza/ ta'uu kan danda'aniidha.

## 4.4 Faayidaa Afwalaloo Sirba Fuudhaafi Heeruma Kaadhimatanii Fuudhuu

Faayidaan afwalaloo sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu gorsuu,qeequu, miidhagina/fokkisina/,jaalala,yaaddoo,gaabbii,duudhaa hawaasaa jajuu/tuffachuu/fi arrabsuuf kan oolaniidha.

### 4.4.1 Gorsuuf

Faayidaa afwalaloo sirba fuudhaafi heerumaa keessaa inni jalqabaa gorsuudha.Sababni isaas,namoota muuxannoo mana bulchuu hin qabne akka yaadaafi qalbiin bilchaataniif gorsa cimaa sirba kena keessaan argatu.

45. Yoo mana ijaarratan ,
 Daarii somboo wayyaa,
 Yoo nama jaallatan,
 Gaarii tokko wayyaa (x2)

Ergaan buufata afwalaloo armaan olii irraa hubatamu; manni bakki itti ijaaramuu qabu bakka jireenyaaf gaarii ta’e ta’uufi namni tokko ammoo nama jaallachuuf filachuu akka qabu nu hubachiisa.Faayidaan afwalaloo kanaas dalaga yookiin sirba kana keessaa ergaa bal’aa nama jaallattu filannoon jaallachuu akka qabdu yookiin qabu waliif dhaamuu isaanii nu hubachiisa.Namni nama adda addaa jaallatu booda rakkoo keessa seena waan ta’eef bifa kanaan waliif dhaamu.

46. Cabsi siinittii kee,
 Isii bunaan dhugduu,
 Galchi niitittii kee,
 Isii guyyaa mugduu (x2)

Afwalaloon buufata armaan olii kunis dhaamsa bal’aa of keessaa qaba.Kunis, kallattiidhaan niitii kee galchi jechuu irra dalaga keessaan niitii amala badaafi kan guyyaa mugdu yookiin kan hojii hin beekneefi boosettii yoo taate cina galaan ergaa dabarsu.Shamarri heerumtus yommuu alagaatti heerumtu itti gaafatamummaa bal’aan akka isiirra jiru beektee akka ofqopheessituuf dhaamsa guddaa dabarsuuf.Abbaan manaa yookiin dhirsis sirba sana keessatti akka armaan gadii kanatti deebii kenna.

47. Hin cabsu siiniikoo
 Nan hodhadhaa malee
 Hin galchu niitii koo
 Nan gorfadha malee (x2)

Kanarraas, wanti hubatamu namni gorfamee kan sirraahuu danda’u ta’uufi gara gaa’ila diiguutti arifatamee seenamuu akka hin qabneefi obsuufi gorsuun akka barbaachisu bifa ittiin waliif dhaamaniidha.

### 4.4.2 Qeequuf

Buufatni afwalaloo armaan gadii ammoo ergaa qeequu kanneen of keessaa qabaniidha.Mee akka itti aanutti tokko tokkoon haa ilaallu.

48. Buna hammaatii mannaa ,
    Aggoo durii wayyaa,
    Durba hammaatii manna,
    Gursee durii wayyaa, (x2)

Afwalaloon kun ammoo durbi gaafa heerumtu sabbata hiikkattee /durbummaa ishee /gattee kan heerumtu yoo taate bifa kanaan arrabsu.Kunis,buna 'aggoo' jechuun kan keessaa funaanamee dhume yoo ta'u,gurseenis kan heerumtee baate waan taateef,ishii heerumtee baate wayya jechuun akkasitti sirba/dalaga/ keessaan kan arrabsaniidha.Kunis,akka shamarran heeruma dura saalqunnamtii hin gaggeessineef isaan eega.

49. Qilxuu boroo kanaa
    Osoleet yaabemoo
    Ijoollettii keenyaa
    Mogoleet laafemoo (x2)

Walaloo armaan olii kana irraa wanti hubatamu ammoo dargaggoonni yoo kan sirriitti hin dalagne/hin sirbine/ta'e akka sirriitti ho'isanii sirbaniif kan ittiin wal arrabsaa sirbatti wal kakaasaniidha.

50. Buttoo lafa xaafii
    Asaangirrii nyaatee
    Ilmoo namaa gaarii
    Gabaabinnii nyaatee (x2)

Afwalaloon kunis,kan ibsu mucaan fuudhu sun yoo gabaabaa ta'e kallattiin gabaabaadha jechuu irra sirba keessaan bifa ittiin gabaabina isaa ibsaniidha.

51. Dhagaa buqqisanii ,
    Walhammachiisanii,
    Ajaa dubbisanii,
    Of arrabsiisanii (x2)

Ergaan afwalaloo armaan olii kun ammoo nama namaaf hin taane yoo kaadhimatan yookiin yoo haasa'atan kan nama arrabsu ta'uufi utuu kaadhimachuutti hin seenin dura waan

hundumaa ilaaluun akka barbaachisu nu habachiisa.Arraba haafakkaatuyyuu malee keessoon isaa ergaa bal'aa qaba.

52. Jarri buna dhaabdan
    Gadi hin fageessinaa
    Jarri durba qabdan
    Gatii hin jabeessinaa (x2)

Kun ammoo maatii shamarraniitiif ergaa bal'aa dabarsa.Kunis, akka aadaa hawaasa biratti barameetti durbi geese heerumuu qabdi waan ta'eef, utuu gatii hin jabeessin heerumsiisaa yookiin nama kadhateef kennaa yaada jedhu qaba.

### 4.4.3 Miidhagna Ibsuuf

Afwalaloo sirba fuudhaafi heerumaa inni biroon miidhaginaafi fokkisina nama tokkoo ittiin jajuu yookiin busheessuudha.Walaloowwan kanneenis akka itti aanutti haa ilaallu.

53. Yaa mucattii mataan dugda keessaa,
    Siduukaan galamoo singaggeessaa ?
    Na duukaa hin galinii na gaggeessii,
    Azal booddee jiraa of jabeessii (x2)

Walaloon armaan olii kun hintalli yookiin dubarri tokko miidhagina akkamii akka qabdu kan agarsiisuudha.Ulaagaa miidhagina shaamarranii ibsu keessaa inni tokko dheerina rifeensaa waan ta'eef bifa kanaan miidhagina ishii ibsee jira.

54. Abbaan kee amaaraa
    Yaa mooticha maaruu
    Afaan kee sukkaaraa
    Kan soogidda caaluu (x2)

Inni kun illee akkuma afwalaloo armaan olii miidhagina dubara dinqisiifatee tokko sukkaara fakkeessuun ibsuu isaa hubanna.

### 4.4.4 Jaalala Ibsuuf

55. Abbaa maccattiikoo
    Baqaqsituu surree
    Dhufte ijoolleen keenyaa
    Maraachituun kun yee!! (x2)

Buufatni walaloo armaan olii kun kan agarsiisu cimina yookiin bareedina jarri qaban agarsiisa.Askeessatti shamarran yookiin dargaggeessi bifa kanaan kan walfaarsu.

56. Asiin gadi buutee
Karaa Makkanniisaa
Afaan dammee gootee
Akka ilmaan kanniisaa (x2)

Walaloo kana keessatti yeroo baay'ee hawaasa keessatti bareedina dammaan walfakkeessun kan ibsu.

57. Ijji bunaa lamaa ,
Kan harbuu jaatamaa,
Garaan wal jaallatuu,
Wal arguuf raafama (x2)

Namni waljaallatu yoo adda fagaate bifa walaloo armaan olii kanaan ergaafi yaaddoo waliif qaban akkasitti waliif dabarsu.Kana jechuun,namni wal jaallatu kamoonni dhoksaan wal jaallatu garaadhaan akkanni wal jaallatu wal agarsiisa.

58. Wantan sarboo dhaquuf
Safara shunkurtaa
Wantan qalbii dhabuuf
Magaala shurrubbaa (x2)

Askeessatti ammoo bifa shamarri qabdu irratti hundaa'uun bareedina isii akkasitti jajanii faarsuun dalaga keessaan ergaa dabarsu .

59. Yaa Kamisee Limmuu,
Biqiltuu gaatiraa,
Yaa jaalala michuu,
Ha caaltu kan biraa (x2)

Askeessattis,gatiin jaalalaaf kenname guddaa ta'uu isaa nu hubachiisa.

### 4.4.5 Yaaddoo Ibsuuf

60. Shaggar baana hin seenee
Shaggar banee kunoo
Gargar baana hin seenee
Gargar banee kunoo (x2)

Namoonni baay'ee waljaallatu sababa adda addaan gaafa bahanu keessumattuu hintalli eerumtu hiriyaa jaallattu irraa gaafa adda baatu akkas jechuun yaaddoo qabdu ibsiti.

61. Walirraa fagaannee
Hamma sharqiif garbii
Walittuu deebinaa
Gaafa guyyaa rabbii (x2)

Afwalaloo kana namoota yeroodhaaf walbira hin jirretu bifa kanaan yaaddoo qaban sirba keessaa keessaan waliif dabarsu. Walarguun akka rabbi jedhee jechuu isaaniiti.

62. Hin jaallannee akkana siin jechuu
gubaannatti jabaate yaa michuu ( x2)

Namoonni wal jaallatan lamaan yeroo walitti mufatanu jecha ulfaataadhaan wal arrabsuun boodammoo deebisanii wal araarfatu.Kunis,walaloodhaan akka armaan oliitti ibsamee jira.

63. Guggubadhee gubaasa hin beekamnee ,
kan aaliin koo argee nan dheekkamnee,
Halkan suufiin dhibbaa nama hin bulchuu ,
Akkamiitti obsanii taa'an michuu (x2)

Walaloo armaan olii kana kessatti namni dhoksaan wal jaallatu tokko utuu jaalala isaa hin ibsin yeroo dheeraaf gaafa turan akkasitti gubaa qaban ibsu.Akkasumas,gaafa yaaddoon nama qabu hirribni nama hin qabu kanaaf akka suufiinillee qorra namarraa kan hin ittifne ta'uutu hubatama.

64. Booyyeen hamuummannaan
Waan na nyaatun se'ee ?
Boossee daguuggannaan
Waan na yaaddun se'ee? (x2)

Afwalaloo armaan olii keessatti hiriyoonni osoo waljaallatanuu erga adda bahanii booda waadaa waliif seenan gaafa irraanfatan waldagachuu isaanii akkasitti ibsatu.Fakkeenyaaf, shamarri heerumtu sun hiriyaa jaallattuun sin dagadhu jettee gaafa heerumtu garuu nama sana yookiin hiriyaa ishee dagachuu dandeessi.Yeroo akkasii bifa walaloo armaan olii kanaan dalaga keessaan ergaa isaanii ibsatu.

### 4.4.6 Gaabbii Agarsiisuuf

65. Yaa bunaa hin daraarin

Siichi buna hin taatuu

Yaa gursee hin maraatin

Siichi durba hin taatuu (x2)

Buufatni afwalalaloo armaan olii gaabbii ibsuuf tajaajila.Innis,akkuma beekamu namoo jijjiirama dhaloota irraa hanga du'anitti jiru si'a lama keessa deebi'amuun akka hin danda'amne nu hubachiisa.Kunis,gurseen yoo akkamuu maraatte durba ta'uu akka isiin hin dandeenyeefi durbis durbummaa isaanii eeggachuu akka qaban nu hubachiisee jira.

66. Booyyeen gad okkolaa

Afaan garbuu godhee

Boohee maalan godhaa

Barri haadarbuuf malee (x2)

Buufatni walaloo armaan olii kun kan agarsiisu gaabbii yeroo ta'u,innis namni gaafa waa yaadee waan sana bira gahuu dadhabu bifa kanaan ergaa isaa dabarsa.

### 4.4.7 Duudhaa Hawaasaa Agarsiisuuf

67. Mana abbaan ijaare ,

Dagalee beekamaa ,

Ilma abbaan abaaree ,

Sagaleet beekamaa (x2)

Buufata afwalalaloo armaan olii kana irraa wanti hubatamu abaarsi ummata oromoo biratti kan hin jaallatamne ta'uusaati.Akkasumas, abbaafi angafoota kabajuun barbaachisaa ta'uu isaa akkaataa hojiin tokko itti hojjetamu kan hawaasa irraa dhaalamaa dhaloota dhufuuf darbu ta'uu isaa nu hubachiisa.

68. Shambaa shambaa goote shurrubbaasii,

Bilaashumaa goote durbummaashii,

Bilaashuma hin goone durbummaa koo,

Waggaa turban eege gowwummaakoo (x2)

Afwalaloo armaan olii irraa kan hubatamu dubarri tokko hagamillee osoo hin eerumin yoo turte durbummaan eerumuun duudhaa hawaasaa biratti beekamuufi kabajamu ta'us, garuu shamarri kun garuu durbummaa ishee kan yeroo dheeraa eegde ta'uufi kana booda dhimma koo miti ergaa jedhu dalaga keessaan ergaa qabdu dabarfachaa jirti.

69. Caatiin haa qaamamuu

Sukkaaraa wajjinii
X ‘n haa shuumamtuu
Y ‘sii wajjinii (x2)

Afwalaloo armaan olii keessatti caatiin hawaasa jimmaa biratti beekamaa ta’uufi gaafa kaadhimannaaf deeman yookiin gaafa mana soddaa deeman caatiin qabatamee kan deemamu ta’uu nutti agarsiisa.

**4.4.8 Jajuuf /Tuffiif**

70. Majaan gaafa hin qabuu
Rabbi itti hin uuminii
An haajaa kee hin qabuu
Of hin sukkuuminii (x2)

Afwalaloon armaan olii kun kan nutti agarsiisu tuffii ta’uu isaati.Kunis, dargaggoonni yeroo bakka garaagaraatii walitti dhufan sirba fakkeessuun keessaan walquuqu, walarrabsuullee akka isaan danda’an nutti agarsiisa.

**4.4.9 Arrabsuuf**

71. Qilxuu boroo kanaa
Osoleet yaabemoo ?
Ijoollettii keenyaa
Mogoleet laafemoo (x2)

Afwalaloo armaan olii kun namoota sirba kana sirbuu didan bifa kanaan arrabsu.Akka sirba yookiin dalaga irratti hirmaataniif wal arrabsanii sirbatti walkakaasu.

72. Kefoo boroo kanaa
Dimbilaala seetee ?
Dhaabbattee nu laaluun
Shillimaata seetee ? (x2)

Akkuma afwalaloo armaan olii inni kunis arrabsoo kan of keessaa qabuudha.Innis, arrabsoo dalagatti walkakaasuuf tajaajilu ta’uu nu hubachiisa.

## 4.5 Dhimmoota Hawaasaa Dhalootaaf Dabarsuu Keessatti

Akkuma beekamu utuu qaroominni barreeffamaa hin jalqabin dura,beekumsi hawaasaa afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa ture hara’as darbaa jira.Bu’uuruma kanaan faayidaan

sirbi fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu kun beekumsa,muuxannoo,haala jiruufi jireenyaa,seenaa,aadaa,duudhaa,barsiifata akaakileefi abaabilee irraa dhaloota dhufuuf dabarsuu keessatti gumaachi isaa maali kan jedhuuf,odhimtoonni MGfi AG'n akkanatti ibsu,"Sirbi fuudhaafi heerumaa kun sirba aadaa hawaasaa ta'ee, kan dhalootaa dhalootatti darbaa tureefi muuxannoo heddu dhaloota darbe irraa dhaloota dhufutti dabarsuudha" jedhu.Akka yaada kana irraa hubatamutti sirbi fuudhaafi heerumaa kun waan bal'aa kan of keessaa qabuufi aadaa,barsiifata,akkaataa uffannaa,akkaataa duraa duuba gochaa kan sirboota kana keessatti argamaniifi bu'aawwan heddu dhalootaaf dabarsuu keessatti faayidaan inni qabu baay'ee olaanaa ta'uu isaati.

Dabalataanis,"aadaan kun calaqqee hawaasaa kanaafi baattuu eenyummaa isaa waan ta'eef qabeenya kana baatee dhaloota dhufuuf dabarsuu keessatti bu'aan sirbi kun qabu guddaadha"jechuun odeeffannoo kennitoonni SA fi AG dubbataniiru.Bifuma walfakkaatuun "Keessumaa safuufi duudhaa hawaasaa baatee dhalootaa dhalootatti dabarsa, walaloon isaa seenaa hawaasaallee of keesssaa qaba "jedhu

Akka fakkeenyaatti odeeffannoo kennaa TG'n walaloon kaasuun yoo ibsanu: "Inni sun maal innii caccabaa qixuutii hin qabin mudhii koo massaaraa michuuti.Akkuma walaloo kana irraa hubannutti shamarri hanga gaafa heerumtuutti durbummaa isheetiif of eeggannoo guddaa taasifti" jedha.Yaanni kun kana agarsiisu ammoo durbi durbummaa isii eerumaan dura gatuun safuufi qaanii guddaadha.Kanaaf,hin qabin mudhii koo jechuun haalaan ofirraa faccifti yookiin ofirraa ittifti.

Walumaagalatti,boqonnaa arfaffaa keessatti odeeffannoofi ragaalee agaman irratti hundaa'uun qabxiileen armaan gadii akkaataa walfakkeenya isaaniitiin bakka tokkotti walitti fiduun qaacceffamanii jiru.

Qabiyyee afwalaloon sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu ofkeessaa qaban; qabiyyee gorsuu, qehee ho'isuu,qeequu, bohaarsuufi bashannansiisuu,faarsuu,safuu hawaasaa ibsuu, aadaafi duudhaa, jaalala, arrabsoo, kan gonfate ta'uun armaan olitti xiinxalameera.

Unkaan ammoo haala qindeeffama barreeffamoonni walcinaa hiriiranii itti ergaa dabarsan ta'uun hubatameera.Akkaataa jechoonni, sararoonni walitti dhufanii bifa raawwii qabuun sagaleefi yeedaloo miidhagaan kan sirbamuudha.Akkaataa walaloon kun itti mana rukutuufi foormii yookaan unkaa armaan gadii akka qabu xiinxalameera.

Afwalaloon sirba fuudhaafi heermaa kun afwalaloo gabaabaafi dheeraa kan of keessaa qabu yoo ta'u.Afwalaloo gabaabaan kan dhihaatu sarara lamaa hanga afurii kan qabuufi bo'oon

tokko birsaga hanga jahaa kan qabuudha.Walaloo dheeraa kan qabu ammoo warra birsaga baay'ee qabaniifi kan bo'oon sararoota isaanii dheeraa ta'e hanga birsaga kudhaniitti kan ofkeessaa qabaniidha. Afwalaloon kunneen unkaa bifa AB-AB, AA-BB, AA-AA, AAAA-BB, AA-BB-CC, AAA-BBB, AA, AAB tiin kan mana rukutaniifi yeroo sagaleeffaman yeedaloo gaarii kan qabaniidha.

Fakkeenyaaf, unkaa armaan olii keessatti unkaa bifa AB-AB buufatni afwalaloo qabu: afwalaloon kun afwalaloo sarara afur qabu, sararri jalqabaa sarara sadaffaa waliin kan mana rukutu yeroo ta'u sararri lammaffaan ammoo sarara arfaffaa waliin kan mana rukute ta'uu nu hubachiisa.

Caasaan haala ijaaramaafi duraa duuba qabiyyee sirbi fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu itti dhihaatuudha.Kunis, akkaataa sirbi kun itti sirbamu haala sagaloonni, birsagoonni, sararoonnifi buufatni walitti dhufuun wal ijaarani hariiroo isaan adaa hawaasaa waliin qaban waliin walitti ijaaramanii dhayinoolee fi yeedaloo isaan uuman walitti fiduun afwalaloon fakkeenyaan fudhatamuu xiinxalameera.

Sirbi fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu ergaawwan gorsuu, qeequu, bohaarsuu, safuu eegsisuu, barsiisuu, aadaafi duudhaa ofkeessaa qaba.Sirbi kun dhimmoota hawaasaa, seenaa, aadaa, barsiifata, muuxannoo jiruufi jireenyaa, haala diinadgee, siyaasaa kaleessa ture bifa walalootiin akka hin dagatamneef kuusee dhaloota dhufu biraan gahuuf gumaachi isaa olaanaadha.

# BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

## 5.1 Goolaba

Qorannoon kun mataduree “xiinxala unkaafi ergaa walaloo sirba fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuudhuu”Godina Jimmaa aanaa Qarsaa irratti kan xiyyeeffatu yeroo ta’u,kaayyoon isaa qabiyyee sirba fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuudhuu adda baasuu,unkaafi caasaa akkasumas,ergaa akkamii akka qabuufi dhimmoota hawaasaa kan akka diinagdee,barsiifataa,aadaa,safuufi walumaagalatti haala jiruufi jireenyaa dhaloota dhufuuf dabarsuu irratti faayidaa akkamii qaba isa jedhu adda baasuu irratti kan xiyyeeffatuudha.

Sirbi fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu kun sirba aadaa hawaasa godina Jimmaa aanaa Qarsaa biratti baay’ee beekamaa kan ta’eefi guyyaan cidhaa gahuuf torban tokko yeroo hafu kan taphatamuu eegalu ta’uun isaa hubatameera.

Gosti qorannoo kanaa qorannoo ibsaa yommuu ta’u,odeeffannoo sassaabuuf ammoo meeshaaleen dhimma itti bahame afgaaffii fi daawwiidha.Tooftaa iddattoo miti carraa (akkayyoo)tti fayyadamuun qorataan namoota filataman (dargaggeeyyii, jaarsolii) namoota waahee mataduree kana irratti beekumsaa qaban irraa odeeffannoowwan walitti qabuun odeeffannoowwan argaman gadi fageenyaan xiinxalameera.Dabalataanis,odeeffannoo daawwiin argameefi sagalee waraabame irra deebi’amee dhaggeeffatamuun qaacceffameera.

Qabiyyeen sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu waan baay’ee of keessaa qaba.Kunis kan hubatamu yaada waliigalaa walaloo sirba fuudhaafi heerumaa irraa kan hubatamuudha.Dhimmoonni qabiyyee walaloo kana keessatti argamaniifi hiika isaa irratti dhiibbaa geessisuu danda’an haala qindeeffama walii galaa (caasaa), unkaa, ergaafi malleen dubbii afwalaloon sun ittiin dhihaateedha.

Sirbi fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuuchuu qabiyyeewwan adda addaa of keessaaqaba.Isaanis:qabiyyeewwan barsiisuun walqabatan,qabiyyeewwan gorsuun wal qabatan,ergaa garaagaraa hiriyoota irraa karaa ittiin simatanu,qabiyyee aadaafi duudhaa barsiisuu,safuu,akkasumas barsiifata walumaagalatti jiruufi jireenya keessatti wantoota barbaachisan kan of keessatti hammateedha.

Unkaan ammoo haala qindeeffama barreeffamoonni walcinaa hiriiranii itti ergaa dabarsan ta’uun hubatameera.Akkaataa jechoonni, sararoonni walitti dhufanii bifa raawwii qabuun sagaleefi yeedaloo miidhagaan kan sirbamuudha.Akkaataa walaloon kun itti mana rukutuufi foormii yookaan unkaa armaan gadii akka qabu xiinxalameera.

Afwalaloon sirbaa kun walaloo gabaabaafi dheeraa of keessaa qabu ta'u.Afwalaloo gabaabaan kan dhihaatu sarara lamaa hanga afurii kan qabuufi bo'oon tokko birsaga hanga jahaa kan qabuudha.Walaloo dheeraa kan qabu ammoo warra birsaga baay'ee qabaniifi kan bo'oon sararoota isaanii dheeraa hanga birsaga kudhaniitti kan ofkeessaa qabaniidha. Afwalaloon kunneen unkaa bifa AB-AB, AA-BB, AA-AA, AAAA-BB,AA-BB-CC, AAA-BBB,AA,AAB tiin kan mana rukutaniifi yeroo sagaleeffaman yeedaloo gaarii kan qabaniidha.

Caasaan haala ijaaramaafi duraa duuba qabiyyee sirbi fuudhaafi heerumaa ittiin dhihaatuudha.Caasaan haala jechoonni walitti dhufanii sararoota afwalaloo uuman, haala walqixxummaa sararootaa, hariiroo dhayinoo (rhyme) fi yeedaloo gidduu jiruufi amaloota kanaan wal qabatan kan ilaaluudha.

## 5.2 Argannoo

Raawwii qorannoo kanaa irraa qorataan argannoowwan armaan gadii bira gaheera.

- ❖ Sirbi fuudhaafi heerumaa qabiyyeewwn akka ijaarsaa (composition),qabiyyeewwan gama ergaa kan of keessaa qabu ta'uun isaa bira gahameera.Qabiyyeewwan sirba fuudhaafi heerumaa kunis:gorsuu,bohaarsuu,qeequu,jajuu,arrabsuu,bareedina yookaan fokkisina  kan qabu ta'uun bira gahameera.
- ❖ Afwalaloon isaa karaa lamaan kan dhihaatu yoo ta'u,innis, bifa wlaloo gaggabaabaafi walaloo dheeraa yookiin bifa shiiriitiin kan dhihaatuudha.Bifa afwalaloo gabaabaan kan dhihaatu sarara lamaa hanga sarara afurii kan qabu yoo ta'u,birsagni isaa ammoo hanga birsaga torbaa kan gahuudha.Bifa afwalaloo dheeraan (shiiriitiin) kan dhihaatu hanga sarara torbaa kan ofkeessaa qabuufi birsaga ammoo hanga birsaga kudhanii kan qabu ta'uun bira gahameera.
- ❖ Walumaagalatti, afwalaloon dalagaa unkaa bifa ABAB, AA, AABB, AAAA, AAAABB, AABBCC, AAABBB, AAB,tiin kan mana rukutu ta'uu bira gahameera.
- ❖ Sirbi fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuudhuu (dalagni) caasaalee akka sagalee, birsagaa, jechootaa, gaaleefi ciroo akkasumas yeedaloo kan of keessaa qabu ta'uun bira gahameera.Gosoonni sirba fuudhaafi heerumaa (dalagnaa) akkaataa sochii qaamaafi yeedaloo irratti hundaa'uun oltumee, gattumeefi dalga yookiin gurmuu irratti kan taphatamu ta'uu bira gahameera.
- ❖ Ergaa gorsuu,gammachiisuu, bohaarsuu, miidhagina ibsuu, gaabbii, arrabsuu,yaaddoo ibsuufi kana fakkaatan kan ofkeessaa qabu ta'uun isaa hubatameera.

- Dhimmoota hawaasa tookkoo aadaafi duudhaa, barsiifataafi walumaagalatti, haala jiruufi jireenyaa akaakileefi abaabilee irraa dhaalamaa dhufe walaloo kanaan baatamee dhaloota dhufuuf dabarsuu keessatti gumaachi inni qabu olaanaa akka ta’e qorannoo kanaan bira gahameera.

## 5.3 Yaada Furmaataa

- Sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu sirba aadaa boonsaa, calaqqee, seenaafi baattuu aadaa hawaasaa kan ta’eefi yeroo ammaa kana gara baduutti deemaa waan jiruuf abbootiin dhalootn hammaa qabatamaan akka itti fayyadamaniif ijoollee /daa’imman/ isaanii utuu barsiisanii gaariidha.
- Qorannoon gahaan waan irratti hin adeemsifamneef qorannoon gama adda addaan utuu irratti adeemsifamee; keessumaa aanaalee godina jimmaa garaagaraa fudhachuun tokkummaafi garaagarummaa walaloon kun qabu utuu agarsiifamee gaariidha.
- Dargaggoonniifi shamarran karaa aadaa abbootii isaaniitiin haasa’atanii walfuuchuun sirba fuudhaafi heerumaa/dalaga/ kanatti fayyadamuun gahee isaanii utuu bahatanii gaariidha
- Waajjirri aadaafi tuurizimii sirba aadaa fuudhaafi heerumaa kana walaloo isaa walitti qabuun, viidiyoo waraabuun utuu olkaa’anii gaariidha.

## Wabiilee


Abrahams, M.H, (1981). *A Dictionary of Literary Terms*: New York, Holt, Rinchart and Wrnston.

Addunyaa Barkeessaa.( 2014). *Seemmo*: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo. Maxxansa2ffaa, Finfinnee,Far East Trading plc.

Agu, D.C.C.(1989).*The influence of Technology on music creativity and performance in present day Nigeria*:College of Education Eha-Amufu.

Akporobaro, F.B.O. (2012).*Introduction African Oral Litrature*: Lagos, Princeton publishing Company.

Alamituu Olii. (2012).*Ogbarruun Afaan Barsiisuu*.Jimmaa: Oromiyaa.

Alamaayyo Hayileefi kanneen biro.(2006).*Seenaa Oromoo hanga Jaarraa 16ffaa* Finfinnee: Komishinii Aadaafi Tuurizimii Oromiyaatii Kan Maxxanfame.

Alembi, (2002).*The Conistruction of the Abanyole Perceptionss on Death Through Oral Funeral poetry* : (PhD Dissertation).Helsink.Helsink University.

Bauman, et al, (1972).*Toward New Perspectives in Folklore:* Austen: University of Texas Press,1972.

Biraanuu Maatiwoos (2009).*Fundamentals of Litrature*: Abasic Text Book for Course Fundumentals of literature 2nd Edition Addis Ababa printed by Alpha printers Plc.

Bukenya, Austin.et al. (1994).*Understanding Oral Literature*.Nairobi: Nairobi University Press.

Ben Amos.(1979).*Toward Definition of Folklore in Contex t*: South Asian publishers Ltd.New Dechi.

Darajjee Fufaa. (2013). *Analysis of creativity and creative context in oral poetry*, Journal of Languge and culture (v.4, pp.1-9): Jimma University, Ethiopia.

David H. O. and etal.(2000). *Marriages and Familes* (3rd ed) : New York,Kennethkin. Printing press.

Deebisaa Bayyanaa (2019*) Bifiyyee, Caasaafi Qabiyyee Afwalaloo Oromoo:* (Volume I): Finfinnee: Yididiyaa.

Dodsworth H.G. (2007).*The Nature of Folk Song:* origions and Tranismisions: Oxyford University press.

Dorson, R. (1972).*Folklore and Foklife*: an Introduction. Chicago: the University of Chicago and London.

Dundes, A. (1965).*The Study of Folklore.* Berkeley: Prentice-Hall, Inc.

Encyclopedia Britanic.(1993). *Vol 19 Chicago*: Encyclopedia Britanic Inc.

Enongene, M (2018,).*African Oral Litrature and Humanities* (p.2): Walter Sisulu University,Nelson Mandella Drive Cumpus, South Africa.

Eshete Gemeda. (2007). *African Socity and Egalitarian Values*: Oromo Folklore Literature and Caltural Studies in a Contemporary Context, PhD Thesis, Syddansk University.

Fekade, Azeze. (1998).*Unheard voices*: Drought, famine and God in Ethiopia oral poetry. Addis Ababa,Addis Ababa University Press.

Finnegan R. (1970). *Oral Poetry*: *Its Nature and Significance and social context*, Cambridge, University Press.

Finnegan R. (1976). *Oral Litrature in Africa*: Cambridge: University Press.

Gemechu Bekele.(2003). *A study of Major Themes in Game Selected Songsof Ilfinesh* Keno: Unpublished MA Thesis, Addis Abeba University.

Georges, R.A and Jones, M.O (1995) *Folklorstic*: An introduction, Bloomington and Indianapolis, Indiana University Press.

Girmaa Taaddasaa (2009).Qaaccessa Faaruu Shimalaa Dhiichisa Salaalee keessatti:waraqaa qorannoo MA kan hin maxxanfamne.

Habtaamuu Moosisaa .(2011). *Qaaccessa itti fayyadama afaaniifi qabiyyee Geelloo*: Godina Wallagga Lixaa aanaa Baabboo Gambeel,waraqaa qorannoo MA.Kan hin Maxxanfamne.

Irreessoo Nagarii.(2006).*Eertuu* :Caasseffama AfaanOromoo kutaa 9fi10 Dhaabbata Maxxansiisaa Kuraaz Internaashinaalii Finfinnee.

Lalisaa.(2010).*Qaaccessa weedduu dhiichisa Oromoo*: Godina Shawaa kaabaa aanaa Yaayyaa Gulallee.waraqaa qorannoo MA.Kan hin maxxanfamne.

Mazany, M. (20014).*Structural Analysis of William Shakpear's Sonnet XVII*:Doctorinal Thesis,State Islamic University.

Miruka .O.(1994).*Encounter with oral litrature*:Nirobi East Africa Educational publisher.Ltd.

Misganu Gulummaa.(2011). *Dilbii bu'uura* Afoola:Og-afaaniifi Af-walaloo Oromoo. Finfinnee subi printing press.

Nzwi, (2003) *Acquring knowledge of the musicial art in traditional society* :Anri Hrbst, Meki, Nzwi and kofi Agawu (Eds) musical arts in Africa, theory, practice, Education 13-37.University of south Africa, Unisa press.

Okpewho, Isidore.(1992). *Africa Oral literature*: *Back ground, character and continuity Bloomington and Indianapolis.*Indian University press.

Oring Elliot. (1986*).Folk Group and Folklore Geners.An Introdiuction*.Longnam.Uthah

University Press

Proop,V. ( 1968 ). *Morphology of the Folktale*. Austin: University of Texas.

Qaasim Galatoo. (2008). *Qaaccessa qabiyyee weedduu aadaa fuudhaafi heeruma Oromoo*: Arsii Lixaa. Waraqaa qorannoo MA. kan hin maxxanfamne.

Rabbirraa Tafarraa. (2012*).Gadaa*: Caasluga Afaan Oromoo. Finfinnee Oromiyaa.

Rushika, G.(2017).*Oral litrature, its significance and Analysis*:International Journal of English Language, Litrature and Translation Studeis.(vol.4,p.529,2395-2628,doi.

Sabsibee Geetaahun.(2013). *Qaaccessa qabiyyeefi gosoota Shaggooyyee*: Godina Harargee Bahaa waraqaa qorannoo MA.Kan hin maxxanfamne.

Seefuu Gaaddisaa.(2008). *Xiinxala ergaa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa* Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo,Waraqaa qorannoo MA.kan hin maxxanfamne.

Sims, M. C. and Stephens, M. (2005). *Living folklore*: An introduction to the study of People and their traditions. London: Utah State University Press.

Shuumee Daamxoo.(2007).*Qaaccessa Fayidaa Arrabsoo Naqatanii Fuudhuu:* Godina Horro Guduruu Wallaggaa haala aanaa Amuruu.Waraqaa qorannoo MA. Kan hin Maxxanfamne.

Warquu Dachaasaa.(2001). *Wiirtuu Jildii- 9. Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo.* Finfinnee: Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa.

Wasanee Bashaa. (2008).*Bantuu Haaraa: Caas-Lugaa fi Ogbarruu Afaan Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa.

Zawudee fi kaawwan.(2001).*Wiirtuu:*Jildii 9ffaa Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo,Gumii Qormaata Afaan Oromootiin Biiroo Aadaafi Tuurizimii Finfinnee: Oromiyaa.

## Dabalee A: Gaaffiifi Cheekliistii Afgaaffii

### Seensa

Afgaaffiin kun kan qophaa'e Xiinxala Afwalaloo Sirba fuudhaafi heeruma kaadimatanii fuudhuu (dalagaa) kan Godina Jimmaa aanaa Qarsaa yeroo ta'u, sirbi yookiin dalagni kun qabiyyee akkamii akka of keessaa qabu, unkaa akkamii akka of keessaa qabuufi dalagni kun faayidaa akkamii hawaasa kanaaf akka kennu irratti kan xiyyeeffatuudha.

Kanaaf kabajamoo yaada kennitootaa,yaanni isin kennitan milkaa'ina qorannoo kanaatiif gumaacha guddaa qaba.Dabalataanis,dagaagina aadaa fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu ummata Oromootiifi keessumattuu dagaagina aadaa hawaasa aanaa Qarsaatiif iddoo olaanaa qaba.Kana males,sirba fuudhaafi heerumaa hawaasa kana biratti iddoo guddaa qabu kan afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa ture akka barreeffamatti jijjiiramuun akka hin banneef gurmeessanii olkaa'uun murteessaadha.Bifuma kanaan qorataan isin odeeffannoo kennitoota kana odeeffannoo namoota irraa argateen sirba yookiin dalaga kana sirriitti kan beektan ta'uu keessan hubatee isin filatee jira.Kanaafuu,sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu kana ilaalchisee gaaffilee qorataan afaaniin isin gaafatu irratti yaadaafi beekumsa keessan akka kennitanu kabajaan isin gaafata.

**I. Odeeffannoo Waliigalaa Odeeffannoo Kennitootaa**

1. Maqaa_______________________________________saala ____umurii______
2. Sadarkaa barnootaa _______________________________________________
3. Aanaa Qarsaa Ganda ____________________ garee misoomaa ______________
4. Gosa hojii ____________________________lakk._______________________
5. Dheerina daqiiqaa yeroo afgaaffii ____________________________________
6. Guyyaa ________________________________________________________

## II. Odeeffannoo Qorannichaa

**Gaaffilee itti aananuuf yaada keessan afaaniin kennaa**

1. Qabiyyeewwan sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu (dalaga) Godina Jimmaa maali?
2. Unkaan walaloo sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu godina Jimmaa maal fakkaata?
3. Sirbi fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu (dalagni) kun caasaa akkamii qaba ?
4. Ergaawwan sirba fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu (dalagaa) maalfaadha?
5. Sirbi fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuudhuu dhimmoota hawaasa tokkoo( diinagdee, aadaa, haala jiruufi jireenyaa safuu, naamuusa, barsiifataafi kanneen kana fakkaatan) dhalootaaf ceesisuu keessatti faayidaalee akkamii qaba?

**Maqaa Odhimtootaa Afgaaffiif Odeeffannoo Kennanii**

| T/l | Maqaa odhimtootaa | saala | umurii | Koodii addaa | Gosa Hojii | Ganda | Guyyaa | Dheerina yeroo |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Abbaa Nagaa A/Garoo | dhi | 45 | AN | Q/bulaa | K/goraa | | Sa'atii 1 |
| 2 | Tijjaanii A/Gumbul | dhi | 40 | TA | Q/bulaa | K/goraa | | Sa'atii 1 |
| 3 | Adnaan Jamaal | Dhi | 35 | AJ | Q/bulaa | K/goraa | | Sa'atii 1 |
| 4 | Daawuud Ibraahim | Dhi | 40 | DI | Q/bulaa | K/goraa | | Sa'atii 1 |
| 5 | Mahamasani A/Gumbul | Dhi | 47 | MA | Q/bulaa | K/Goraa | | Sa'atii 1 |
| 6 | Naimaa Ahimad | Du | 25 | NA | Q/bulaa | K/goraa | | Sa'atii 1 |
| 7 | Fadiilaa A/duraa | Du | 35 | FA | Q/bultuu | K/goraa | | Daq.30 |
| 8 | Mahammad A/goojjam | Dhi | 41 | MG | Q/bulaa | k/goraa | | Daq.35 |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 9 | Faatii A/jiaad | Dhi | 28 | FJ | Q/bulaa | K/goraa | | Sa'atii 1 |
| 10 | Jamaal A/firaa | Dhi | 30 | JA | Q/bulaa | K/goraa | | Daq.40 |
| 11 | A/jihaad A/buguu | Dhi | 47 | HN | Q/bulaa | Girmaa | | Sa'atii 1 |
| 12 | Naimaa A/Firaa | Du | 26 | NF | Daldaltuu | Girmaa | | Daq.40 |
| 13 | Asnaa A/raayyaa | Du | 26 | AR | Barsiiftu | K/Goraa | | Sa'atii 1 |
| 14 | Fariidaa Muzammil | Du | 28 | FM | Barsiiftuu | Girmaa | | Sa'atii 1 |
| 15 | Hindiyyaa Mahammad | Du | 25 | HM | - | G/sariitii | | Daq.50 |
| 16 | Hindii Abdulaxiif | Du | 35 | HA | Barsiiftuu | Girmaa | | Daq.40 |
| 17 | Saalihaa Aliyyii | Du | 26 | SA | - | Girmaa | | Sa'atii 1 |
| 18 | Ramlaa A/biyyaa | Du | 26 | RA | Barsiiftuu | G/sariitii | | Daq.30 |
| 19 | H/Jamaa A/goojjam | Dhi | 55 | HA | Q/bulaa | Girmaa | | Sa'atii 1 |
| 20 | Tawaddee Abdoo | Du | 26 | TA | Q/bulaa | Girmaa | | Da.30 |

## Dabalee B: Afwalaloo Sirba Fuudhaafi Heerumaa

**Gorsuuf**

(1) Jettee jettee namaa hin fudhatinii,
Utuu dhuftee narraa hin hubatinii,
Utuu dhuftee narraa hin hubatinii,
Duudaa garaa narraa hin muratinii,

(2) Yoo mana ijaarratan,
Daarii somboo wayyaa,
Yoo nama jaallatan,
Gaarii tokko wayyaa (2)

(3) Sigaaraa hin xuuxinii ,
Baakkoon shilingiidhaa,
Hunda hin jaallatanii,
Booddeen shiggiriidha,

**Qehee ho'isuuf**

(4) Dallaan ijaaramtee ,
Dirribaa dirribaa,
Maashoo dhufaan jiraa,
Hin rafin hirribaa,.

**Safuu hawaasaa ibsuuf**

(5) Bishaan tabbaa burquu
Burqi yaa taliilee
Abbaan durbaa hin sirbuu
Sirbi yaa wasiilee (x2)

(6) Bunni diimaan kiiloon meeqa baase ?
Yaa manguddoo siinoo keessan baasee

**Qeequuf**

(7) Garbuu hin facaasinaa
Yoo boqqolloo malee
Jaarsa hin jaallatinaa
Yoo waddalloo malee (x2)

.

(8) Tuufoon tokko jiraa
Tuufoon keelloo caaluu
Suubboon tokko jiraa
Suubboon qeerroo caalu

**Addaan bahiinsa**

(9) Yaa mucattii mataan dugda keessaa,
Si duukaan galamoo sin gaggeessaa ?
Na duukaa hin galinii na gaggeessii,
Azal booddee jiraa of jabeessii (x2)

(10) Askiraa yaabbattee
Gabaan yoomihinjettuu
Kambiraa baafattee
Nagaan ooli hin jettuu (x2)

(11) Gibee guutuu hin dinnee
Daaktuun na ceesisee
An siyaaduu hin dinnee
Giddiin na teessisee (x2)

**Arrabsuuf**

(12) Qamadii tumuun kee
Eenyuun daaksisuufi ?
Ija babaasuun kee
Eenyuun daaffisuufi ? (x2)

(13) Majaan gaafa hinqabuu
Rabbittin uuminii
An haajaakee hin qabuu
Ofhinsukkuuminii

**Jaalala agarsiisuuf**

(14) Ijaarrachuuf malee
Dur muka muraaree?
Si jaalladheef malee
Dur taa'aan bulaaree ?

15.Jaalalli kee isiin kanaan duraa
Hiitee na fannifte akka gaaguraa
Gaagurrillee teessee damma taatee
Keenya bara baraan haaraa taati (x2)

16.Ansoolaan na marii
Na geessi duuba kee
Badaa na mararee
Bareenni fuula kee

17. Wayyoon Ashaamaamee!
Wallaggaatti aduudhaa
Yoo gadi buunes maali ?
Waldhabnaan baduudhaa
Yoo walfuunes maalii

18. Yaa mucattii magaala kuulanii
Utuu abaabbaliidhaan fuudhanii
Haasa'adhee fuuchuuf lafti gannaa
Barrii boroo bani wajjin bananaa(x2)

19. Yaa mucattii mataan dugda keessaa,
Si duukaan galamoo sin gaggeessaa ?
Na duukaa hin galinii na gaggeessii,
Azal booddee jiraa of jabeessii (x2)

20. Ababbaa yaa dahee,
Duwaa'ii naaf kadhaa,
Mucaa sana fuudheen,
Niyyaa koo guuttadhaa (x2)

21. Abbaan kee amaaraa,
Yaa mooticha maaruu,
Afaan kee sukkaaraa,
Kan soogidda caaluu (x2)

23.Hanqaaquu naa dhaabii,
Distii isii bicuutti,
Nagaa natti dhaamii,
Miskuu isii bicuuttii,(x2)

25. Qabeen konkolaattee ,
Yoo aannan qabaatte,
Abshir wal hin dhabnuu,
Yoo haala qabaatte (x2)
26. Uleen qalloon baddeessaarraa lootee,
Dhaggeeffadhaa waan maashoon nagootee,
Dhaggeeffadhaa waan maashoon nagootee,
Maddii lamaan burtukaana gootee,
Qaxarookoo bilaashumaa gootee,
27. Utuun si jaalladhuu na jibbitee ,
Akka waan asmaahii liqimsitee,
Yoo asmaahii ta'eef natti haa darbuu,
Yoo jibbaa koo ta'eef rabbi haa arguu (x2)
28 .Assalaamaaleyikum Aliimatuu ,
Bunnii maannaa fiixeen haa diimatuu,
Bunnii maannaa fiixeen haa diimatuu,
Walfudhannee bannaa aniiif atuu,
Bunni maannaa kiiloon meeqa baasee ?
Yaa manguddoo seenoo keessan baasee
30. Na dhukkubaa kottuu nagaafadhuu,
Biddeena ija lama sukkuummadhuu,
Biddeenni ijji lama qubnagaraa,
Abbaa manaa keetii fungaa kaa,
Abbaan manaa kootii fungaa mitii ,
Na birattarrabsuun seeraa mitii,
31. Hinjaallannee akkana siin jechuu ,
Gubaannatti jabaate yaa michuu,
Sijaallataa ayibii sirrankaa'uu,
Siin waldhabee biyya kantaa'uu,
32. Magaalleeniif diimtuun jarrii lachuu,
Maaliif barrii qabanii dhaabbachuun ?
Maaliif barrii qabanii dhaabbachuun ?
Imimmaan jaalalaa lolaafachuun,
Imimmaan jaalalaa yaa gubaasaa,

Namni namaanbeeku akkaataasaa,

33. Dhiisi hinwayyuu lakkii dhiisi hinwayyuu,

Jaalalli kee natti kaase bowwuu,

34. Guraamalee athalkan hindhuftuu guyaa malee,

Athalkan hindhuftuu guyyaa malee,

Kee qabbanninjiruu gubaa malee,

35. Yaamucattii magaala kuulanii,

Utuu abaabbaliin si fuudhanii,

Haasa'adhee fuuuchuuf lafti gannaa,

Barrii boroo banii wajjin bannaa,

36. Ababbaanis hingeenye jedhanii

Imammaanis hingeenye jedhanii,

Hingeenyeekoo maalitti beekanii,

Taa'ee harrii baasuukoo eeganii,

37. Kan ababbaa beeka qoppoosaanii,

Itti gubeen deemaa godoosaanii,

Kan immammaas beekaa qoppoosaanii,

Garagalcheen deemaa bukoosaanii

38. Salaaleen loonyaasee

Cuffachiisa qarmii,

Magaallee koon yaadee

Dhungachiisa maddii/,

39. Loon Agaloo beerruu,

Ku saayee dheedanii,

Waanan jedhe hin beekuu

Sirraa na eeganii, (x2)

40. Salaaleen loon yaasee ,

Cuffachiisa qarmii,

Magaallee koon yaadee,

Dhungachiisa maddii (x2)

41. Ka'ii gaara baanaa

Xaaqiyyaa dhoofsisuu

Nusoo maashoo qabnaa

Maaliif nu doorsisuu ?(x2

42. Ababbaa yaa dahee,
Duwaa'ii naaf kadhaa,
Mucaa sana fuudheen,
Niyyaa koo guuttadhaa (x2)

43. Salaaleen loon yaasee ,
Cuffachiisa qarmii,
Magaallee koon yaadee,
Dhungachiisa maddii (x2)

44. Loon Agaloo beerruu,
Kusaayee dheedanii,
Waanan jedhe himbeekuu,
Sirraa na eeganii.

45. Yoo mana ijaarratan ,
Daarii somboo wayyaa,
Yoo nama jaallatan,
Gaarii tokko wayyaa (x2)

46. Cabsi siinittii kee,
Isii bunaan dhugduu,
Galchi niitittii kee,
Isii guyyaa mugduu (x2)

47. Hin cabsu siiniikoo
Nan hodhadhaa malee
Hin galchu niitii koo
Nan gorfadha malee (x2)

48. Buna hammaatii mannaa ,
Aggoo durii wayyaa,
Durba hammaatii manna,
Gursee durii wayyaa, (x2)

49. Qilxuu boroo kanaa
Osoleet yaabemoo
Ijoollettii keenyaa
Mogoleet laafemoo (x2)

50. Buttoo lafa xaafii
Asaangirrii nyaatee

Ilmoo namaa gaarii
Gabaabinnii nyaatee (x2)

51. Dhagaa buqqisanii ,
Walhammachiisanii,
Ajaa dubbisanii,
Of arrabsiisanii (x2)

52. Jarri buna dhaabdan
Gadi hin fageessinaa
Jarri durba qabdan
Gatii hin jabeessinaa (x2)

53. Yaa mucattii mataan dugda keessaa,
Siduukaan galamoo singaggeessaa ?
Na duukaa hin galinii na gaggeessii,
Azal booddee jiraa of jabeessii (x2)

54. Abbaan kee amaaraa
Yaa mooticha maaruu
Afaan kee sukkaaraa
Kan soogidda caaluu (x2)

55. Abbaa maccattiikoo
Baqaqsituu surree
Dhufte ijoolleen keenyaa
Maraachituun kun yee!! (x2)

56. Asiin gadi buutee
Karaa Makkanniisaa
Afaan dammee gootee
Akka ilmaan kanniisaa (x2)

57. Ijji bunaa lamaa ,
Kan harbuu jaatamaa,
Garaan wal jaallatuu,
Wal arguuf raafama (x2)

58. Wantan sarboo dhaquuf
Safara shunkurtaa
Wantan qalbii dhabuuf
Magaala shurrubbaa (x2)

59. Yaa Kamisee Limmuu,
Biqiltuu gaatiraa,
Yaa jaalala michuu,
Ha caaltu kan biraa (x2)

60. Shaggar baana hin seenee
Shaggar banee kunoo
Gargar baana hin seenee
Gargar banee kunoo (x2)

61. Walirraa fagaannee
Hamma sharqiif garbii
Walittuu deebinaa
Gaafa guyyaa rabbii (x2)

62. Hin jaallannee akkana siin jechuu
gubaannattii jabaate yaa michuu ( x2)

63. Guggubadhee gubaasa hin beekamnee ,
kan aaliin koo argee nan dheekkamnee,
Halkan suufiin dhibbaa nama hin bulchuu ,

64. Booyyeen hamuummannaan
Waan na nyaatun se'ee ?
Boossee daguuggannaan
Waan na yaaddun se'ee? (x2)

65. Yaa bunaa hin daraarin
Siichi buna hin taatuu
Yaa gursee hin maraatin
Siichi durba hin taatuu (x2)

66. Booyyeen gad okkolaa
Afaan garbuu godhee
Boohee maalan godhaa
Barri haadarbuuf malee (x2)

67. Mana abbaan ijaare ,
Dagalee beekamaa ,
Ilma abbaan abaaree ,
Sagaleet beekamaa (x2)

68. Shambaa shambaa goote shurrubbaasii,

Bilaashumaa goote durbummaashii,

Bilaashuma hin goone durbummaa koo,

Waggaa turban eege gowwummaakoo (x2)

69. Caatiin haa qaamamuu

Sukkaaraa wajjinii

X 'n haa shuumamtuu

Y 'sii wajjinii (x2).

70. Majaan gaafa hin qabuu

Rabbi itti hin uuminii

An haajaa kee hin qabuu

Of hin sukkuuminii (x2)

71. Qilxuu boroo kanaa

Osoleet yaabemoo ?

Ijoollettii keenyaa

Mogoleet laafemoo (x2)

72. Kefoo boroo kanaa

Dimbilaala seetee ?

Dhaabbattee nu laaluun

Shillimaata seetee?  (x2)

## Dabalee C: Ibsa suuraalee

Suuraaleen odeeffannoo kennitootaa akka armaan gadiitti taa'eera.Gaafannoo gaafa guyyaa 20/9/2014 Adnaan Jamaal waliin









Guyyaa 29/8/2014 afgaaffii fudhatame Mahammad Goojjam waliin





Daawwii gaafa guyyaa 28/8/2014 Ganda kaarra Goraatti sirna fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu irratti argamuun suuraa fudhatame.



Daawwii gaafa guyyaa 28/8/2014 sirna fuudhaafi heeruma kaadhimatanii fuuchuu irratti argamuun suuraa fudhatame.

Suuraa yeroo misiroon gaggeeffamtu 28/8/2014 mana warra hintalaa







Daawwannaa gaafa guyyaa 15/8/2014 ganda k/goraatti bakka cidhaatti argamuun yeroo mariin gammachuu dhaggeessisuuf gara maatii hin talaa deemuun sirban kan agarsiisu.